

Inistiitiyuutii Leenjii Fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa



**Fooyya'iinsa Seera Daldalaa Harawaan Dhaabbilee Daldalaa Irratti
Taasifaman**

Moojulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabaaf Qophaa'e

Qopheessan

Haashim Tunaa(LLB,LLM)

Gulaaltoonni

Xaafaa Dachaasa(LLB,LLM)

Habtaamuu Bulti(LLB,LLM)

Sulxaan Abdoo(LLB,LLM)

Adaamaa-ILQSO

Eebla, 2015

Baafata

Mata Duree	Fuula
Seensa Waliigalaa.....	7
Boqonnaa Tokkoo- Seera Daldalaa Harawaa ; Yaada Waliigalaa.....	10
Seensa.....	10
1.1 Seenaa Seera Daldalaa fi Dhaabbilee Daldalaa.....	12
1.2 Kaayyoo Seera Daldalaa.....	14
1.3 Sababoota Seera Daldalaa bara 1960 akka Fooyya'uu Taasisan	15
1.4 Maddoota Seera Daldalaa Foyyeessuuf Akka Muxxannotti Ilallaman.....	20
Gaaffilee Marii	
Boqonnaa Lama- Dhaabbilee Daldalaa(Business Organizations).....	22
Seensa.....	22
2.1 Dhaabbilee Daldalaa: Yaada waliigalaa	23
2.2 Malummaa fi Akakkuwwaan Dhaabbilee Daldalaa	26
2.3 Amaloota Dhaabbilee Daldalaa.....	29
Gaaffilee Marii	
Boqonnaa Sadii- Waldaalee Michummaa (Partnership).....	32
Seensa.....	32
3.1 Amaloota Bu'uura Waldaalee Michummaa.....	33

3.2 Gosoota Waldaalee Michummaa.....	35
i. Waldaa Michummaa Gamtaa (General Partnership).....	37
ii.Waldaa Michummaa Itti Gaafatatummaa Gos-Lammee (Limited partnership) ,40	
iii.Waldaa Michummaa Itti Gaafatatummaan isaa Murtaa'e (Limited liability partnership).....	40
iv. Waldaa Keessaa Bekkeetti(Joint Venture).....	43
 Gaaffilee Marii	
Boqonnaa Afur- Waldalee Aksiyoonaa(Companies).....	46
Seensa.....	46
4.1. Malummaa Waldaa Aksiyoonaa.....	48
4.2.Amaloota Waldaa Aksiyoonaa.....	49
4.3.Adeemsa Hundeeffama Waldaa Aksiyoona (Share Company).....	52
4.4.Shooraa fi Itti gaafatatummaa Gurmeessitoota fi Hundeessiitoota.....	55
4.5.Maalummaa fi Dabarsa Aksiyoonaa.....	57
4.5.1.Akaakuu Aksiyoonaa.....	58
4.5.2.Dabarsa Aksiyoonaa Waldaa Aksiyoonaa Keessatti.....	59
4.6.Hooggansa Waldaa Aksiyoonaa	61
i. Boordii Dayirekterootaa.....	63
a.Gurmaa'insa Boordii Daayirektarootaa.....	63
b.Muudama, Yeroo Turmaata fi Hojiirraa Ka'uu Daayirektarootaa.....	65

c.Kaffaltii Hojii Daayirektarootaa.....	68
d.Aangoo Daayirektarootaa.....	68
e.Dirqama Daayirektarootaa.....	70
4.8. Itti gaafatamummaa Daayirektarootaa.....	73
4.9. Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa(General Manager) fi Barreesituu (Secretary).....	80
4.10.Boordii To'attootaa(Supervisory Board).....	80
4.11 Odiitera.....	82
4.12. Yaa'ii Abbootii Aksiyoonaa.....	87
4.12.1. Sirna Waamicha Yaa'ii Abbootii Aksiyoonaa.....	89
4.12.2. Sirni Beeksisaa fi Mala Waamichaa Yaa'ii.....	93
4.12.3. Sirna Gaggeessa Yaa'ii.....	96
4.12.4. Murtii Yaa'ii Mormuu.....	97
Gaaffilee Marii	
Boqonnaa Shan ;Waldaa Dhuunfaa IGM(Itti gaafatamummaan Isaa Murtaa'e)(Pivate Limited Company).....	100
Seensa.....	100
5.1.Amaloota Waliigalaa IGM.....	100
5.2.Adeemsa Hundeeffama Waldaa Dhuunfaa IGM.,,,,,,,,,,,.....	102
5.3.Dabarsa Aksiyoonaa Waldaa Dhuunfaa IGM... ,,,,,,,,,,,.....	103
5.4.Hojii Gaggeessitoota Waldaa Dhuunfaa IGM.,,,,,,,,,,,.....	106

5.5.Yaa'ii Abbootii Aksiyoonaa Waldaa Dhuunfaa IGM,.....	112
5.6.Oditaroota Waldaa Dhuunfaa IGM.....	115
5.7.Diiggaamiinsa Fi Qulqulleessa Qabeenya Waldaa Dhuunfa IGM.....	117
Gaaffilee Marii	
Boqonnaa Jaha ; Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee IGM(Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e (One Man Company).....	120
Seensa	120
6.1.Amaloota Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee IGM.....	121
6.2.Faayidawwaan Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee IGM.....	122
6.3.Haala Hundeefamma Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee IGM.....	123
6.4. Hooggansaa Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee IGM.....	125
6.5.Itti gaafatamummaa Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee IGM Qamoolee 3ffaaf qabu.....	126
6.6.Diiggaaminsa Waldaa Aksiyona Nam-Tokkee IG.....	127
Gaaffilee Marii.....	
Wabiiwwan.....	

Gabaajee

SD- Seeraa Daldala

IGM--itti gaafatamummaan isaa murta'ee

Kwt-Keewwata

Seensa Waliigalaa

Dhalli namaa oomisha nyaata isaatiif barbaachisuu ol oomishuu erga jalqabee as, qaroomina bara durii kaasee hanga bara nuyi keessa jirru bara giloobaalayizeeshinii kanatti daldalli guddina agarsiisaa dhufe. Daldalli yeroodhaa gara yerootti guddina agarsiisaa dhufe kun addunyaan haala amma irra jirtu kanarra akka geessu dhimmoota gurguddoo taasisan keessatti ramadama. Walitti dhufeenyi hawaasa dinagdee namoota naannoo tokko keessa jiraatan giddutti meeshaa meeshaan jijiiruudhaan eegale; sana booda namni galaana qaxxaamuree karaa dheeraa deemuun daangaadhaa hanga daangaatti daldaluu jalqabe. Guddinni tekinoolojii daldalaa mul'ate kun dhalootni amma jiru jirenya fooyya'aa akka jiraatuu fi hawaasni addunyaa akka namoota ganda tokko keessa jiraatanitti akka walitti dhiyaatan taasisee jira.

Hojiin daldalaa nama dhuunfaan(sole protpriorship) yookiin dhaabbilee daldalaa(business organization)tiin gaggeeffamu danda'a. Karaa dhaabbilee daldalaatiin hojiin daldalaa gaggeeffamuu danda'a yommuu jennu dhaabbatni daldalaa tokko miseensota isaa irraa addaan bahee namummaa seeraa waan qabuuf maqaa ofisaan daldaluu ni danda'a jechuudha. Dhaabbileen daldalaa kunniin waldaalee michummaa(partnerships) fi waldaalee aksiyoonaa (companies) jedhamuun qoodamu.

Kaayyoon moojulii mata-duree '*Fooyya'iinsa Seera Daldalaa Harawaan Dhaabbilee Daldalaa Irraatti Taasifaman*' jedhu irratti barreffame kun leenjifamtootni fooyya'iinsa seera daldalaa harawaa keessatti dhaabbilee daldalaan walqabatee taasifaman huubachun sirna haqaa tajaajila jiran keessatti hoojira olchuun kaayyoo seerichi baheef akka milkeessan taasisuudha.

Moojuliin kun kallatiidhaan kewwattoota seera daldalaa dhaabbilee daldalaatiin walqabatan irratti xiyyeffachuun kan qophaa'eedha. Kunis haala hundeffama, hooggansa, mirga fi dirqamaa miseensota fi diiggaa dhaabbilee kanneenii keessatti tumaalee seera daldalaa harawaa rogummaa qaban fi rakkolee seeraa keessa jiran qaaccessuun kallattii fuulduraa agarsiisuu irratti kan fulleffatee dha. Barreffamichi seera daldalaa harawaa irratti tumalee dhaabbilee daldalaa ilaalatan addaan baasee kallattii agarsiisuuf tumaalee seeraa rogummaa qaban, barreffamoota adda addaa fi galmeewan dhaadacha ijibataa irratti murtii argatan fayyadamnee jira.

Kanaaf, leenjifamtootni seera daldalaar harawaa bu'uura godhachuuun labsiilee daldalaar wajjiin walitti dhufeenya qaban sirriitti hubatanii yeroo hojii irraa oolchan sirna dinagdee gabaa bilisaa biyyatiin hordofaa jirtu bu'uureffachuun si'oomaa, fulla'aa fi lammileen hundumtuu sadarkaa sadarkaan fayyadamoota irraa ta'an akkasumas galma ga'iinsa tarsiimoo misoomaatiif galtee akka ta'anitti hojjiirra oolchuun dirqama ogummaa fi lammummaa qaban bahutu irraa eegama. Ergaa ijoon moojulii kanaa '*beekumsaa, ogummaa fi yaada ogeessota qaamolee haqaa seera daldalaar irratti qaban qaruun dheebuu haqaa tajaajilamtootni qaban baasuun amantaa uummataa argachuuf cimsinee hojjechuu qabna*' kan jedhuu dha.

Galma yaadame bira gahuu fi ergaa guutuu dabarsuu akka danda'uuf moojulichi boqonnaa gurguddoo jahati qoodamee jira. Qophii fi qabiyyee moojulii kanaa ilaachisee boqonnaa tokkooffaa keessatti, seera daldala harawaa irratti yaada waliigalaa ka'uun , seena seera daldalaar fi dhaabbilee daldalaar Itoophiyaa, malummaa seera daldalaar fi sababoota seera daldalaar bara 1960 akka fooyya'uu taasisan siritti nii xinxalamuu. Boqonnaa lamaffaa keessaatti ammo dhimmoota dhaabbilee daldalaar walqabatan irratti yaada waliigalaa erga ilaalamen booda amaloota dhaabbileen daldalaar qabani fi akaakuwwaan dhaabbilee daldalaar seera daldalaar harawaa jalatti argaman adda basuun nii ka'amuu. Boqonnaa sadaffaa keessaatti immo waldaalee michummaan walqabatee amaloota waldaa michummaa, akaakuwwaan waldalee michummaa, haala hundeefama isaanii, mirgaa fi dirqama michuwwanii, aangoo hojii gaggeessaa waldaa michummaa muxannoo biyyoota biroo waliin erga xinxalamanii booda halli diigga fi qulqulleessa herregaa waldalee michummaa ni iftoma.

Boqonnaa afraffan keessaatti waa'een waldaa aksiyonaan walqabate malummaa waldaa aksiyonaan fi akaakuwwaan waldaa aksiyona erga adda bahee booda haala hundeefamaa, amaloota, malummaa gurmeessitoota fi hundeessitoota, qabiyyee barreffama hundeefamaa, malummaa qoodaa(aksiyona) fi mirgoota aksiyonaan irraa maddan fi sirna bulchiinsa waldaa aksiyona(corporate management) nii ilaalam. Boqonnaa shanaffaa irratti wa'een waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e baal'innan nii xinxalam. Qabxiwwan boqonnaa kana keessaatti ilaalamen keessaa; adeemsa hundeefamaa, amaloota, haala hooggansa. haala diigga fi qulqulleessa qabeenya waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e walqabate jijiramotni seera daldalaar harawaa keessatti taasifaman nii sakkata'amu.

Boqonnaa jahaffaa irratti immo waldaa aksiyonaa nam-tokkee itti gaafatamummaan isaa murtaa'e (one man private limited company) walqabate seera daldalaa harawaa jalatti; haala hundeefamaa fi amaloota waldiicha, hooggansa waldiicha, haala diigga fi qulqulleessa qabeenya waldiichan walqabatee tumaleen jiran adda basuun ni huubachifamu. Walumaagalatti, hiikkoo seeraa fi raawwii isaanii wajjiin wal qabsiisee dhimmoota ka'uu qaban kaasuun ibsa bal'aa kenneera. Xumura fi jiddu mata-dureewwan kanneen irrattis gaaffilee marii kaasuun mariif ka'umsa haala ta'uu danda'aniin qophaa'anii jiru. Boqonnaalee hundaa keessatti tuumaleen seera daldalaa harawaa tumalee seera daldalaa duranii waliin walbira qabun nii ilaalamu. Akkasumas hubanna cimsuuf qabxiilee marii haala mariisisuu danda'uun qophaa'ee jira. Kanaaf, xumura moojulii kanatti leeniffamtootni:

- ⊕ Akaakuu dhaabbiilee daldalaa seera daldalaa harawaa jalatti hamaataman irratti hubanna nii umuut;
- ⊕ Sababoota seera daldalaa bara 1960 bahe jijiruun barbachiseef irratti hubanna cimaa nii qabatuu;
- ⊕ Tumaalee hundeffama waldaalee michummaa ilaalatan seera daldalaa harawaa keessaa jiran xiinxaluun kallattii fuul-duraa maal ta'uu akka qabu ni akeekna;
- ⊕ Tumaalee hundeffama waldaalee aksiyonaa nam tokkee itti gaafatamummaan isaa murtaa'e ilaalatan seera daldalaa harawaa keessaa jiran xiinxaluun kallattii fuulduraa maal ta'uu akka qabu ni akeekna
- ⊕ Tumaalee hundeffama waldaalee aksiyonaa fi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e ilaalatan seera daldalaa harawaa keessaa jiran xiinxaluun kallattii fuulduraa maal ta'uu akka qabu ni akeekna;
- ⊕ Boordiin daayireektarootaa, hojii gaggeessitootni fi oditaroonni waldaa aksiyonaa fi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e haala itti muudaman, hojiirraa ka'an, aangoo fi itti gaafatamummaa isaanii waliin walqabatee tuunale seera daldalaa harawaa keessaatti hammataman irratti hubannoo ni gabbifatu.
- ⊕ Adeemsa yaa'iin abbootii aksiyonaa garagaraa itti waamamu, aangoo, ulaagaalee, adeemsa yaa'iin itti gaggeeffamu fi murtiin yaa'iin kennname haqamurratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- ⊕ Waa'ee sababoota waldaan aksiyonaa fi waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e karaa mana murtii fi karaa yaa'ii waliigalaan diiggamurratti hubannoo qaban ni gabbifatu.

Boqonnaa Tokko

Seera Daldala Harawaa; Yaada Waliigalaa

Seensa

Daldallii nama dhuunfan yookin dhaabatan hojetamuu daanda'a. Seerri daldalaan dhaabilee daldalaan ilaalatan haala dhaabbileen daldalaan keessaatti itti hirmaatan kan tumuudha. Dhaabbileen daldalaan bifaan hedduu qabachuu daanda'uu. Isaan keessaa dhaabbilee daldalaan mootummaa fi dhaabbilee daldalaan dhuunfaa ta'uu daanda'uu. Dhaabbileen daldalaan dhuunfaa gama isaaniit waldaalee michummaa fi waldaalee aksiyona jeedhamani gargar qoodamu daanda'uu.¹ Moojulin kunis dhaabbilee daldalaan keessaatti bifaan lamaninuu hirmaatan irratti kan xiyeeffatuudha.

Akka waliigalatti namootni bifaan gara garatiin daldalaan keessaatti hirmachuu barbaduu. Seerri daldalaan gama isaatin lammilleen daldalaan keessaatti akka hirmataniif haala sadarkaa yeroon irraa gahee fi feedhii isaanii waliin deemun fooyya'aa deemu qaba. Egaa seerri daldalaan yeroo yeroon jijjiroon maalif barbachisee gaaffiin jedhu ka'u nii daanda'a. Inni duraa, seerri daldalaan yeroo baay'ee hojilee daldalaan fi amaloota daldalaan yeroo gara yerootti dabalaan fi jijjiramaa dhufaan waan hammachuu hin daandenyeef sadarkaa hawaasni irraa gahee irraa duubatti kan harkiifate waan taheef fooyyessuun barbachisaadha.² Seerri bahu tokko aduunyaa yeroo yeroon jijjiramaa deemu keessaatti dhaabataa tahuu hin daanda'uu waan ta'eef seerri daldalaas amaluma seeraa kana kan qabudha.

Seerri daldalaan yeroo hangamii keessaatti jijjiramuu akka qabu agaarsisuuf muuxxannoo biyyoota biroo ilaaluun barbachisaadha. Akka faakkenyatti seera daldalaan biyya Ingiliz yoo ilaalee hanga bara 2006ti yeroo sagal jijjiramni irratti taasifamera. Kunis baroota; 1967, 1974, 1980,1981,1982,1985, 1989.2002 fi 2006 dha.³ Seerri daldalaan biyya keenya baay'inan kan irraa fuudhatame seerri daldalaan Faransayis; bara 1972, 1985, 2000,2001,2003,2004 fi 2005ti jijjiramaa taasisera.⁴

¹ L.C.B Gower , Principles of Modern Company(5th edn, Sweet and Maxwell,London 1992)p. 24

² Akkuma oliitti fuula-2

³ Fikedu phexirous, Ethiopian company law,(3rd ed,2014) p4

⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 1ffaa fuula- 4

Biyya keenyatti seerri daldalaan yero duratiif kan bahe bara 1960. Seerri daldalaan bara 1960 bahe kunis namni tokko dhuunfanis ta'ee dhaabbilee daldalaan hundeessun daldaluu akka daanda'uun tumeera.⁵ Dhaabbileen daldalaan seera daldalaan bara 1960 bahe keessaatti hammataman akaakuu gurguddoo jaha qofa turan.⁶ Sababaa seerri kun yeroo dheeraf hojii irraa turee fi hin fooyyofneef dhaabbileen yeroo amma biyyoota heeddu keessaatti hojii daldalaan hoojechuuf hojiirra olaan seera daldalaan kana keessaatti hin argamne jiru. Kaanaf isaa kana sirreessun murtessaadha.

Dhaabbileen daldalaan namootni dhuunfaan daldaluurraa kaayyoo dinagdee tokkoof gurmaa'uun gabaa keessaatti dorgomaa ta'u kan isaan dandeessisu maallaqa fi babal'inna gabaa ka'umsa taasifachuun galii fooyya'aaf karoorfamanii kan hundeeffamanii dha. Mirgi gurmaa'uun heera mootummaa Itoophiyaa kwt.31 irratti "*namni kamiyyuu kaayyoo kamiifuu mirga gurmaa'uun ni qaba. Haa ta'u malee seeraa jiru cabsuun yookaan sirna heera mootummaa karaa seeraa alaa diiguuf kan hundeeffaman yookaan hojiwwan caqasaman dhaabbileen gaggeessan kan dhorkamanii dha*" jechuun tumee jira.⁷ Jecha 'namni kamiyyuu' jedhu nama uumamaa fi dhaabbilee qaama seerummaa qaban kan ibsu yoo ta'u 'kaayyoo kamiifuu' kan jedhu immoo hojii daldalaatiifis gurmaa'uun akka dandaa'amu agarsiisa.⁸ Mirgi dhaabbilee daldalaan gurmaa'uun kun heera mootummaa kwt.41(2) irratti tumaa jiru "*lammuin Itoophiyaa kamiyyuu biyyattii keessaatti sochii dingadee kamiyyuu irratti bobba'uudhaa fi ittiin bulmaata isaatiif hojii filate hojjechuudhaaf mirga qaba*" kan jedhu yoo ilaalle lammileen dhaabbata daldalaan bu'a qabeessa jedhan filatanii akka hojii ittiin bulmaata isaaniitti fudhachuu kan isaan dandeessisu mirga heera mootummaa kan qaban ta'uu kan hubachiisuu dha.

Dhaabbileen daldalaan misooma dinagdee biyya tokkoo keessaatti gahee taphatan galmagaiinsa tarsiimoo fi imaammata misooma industiriin gaggeeffamu biyyi keenya hordofaa jirtu kanaaf baay'ee barbaachisoo dha.⁹ Sababa hanqina maallaqaa yookaan gaggeessummaan lammileen kophaa koophaatti hojii hojjechuu hin dandeenyne namoota kaayyoo walfakkaataa qabanii wajjiin gamtaa'anii yoo hojjetan ofisaanii fayyadanii guddina dinagdee

⁵ Seera daldalaan bara 1960 bahe kwt.5

⁶ Akkuma oliitti kwt.218

⁷ HMFDRI kwt.31

⁸ Habtamuu Bultii, Seera Daldalaan fi Heera Mootummaa,Moojulii Leenjii Leenjifamtoota Hojiin Duraatiif, Afaan Oromootti Kan Hiike ,bara 2005

⁹ Akkuma oliitti

biyya isaanii keessatti gahee tokko xabachuu ni danda'u. Biyyi keenya sirna dinagdee hidhamaarraa hiikamtee tarsiimoo fi imaammata dinagdee gabaa bilisaa hojii irra oolchuu erga eegaltee asitti seera daldala fi sirna gabaa kana bu'uureffatanii labsiilee, dambiilee fi hojimaata baankii fi inshuraansii bahaniin gargaaramanii dhaabbileen daldala adda addaa dhaabbachuu misooma saffisaa fi fullaa'aa biyyattii keessatti gaggeeffamaa jiru mirkaneessa jirachuun isaanii bu'aa jijiirama tarsiimoo fi imaammata dinagdee biyyatiiti. Kanaafuu, akka waliigalaatti yoo ilaalamu gurmaa'anii hojjechuun mirga heera mootummaan eegumsi kennameef waan ta'eef lammileen sadarkaan kana irraa fayyadamanii fi guddina dinagdee biyyattiis kan mirkaneessu akka ta'utti mirga kanatti bifa seeraa qabeessa ta'een itti fayyadamuu akka qaban hubachuun barbaachisaa dha. Kanafuu dhuma boqonnaa kana irratti leenifamtonni;

- ✚ Seena guudina dhaabbilee daldala adda bafachuun ni hubatuu;
- ✚ Gahee dhaabbileen daldala guudina fi babaldhinaa daldala keessaatti qaban ni hubatuu;
- ✚ Kaayyoo seera daldala harawaa adda bafachuun hojiirra olmaa isaatif akka hojjetan hubanno ni argatuu;
- ✚ Sababoota seerri daldala bara 1960 bahe akka fooyya'u taasisan adda basuun akka hubatan taasifama;
- ✚ Tarkaanfiwwan gurguddoo seera daldala harawaa keessaatti fuudhataman irratti hubanon waliigala nii uumamma;
- ✚ Maddoota seera daldala bara 1960 fooyyeessuuf hojiirra olaan irratti kallaatiin ni akekama;

1.1.Seenaa Seera daldala fi Dhaabbilee Daldala

Ilmii nama hojii daldalaadunyaa irrattii gurma'ee waldaan ykn dhaabbatan yoom hojjechuu akka eegalan ifaan wanti beekamuu hin jiru. Sabaabni isaa hojiin daldala seena dheera kan qabu fi suuta suutan guudacha kan as gahee waan taheef. Seerotni hojii daldala dhaabbatan hooganamu eessaatti akka eegalanis seenaan ifaan ka'uu hin jiru. Garuu baarreesitonni baay'een seerri dhaabbilee daldala hoogganuu Rooma duriit akka walqabatutti ka'uu.¹⁰ Kunis jalqabaa irratti qaabenya maati dhalaan argatan irratti michummaa(partnership) umuun

¹⁰ Tom Hadden, Company Law and Capitalism(2nd edn, Weidenfeld and Niccolos, London, 1972)p.2

qaabenya waliinii uumuu fi bulchuuf itti faayadama kan turan tahuu nii ibsu. Adeemsi michummaa kunis guudacha deemun namoota maati hin ta'iin gara waldaati makuun waliin hojjechuun guudacha akka dhufee seenan ni ibsa.¹¹

Biyya Ingilizii keessatti immo seenan daldala dhaabbatan daldaluu dhaabbata '*Merchant Guids'* jedhamun kan walqabatuudha. Dhaabbatni kun daldala magaala keessaatti gaaggeefamuu too'achuuf kan dhaabbate yoo ta'uu miseensonni isaa akkataa ogummaa isaaniit hojji daldala irratti kan bobba'aniidha. Too'anna fi hordoeffin miseensota irratti kan gaaggefamuu dhaabbatichan (merchant guild) yoo ta'uu, adeemsa keessaa miseensota isaanii baay'ifachun feedhin galanaa qaxxamuruun daldaluu dabala dhufe.¹² Galanaa qaxxamuranii daldaluun kun balaawan gara gara fiduu waan daanda'uuf daldalootni walitti gurma'anii dhaabbata daldala(kubbaniyyaa) ' joint stock company' jedhamu akka dhaaban isaan taasise. Haala kanan bu'aa fi kisaraa addan qoodacha dhaabbata daldalaan daldaluun Ingiliz keessaatti guudacha dhufee.¹³

Guddinni dhaabbilee daldala guddina dinagdee biyya wajjiin walitti hidhata guddaa qaba. Hojiin kun dhuunfaan namootni walitti dhufanii hojji daldala gaggeessuu irraa kan eegalu yoo ta'u, bifa gurmaa'een hanga hojjechuutti kan fulla'uu ta'a. Sadarkawwan adda addaa darbuun waldaaleen daangaa biyyaa qaxxaamuranii hojjetan hedduun bara itti uumaman bara giloobaalayizeeshinii kanatti, haala hundeffama dhaabbilee daldala fi seerri isaan bitu yeroo jalqabaaf biyya keenyaa kan seene bara 1884 yeroo daandiin baaburaa hojjetame ture.¹⁴ Isaan dura seerri dhaabbilee daldala bitu biyyatti keessa akka hin jirre barreessitootni seenaa ni ibsu. Waldaan daldala lammaffaan bara 1905tti Baankii Absiiniyyaa yoo ta'u, innis of danda'ee utuu hin ta'iin damee baankii biyyooleessa Gibxii ta'ee hundeffame. Baankiin yeroo jalqabaaf bara 1931 Itoophiyaatti baname baankii Itoophiyaa yoo ta'u itti fufee waldaan misooma daldala fi qonnaa Itoophiyaa hirmaanna namoota muraasa aangoo irra jiraniin hundaa'eera.¹⁵

¹¹ Tom Hadden, Company Law and Capitalism(2nd edn, Weidenfeld and Niccolos, London, 1972)p.2

¹² Miil-jalee olii lakkofsa 1ffaa fuula- 24

¹³ Akkuma oliitti

¹⁴ Alamaayyoo Waaqgaarii fi Jaarrraa Bariisoo ,Hundeffama, Hooggansaa fi Diigamiinsa Waldaa Aksiyoonaa fi waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan isaa murtaa'ee, Moojulii Leenjii Hojiirraa Yeroo Gabaabaaf Qophaa'e, ILQSO Adaamaa, 2009

¹⁵ Win ship Peter, *Background Documents of the Ethiopian Commercial code of 1966*, Addis Ababa University (Published) 1996

Biyya keenyatti seerri dhaabbilee daldalaa yeroo jalqabaaf bara 1933tti bahe. Seerri daldalaa biyya keenyatti bifaa hojiiwwan daldalaa hunda hammateen haala waliigalatin kan tumamee bara 1960. Seerri daldalaa Itoophiyaa kunis waggoota 60 darbaniif osoo fooyya'iin hojiirra oluun isaa dhimmota dhaabbilee daldalaatin walqabatan sadarkaa barbadamuun akka hin gudanne raakkoo gudaa uumaa akka turuu taasisera. Turtii yeroo dheera booda seeri daldalaa bara 1960 bahe bara 2021 keessaa laabsii lakk. 1243/2021 jedhamun fooyya'uun bahera.

Kanarraa kan hubannu biyya keenya keessatti dameen daldalaa keessumaa bifa gurmaa'een hojii daldalaa hojjechuun yeroo dhiyeenya kan eeegale ta'uu dha. Sirna bittaa mootummaa Haayilesillaasee booda gara aangootti kan dhufe mootummaan Dargii sirna hordofaa tureen dhaabbilee daldalaa dhuunfaan hundeeffamanii turan akka dhaalaman godheera waan ta'eef guddinni dhaabbilee daldalaa boodatti akka harkifatu ta'eera. Kufaatii dargii booda haalli mijataan investimentiif ta'u waan uumameef gurmaa'anii gara hojii daldalaatti seenuu akka guddatu ta'eera. Bifa gurmaa'een hojii daldalaa hojjechuun heera mootummaa RDF Itoophiyaa, fi tarsiimoowwanii fi imaammatawwan dinagdee heericha bu'uureffatanii bahaniin mirkanaa'ee jira.

1.2.Kaayyoo Seera Daldalaa

Hojii daldalaa guddinaa dinagdee biyyii tokko fiduu barbaduu mirkanneessuuf gahee gudaa qaba. Hojiin daldalaa kun immo dhuunfaan ykn gareen hoojetamuu daanda'a. Dhaabbileen daldalaa namootni dhuunfaan daldaluurraa kaayyoo dinagdee tokkoof gurmaa'uun gabaa keessatti dorgomaa ta'u kan isaan dandeessisu maallaqaa fi baballina gabaa ka'umsa taasifachuun galii fooyya'aaf karoorfamanii kan hundeeffamanii dha. Mirgi gurmaa'uu heera mootummaa kwt. 31 irratti "*namni kamiyyuu kaayyoo kamiifuu mirga gurmaa'uu ni qaba. Haa ta'u malee seeraa jiru cabsuun yookaan sirna heera mootummaa karaa seeraa alaa diiguuf kan hundeeffaman yookaan hojiiwwan caqasaman dhaabbileen gaggeessan kan dhorkamanii dha*" jechuun tumee jira. Mirgi dhaabbilee daldalaan gurmaa'uun kun heera mootummaa kwt 41(2) irratti tumaa jiru "*lammuin Itoophiyaa kamiyyuu biyyattii keessatti sochii dingadee kamiyyuu irratti bobba'uudhaa fi ittiin bulmaata isaatiif hojii filate hojjechuudhaaf mirga qaba*" kan jedhu yoo ilaalle lammileen dhaabbata daldalaa bu'a qabeessa jedhan filatanii akka hojii ittiin bulmaata isaaniitti fudhachuu kan isaan dandeessisu mirga heera mootummaa kan qaban ta'uu kan hubachiisuu dha.

Dhaabbileen daldalaa misooma dinagdee biyya keenya keessatti gahee taphatan galmag'a'iinsa tarsiimoo fi imaammata misooma industiriin gaggeeffamu biyyi keenya hordofaa jirtu kanaaf baay'ee barbaachisoo dha. Sababa hanqina maallaqaa yookaan gaggeessummaan lammileen kophaa kophatti hojii hojjechuun hin dandeenye namoota kaayyoo wal-fakkaataa qabanii wajjiin gamtaa'anii yoo hojjetan ofiisaanii fayyadanii guddina dinagdee biyya isaanii keessatti gahee tokko xabachu ni danda'u. Guiddinni dhaabbilee daldalaa guddina dinagdee biyyaa wajjiin walitti hidhata guddaa qaba. Hojiin kun dhuunfaan namootni walitti dhufanii hojii daldalaa gaggeessuu irraa kan eegal yoo ta'u, bifa gurmaa'een hanga hojjechuutti kan fulla'u ta'a.

Kaayyoon mootummaan seera daldalaa basuuf keessaa inni ijoon hojii daldalaa dhuunfaanis ta'ee akka dhaabbatattu hojjetamu kana babbal'isuun dinaagdee biyyaa guddisuun jireenyi laammillee isaa akka jijjiramuu taasisuudha. Kaayyoo kana galman gahuuf hojiiwwaan mootummaan hojjetamu qaban gurguddoon nii jiru. Isaan keessaa muraasni; hojii daldalaa jajjabessuu, buu'uraalee misooma hojii daldalaaf barbachisaan babal'isuu, qamoota daldalaa keessatti hirmaatan mirgaa fi dirqamaa isaanii adda basuun tumuu, waliddaaawwan daldalaa haala ariifataa fi baasii xiqaan itti furaman umuu, haariiroo daldalaa fi hojii gaggeessaa isaa, daldalaa fi hojjeetoota isaa jiddutti uumamuu haala itti hoogannamuu diirirsuun isaan gurguddoodha.¹⁶ Kanaafuu kaayyoon gudaan mootummaan seera daldalaa basuu fi yeroo yeroon fooyyeessaa deemuf hojilee daldalaa yeroo gara yerooti dabala fi jijjiramaa dhufaan hammachuun fi hoojimata seera diriirsuun guudinna biyya keessaatti akka gumaachan taasisuufi. Seerri daldalaa bahu akka waliigalatti namootni bifa gara garatiin daldalaa keessaatti hirmachuu barbadan akka hirmataniif haala sadarkaa yeroon irraa gahee fi feedhii isaanii waliin deemun haala miijjeessuudha.

1.3.Sababoota Seerri Daldalaa Bara 1960 Bahe Akka Fooyya'uu Taasisan

Seerri daldalaa adeemsa daldalootni dhuunfaanis ta'ee gareen ta'uun qabeenya isaanii gara hojiitti galchuun guudina biyaatif itti guumachan kan diirirsuudha. Dabalatanis haariiroo daldaloota fi qaamolee qabeenya isaanii kana hogganaan jiddutti umaamu haala kamiin akka deemu qabu kan tumuudha. Walitti dhufeenya daldalaa keessaatti qamooleen hirmaatan biroos kan akka liqqeessitoota, hoojjetoota fi faayida hawasaaf kenu waan jiraniif adeemsi

¹⁶ Fikedu phexirous, Ethiopian company law,(3rd ed)2014 p4

isaa walxaxxaan ta'aa dhufeera. Barbachisummaa seera daldalaa yeroo waliin deemu haayyuun tokko akka arman gadiiti ibseera;

In the modern world, no nation can hope to expand its commercial and economic life unless there exists a firm legal basis which will ensure the necessary elements of stability and security in business transaction while at the same time providing a sufficiently articulated yet flexible framework within which trade and commerce may flourish and grow¹⁷ jechun ibsera. Kanaafuu seerri daldalaa walitti dhuufenyaa daldalaa yeroo gara yerooti walxaxxaan , bifaajijirachaa fi guudachaa dhufee kana hoogganuu qabachuun biyya tokkof murtessaadha.

Seerri daldalaa Itoophiyaa haala kanan yeroo ilaalamu waggota 60 darbaniif osoo fooyya'iin hojiira oluun isaa dhimmota armaan olii irratti raakkoo gudaa uumaa akka turu taasisera. Turtii yeroo dheera booda seerri daldalaa bara 1960 bahe bara 2021 keessaa labsii lakk.1243 jedhamun bara 2021 keessaa fooyya'uun bahera. Sababootni gurgudoon seerri daldalaa bara 1960 bahe akka fooyya'uu taasisan;

- Seerichi yeroo buhu haala qabatamaa biyyatti waggaa 60 dura ture kan ilaalchaa keessaa galchee ta'uu;
- Seerri daldalaa yerooma buhu hanqinoota gara gara kan qabu ta'uu;
- Yeroo amma hojiin daldalaa fi invastimantii amalaa aduunyawaa(globilization) qabachaa kan dhufee waan ta'eef feedhii investaroota fi daldaloota seeraa guutu waan barbachisuuf;
- Adeemsa biyyi keenya sadarkaa aduunyati dorgomaa tahuun guudina fiduuf demtuu seera dhaabbilee daldalaa aduunya waliin deemu basuun cimsuuf;
- Seera daldalaa keessaati dhimmota akka galmessaa daldalaa, maqaa daldalaa fi dukannaa daldalaa ilaalchisuun keewwatotni tumamaan seerota dhimma kana ilaalchisun tumamaan waliin kan wal hin simnee tahuu;
- Adeemsa biyyi keenya sadarkaa aduunyatti dorgomaa tahuun guudina fiduuf demtuu cimsuuf;
- Seeroni kasaraa(bankrupcy) baay'ee lafaa fi boodatti hafaa tahuu isaanii ;

¹⁷ Win ship Peter, Background Documents of the Ethiopian Commercial code of 1966, Addis Ababa University (Published) 1996

- ⊕ Eegumsi dhaabbilee daldalaa keessaatti abbootti aksiyonaa(qodaa) xiqqa qabaniif taasifamu lafaa tahuun sadarkaa aduunyatti sadarkaan biyyi keenya mijaa'ina daldalaaf qabdu baay'ee gadii aanaa akka tahu waan taasiseef;
- ⊕ Dorgommii biyyi keenya invastimantii harkisuuf taasiftuu akka gadii bu'uu waan taasiseef;
- ⊕ Miseensonni fi abbootin qabeenya waldalee aksiyonaa adeemsi hooggansa itti too'atan irratti hanqinnii seeraa gudaan jirachuu;
- ⊕ Yeroo waldaan dhuunfaa ittiigaafatamumman isaa murta'ee (Private Limited Company)diiggamuu adeemsi qulqullesitootni herrega (liquidator) itti mudaman, aangoo isaanii, haala bu'aa fi kisaaran itti kafalamuu irratti seerri tumamee jirachuu dhabuu;
- ⊕ Yeroo haariroon waldaa daldalaa haadhoo fi waldaa maxxantuu(parent and subsidiary companies) fi waldaa obbooleewwan(sister companies) ta'an jiddutti umamuu haala haariroon itti hoogganamuu fi egumsii abbootti aksiyonaa xiqqa qabaniif taasifamuu seerri hoogganuu jirachuu dhabuu;
- ⊕ Firoomina, walitti makachuu fi addaan qoodamuu dhaabbata daldalaa (affiliation,merger& division of business organization) ilaachisee kewwatootni seeraa tumamaan hanqinaa gudaa kan qaban tahuu;
- ⊕ Dhaabbileen daldalaa seera daldalaa biyya keenya keessaa hin jirre fi biyyoota birootti baal'inan hojiira olaan jirachuu isaanii;
- ⊕ Waldaleen daldalaa haala haariroo hooggansa isaanii fi qamoolee sadaffaa waliin itti uuman irratti seerotni jiran ammayyawaa tahuu dhabuu;
- ⊕ Dhaabbilee daldalaa biyya alaatti hundefamanii damee isaanii biyya keenyatti banatan waliin daldalootni yeroo haariroo umaan haala itti hoogganamuu ilaachisee seerri jirachuu dhabuu
- ⊕ Seera daldalaa duranii kitabaa 5ffaa keessatti kan hammatame seerri kasaraa (bankrupcy law) haanqina gudaa kan qaban tahu, fkn; of eeggannoof idaa deebisanii caasessuu,fi adeemsa deebisanii hundeessuu (Preventive restructuring and reorganization) irratti hanqinni seeraa jirachuu
- ⊕ Adeemsa namni ykn dhaabatni daldalaa kasaree tokko kasaraa fi idaa irraa itti bilisaa tahuu irratti seerri jirachuu dhabuu kan jedhaman isaan gurguddoodha.

Haanqinota seera daldalaa bara 1960 keessaa turan kannen armaan olitti ibsamani fi kannen biroos furuuf seera daldala harawaa keessaatti jijjiramonni hedduu taasifamanii jiru. Isaan keessaa muraasni;

1. Waliigaltee rawwachuuun walqabatee egumsa taasifame;

- ✚ Waliigalteewan walitti bu'insa faayida fiduu daanda'an – kannen akka qabeenya waldichaa keessaa %10 ol yoo hammatee yaa'ii waliigalatin mirkanna'uu akka qabu(seera daldalaa harawaa kwt.395)
- ✚ Daayirektarri walitti bu'insaa faayida isaan walqabatu uumamu hubatee oditaraa beeksisuu qaba. Waliigalteen kunis yaa'ii waliigalatin yoo mirkanna'uu bate hojiira olee ,mana murtiiti dhiheessun akka haqamuu taasisun kan daanda'amu tahuu.
- ✚ Miseensota waldaalee aksiyonaa keessaa gahee aksiyonaa %10 ol qabani fi waldaan aksiyonaa ummataaf dhiheese tokko abbootii aksiyonaa %5 ol qabatan ministera daldalaaf beeksisuu qaba(seera daldalaa harawaa kwt.312)
- ✚ Miseensi waldaa kamiyyuu wa'een hojiimata waldichaa qooratame akka dhiyaatuf gaaffii yaa'ii waligalatiif dhihessuu ni daanda'a. Yoo didamee, miseensoni aksiyonaa waldichaa keessaa %1/10(tokko kurnaffaa) gahan gaafficha mana murtiif dhihessuu nii daanda'uu. Manni Murtiis qorataa(inspector) akka muduu waldichaa ajajuun hojiimatni gaafatame akka qoratamu taasisu daanda'uu. (seera daldalaa harawaa kwt.396)

2. Hooggansaa waldaatin walqabatee jijiiramoota taasifaman;

- ✚ Waldaan kamiyyuu baay'inaa fi hanga aksiyonaa daayirektaran qabamee galmessuun waajjiraa mummee kaayuu qaba. Gaheen isaa kunis miseensota waldichaan yomiyuu ilaalamuu fi qoratamuu daanda.(seera daldalaa harawaa kwt.313)
- ✚ daayirektarri dhimmota walitti buu'insa faayida isaan walqabatuu irratti sagalee kennuu kan hin daandenye tahuu. Kunis yoo ofii waldichaa waliin waliigaltee senee ykn dhaabbatni biraa isaa waliin haariroo qabu waldichaa waliin waliigalte yoo seene dha. (seera daldalaa harawaa kwt.323)
- ✚ Walitti buu'insii faayida jiratuu batuus waliigalteen waldiichi waggaan tokko keessaatti seenu kaappitalaa waldichaa keessaa %51 kan caalu yoo ta'ee eegumsi taasifamu jalqaba irratti yaa'ii idilee abbooti aksiyonaatin mirkanna'uu qaba. (seera daldalaa harawaa kwt.394(4)

3. Mirgaa qorannoон addaa akka taasifamuу gafaachuu;

- ⊕ Abbooti aksiyonaa waldiicha keessaa gahee%10 qaban yoo gaaffii dhiheessan, ministerri daldalaa Inspektaraа ramaduun hojiimatni waldiicha abbooti aksiyonaa gahee xiqqaa qaban ykn waldiicha kan miidhuu tahuu qorachuu daanda'a. (seera daldalaa harawaa kwt.355). Baasi qorannoo kanas kan daanda'an miseensota gaaffii dhiheessaan yoo ta'uu, gaaffiin dhugaa tahee yoo argamee garuu baasin nii deebi'af. Ministerri daldalaas feedha isaatinis qorannoo kana gaggesuu daanda'a(seera daldalaa harawaa kwt.357)
- ⊕ Miseensi waldaa kamiyyuu wa'een hojiimata waldichaa qooratame akka dhiyaatuf gaaffii yaa'ii waliigalatiif dhihessuu nii daanda'a. Yoo didamee, miseensoni aksiyonaa waldichaa keessaa %1/10 gahan gaafficha mana murtiif dhihessuu ni daanda'uu. Manni murtiis qorataa(inspector) akka muduu waldiicha ajajuun dhimmi akka qulqulla'uu barbadamee akka qulqulla'uu taasisuu daanda'a.(seera daldalaa harawaa kwt.396)

4. Egumsaa yaa'ii waliigalatiin taasifamuу;

- ⊕ Yaa'iin waliigala yaada murtii miseensota murasaa faayadamaa taasisuu fi abbooti aksiyonaa xiqqaa qaban miidhuu dabarsuu hin daanda'an
(seera daldalaa harawaa kwt.364)
- ⊕ Abbooti aksiyonaa jiran keessaa kaappitala waldiicha %10 kan bakka bu'aan yaa'iin akka walitti qabamuuf oditaraf gaaffii yeroo dhiheessan, oditarris yaa'ii waamu akka qabu seera daldalaa harawaa kwt.351 jalatti tuumamera. Seera daldalaa duranii keessaatti garuu yaa'ii oditaran yaamamuf abbooti aksiyonaa waldiicha keesaa kannen %20 bakka bu'aan gaaffii dhiihessuu qabu.
- ⊕ Abbooti aksiyonaa keessaa jiran keessaa kaappitala waldiicha %10 kan bakka bu'aan yaa'iin akka walitti qabamuuf gaaffii yeroo dhiheessan ministeeri daldalaa yaa'ii waamu daanda'a.(seera daldalaa harawaa kwt.366)

5. Teeknolojii faayadamun hirmannaa abbooti aksiyonaa xiqqaa cimsuuf;

- ⊕ Waamichii yaa'ii fi dhimoonni biroos karaa imelii(email) fi toofta biroo fayaadamuun taasifamu akka daanda'uu. (seera daldalaa harawaa kwt.366)
- ⊕ Waamichii yaa'ii fi yoo daanda'ame yaa'iichi karaa teknolojiin akka gaggeefamuу websayitii waldiicha irratti ibsamuu qaba.

6. Eegumsa waldiichaf taasifamuu;

- Abbaan aksiyoonaa aksiyoonota waldiicha keessaa %90 kan qabatee tokko abboottin aksiyoonaa hafaan gahee isaanii akka gurguraniif gaafachuu daanda'a. (seera daldalaa harawaa kwt.296)
- Aksiyoonota waldiicha keessaa %50 kan bituu yoo argamee calbasiin aksiyoonaa gurgurachuun kan daanda'amuu tahuu.(seera daldalaa harawaa kwt.293)

1.4. Maddoota Seera Daldalaa Foyyeessuuf Akka Muxxannoti Ilaallaman

Seerri daldalaa bara 1960 bahun hanga amma hojiira ture baay'inan kan fuudhatame seera daldalaa biyya Faransay irraa tahuun nii beekama. Seerri daldalaa haroofti garuu rakkooowan hojii keessaatti uumama turan furuu fi seeraa sadarkaa aduunyan irraa gettee waliin deemu tumuuf akka maddaatti seerota biyyoota heeddu faayadamera.¹⁸ Seerotni kunis;

- Seera Daldalaa biyya Faransay
- Seera Kampanii biyya Jarmanii
- Seera Kampanii biyyoota Awuropaa(European Model Company Act)
- Qajeeltoo baankii aduunya egumsaa abbooti qabeenya aksiyoonaa xiqqaa qabaniif taasifamu irratti basee
- Seera daldalaa biyya Turkii fi Hindii
- Seera kubbaniyaa biyyoota UK fi Kooriyaa Kibbaa
- Of eeggannoof idaa deebisanii caasessuu, fi adeemsa deebisanii hundeessuu (Preventive restructuring and reorganization) ilaalchisee seerota biyyoota Faransay fi Ameerika
- Seera 'UNCITRAL LEGISLATIVE GUIDE ON INSOLVENCY LAW' dhaabbata 'UN Commission On International Trade Law' jedhamun kan maxxaanfame
- Qajeeltoo bankii aduunyatin bahee' The world bank's principles for effective insolvency and creditor/debtor regimes' jedhamuu
- 'World bank doing business index' irraa seerota kasaraa ilaalatan(insolvency law)

¹⁸ Miil-jalee olii lakkofsa 16ffaa fuula-5

Karaa biraatin seerotni baankii, inshuransii fi geejjibsisuun walqabatan kitabaa 3ffaa fi 4ffaa seera daldalaa bara 1960 keessaa turan seera daldalaa harawaa keessatti akka hin hammatamne taasifame jira. Sababootni seerotni kunnin seera daldalaa harawaa keessatti akka hin hammatamne taasifamaniif keessaa inni tokko biyyoota birootis seerotni kunnin seera daldalaa keessaatti hammatamu dhabuu isaaniti. Faakkenyaf akka maddaa seeraa biyya keenya tahun kan beekamtu Faransay keessaatti seerotni kunnin koopha isaanitti kan tumaaniidha. Dabalataniis biyyoota akka Siwizarland fi Xaaliyan keessattis seerotni kunnin seera daldalaa keessatti hin hammatamne.¹⁹ Sabaabni bira seerotni kunnin yeroon yeroon kan jijjiramaan tahuu isaanii irraa kan ka'ee fi gara fulduraati seektaronii kунин investaroota biyya alaatiif banaa waan tahanifiif seerota aduunya biraan waliin haala walsimataaniin qo'annaa irratti hunda'ee basuuf kan yaadamee ta'uu ni ka'a.

Gaaffilee Marii

1. Barbachisummaa seerri daldalaa guuddina dinagdee fi qaroomina ilma nama waliin qabu haala qabatamaa biyya keenya fi aduunya kasuun irratti maari'adha
2. Seena seera daldalaa Itoophiyaa fi sadarkaa guudina dinagdee biyya keenya haariiroo kallattii moo haariiroo fallaa qabu? Qabatamaa biyya keenya fi biyyoota biroo walbira qabuun kasuun maari'adha
3. Namootni tokko tokko seera daldalaa fi seera haariiroo hawasaan koopha koophatti qabachuun faayida isaa irraa miidhatu caala jedhanii kaasu. Yadoota kanan walqabatee kaayyoo seerota lamanii kasuun xinxalaa.
4. Seera daldalaa bara 1960 bahe keessaa kitabaa 3ffaa fi 4ffaa osoo foyyaa'iin hafuu isaanitif sababootni dhiyaatan hangam amaansiisa jettu? Faayida fi miidhan isaa maal ta'a jettanii yaaddu?
5. Maddoota seera daldalaa bara 1960 fooyyessuuf faayadaman akkamiin madaltuu?

¹⁹ Akkuma oliitti fuula-5

Boqonnaa Lama

Dhaabbilee Daldalaa(Business Organizations);Haala Waliigala

Seensa

Biyya kam keessattuu kaayyoon seera daldalaa namni kammiyyuu dhuunfaanis haata'uu gareen akkataa feedhii fi daandeetti isaatiin hojii daldalaa kaappitalli isaa heeyyaamu keessaatti hirmaachun ofii fi biyyafis bu'aa akka busuu hojiimata barbaachisu diriirsuudha. Seerri daldalaa Itoophiya haroofitis namni tokko dhuunfaanis ta'ee waldaan hojii daldalaa keessatti hirmachuu akka daanda'uu ka'eera. Daldalootni bifaa waldaatin daldaluu barbadaan akaakuwwan dhaabbilee daldalaa torba(7) seera daldalaa harawaa keewwata 174 irratti beekamtti argatan keessaa filaachun kan dandeetti fi feedhii qaban irratti hirmaachuu daanda'uu. Gosootni dhaabbilee daldalaa kunniin baay'atan jechun hin daanda'amu.

Maddaa seera daldalaa biyya keenya ta'uun kan beekamtu biyya Faraansay keessaatti akaakuwwan dhaabbilee daldalaa jaha kan jiran yoo ta'uu biyya Beljeemi keessaa akaakuwwan kudha tokkotu jira. Biyya Jarmaan keessaa immo akaakuu sadeetu jira.²⁰ Kanaafuu, akka waliigalaatti yoo ilaalamu gurmaa'anii hojjechuun mirga heera mootummaan eegumsi kennameef waan ta'eef lammileen sadarkaan kana irraa fayyadamanii fi guddina dinagdee biyyattis kan mirkaneessu akka ta'utti mirga kanatti bifa seeraa qabeessa ta'een itti fayyadamuu akka qaban hubachuun barbaachisaa dha. Kanafuu xumuraa kutaa kana irratti leenjifamtonni;

- Malummaa fi barbachisummaa dhaabbilee daldalaa nii hubatuu
- Faayida hojii daldalaa dhaabbilee daldalaa hundeessuun hoojechun qabu maal fa'a akka tahan adda bafatuu
- Amaloota dhaabbileen daldalaa akka waliigalatti qaban adda bafatuu
- Akaakuwwan dhaabbiilee daldalaa seera daldalaa harawaa keessaatti hammataman adda bafatuu

²⁰ Koen Geens and Bart Sarveas,Corporations and Partnership,p. 1197

2.1. Dhaabbilee Daldalaa: Yaada waliigalaa

Guddinni dhaabbilee daldalaa guddina dinagdee biyya wajjiin walitti hidhata guddaa qaba. Hojiin kun dhuunfaan namootni walitti dhufanii hojii daldalaa gaggeessuu irraa kan eegaluu yoo ta'u, bifa gurmaa'een hanga hojjechuutti kan fulla'uu ta'a. Biyya keenyatti seerri dhaabbilee daldalaa yeroo jalqabaaf bara 1933tti bahe. Kanarraa kan hubannu biyya keenya keessatti dameen daldalaa keessummaa bifa gurmaa'een hojii daldalaa hojjechuun yeroo dhiyeenya kan eeegale ta'uu dha.²¹

Sirna bittaa mootummaa Haayilesillaasee booda gara aangootti kan dhufe mootummaan dargii sirna hordofaa tureen dhaabbilee daldalaa dhuunfaan hundeffamanii turan akka dhaalaman godheera waan ta'eef guddinni dhaabbilee daldalaa boodatti akka harkifatu ta'eera. Kufaatii dargii booda haalli mijataan investimentiif ta'u waan uumameef gurmaa'anii gara hojii daldalaatti seenuun akka guddatu ta'eera. Bifa gurmaa'een hojii daldalaa hojjechuun heera mootummaa RDF Itoophiyaa, fi tarsiimoowwanii fi imaammatawwan dinagdee heericha bu'uureffatanii bahaniin mirkanaa'ee jira.²² Dhaabbileen daldalaa namootni dhuunfaan daldaluurraa kaayyoo dinagdee tokkoof gurmaa'uun gabaa keessatti dorgomaa ta'u kan isaan dandeessisu maallaqaa fi babal'ina gabaa ka'umsa taasifachuun galii fooyya'aaf karoorfamanii kan hundeffamanii dha. Mirgi gurmaa'uu heera mootummaa kwt 31 irratti;

"Namni kamiyyuu kaayyoo kamiifuu mirga gurmaa'uu ni qaba. Haa ta'u malee seeraa jiru cabsuun yookaan sirna heera mootummaa karaa seeraa alaa diiguuf kan hundeffaman yookaan hojiawan caqasaman dhaabbileen gaggeessan kan dhorkamanii dha"²³ jechun tumee jira.

Jecha 'namni kamiyyuu' jedhu nama uumamaa fi dhaabbilee qaama seerummaa qaban kan ibsu yoo ta'u 'kaayyoo kamiifuu' kan jedhu immoo hojii daldalaatiifis gurmaa'uun akka

²¹ Suyoum yohanis, On Formation Of The Shares Company In Ethiopian,Addis Ababe, July ,2008

²² Getahun Seifu,Revisiting Company Law with the Advent of Ethiopian Commodity Exchange(Exc), An Overview(2010) 4(1)Mizan Law Review 106.

²³ Miil-jalee olii lakkofsa 7ffaa kwt.31

dandaa'amu agarsiisa.²⁴ Mirgi dhaabbilee daldalaan gurmaa'uun kun heera mootummaa kwt 41(2) irratti tumaa jiru; “*Lammiin Itoophiyaa kamiyyuu biyyattii keessatti sochii dingadee kamiyyuu irratti bobba'uudhaa fi ittiin bulmaata isaatiif hojii filatee hojjechuudhaaf mirga qaba*” ²⁵kan jedhu yoo ilaalle lammileen dhaabbata daldala bu'a qabeessa jedhan filatani akka hojii ittiin bulmaata isaaniitti fudhachuu kan isaan dandeessisu mirga heera mootummaa kan qaban ta'uu kan hubachiisuu dha.

Dhaabbileen daldala misooma dinagdee biyya keenya keessatti gahee taphatan galmag'iinsa tarsiimoo fi imaammata misooma industiriin gaggeeffamu biyyi keenya hordofaa jirtu kanaaf baay'ee barbaachisoo dha. Sababa hanqina maallaqaa yookaan gaggeessummaan lammileen koopha koophaatti hojii hojjechuu hin dandeenye namoota kaayyoo wal-fakkaataa qabani wajjiin gamtaa'anii yoo hojjetan offisaanii fayyadanii guddina dinagdee biyya isaanii keessatti gahee tokko xabachu ni danda'u. Biyyi keenya sirna dinagdee hidhamaarraa hiikamtee tarsiimoo fi imaammata dinagdee gabaa bilisaa hojii irra oolchuu erga eegaltee asi seera daldala fi sirna gabaa kana bu'uureffatanii labsiilee, dambiilee fi hojimaata baankii fi inshuraansii bahaniin gargaaramanii dhaabbileen daldala adda addaa dhaabbachuu misooma saffisaa fi fullaa'aa biyyatti keessatti gaggeeffamaa jiru mirkaneessuun isaanii bu'aa jijiirama tarsiimoo fi imaammata dinagdee biyyatiiti.²⁶ Kanaafuu, akka waliigalaatti yoo ilaalamu gurmaa'anii hojjechuun mirga heera mootummaan eegumsi kennameef waan ta'eef lammileen sadarkaan kana irraa fayyadamanii fi guddina dinagdee biyyattiis kan mirkaneessu akka ta'utti mirga kanatti bifa seera qabeessa ta'een itti fayyadamuu akka qabnu hubachuun barbaachisaa dha.

Haalli qoodinsa dhaabbilee daldala biyyi keenya hordoftu haala biyyootni biroo hordofan wajjiin walbira qabnee yoo ilaallu dhaabbatni tokko dhaabbata daldala moo miti jechuuf biyyootni baay'een adeemsa lama hordofu. Biyyootni tokko tokko dhaabbilee kaayyoo hundefama isaaniitin adda baasu; kaayyoon isaanii hojii daldala yoo ta'e seera daldalaatiin gaggeeffamu; hojii kanaan adda ta'e kan hojjetu yoo ta'e immoo dhaabbata hojii daldalaaf hin hundoofne jedhanii waamuun seerota biroon akka bulu adeemsa taasisu qabu.²⁷ Ijoo

²⁴ Habtamu Bultii, Seera Daldala fi Heera Mootummaa,Moojulii Leenjii Leenjifamtoota Hojiin Duraatiif, Afaan Oromoottii Kan Hiike ,bara 2005

²⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 23ffaa kwt.41

²⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 24ffaa

²⁷ Simon Goulding, Company Law , Second Edition , 1999 , Cavendish Publishing Limited The Glass House, Wharton Street, London WC1X 9PX, United Kingdom ,p.205.

kanarratti biyyi akka fakkeenyaatti caqasuu dandeenyu Beeljiyeem yoo tatu, biyyootni akka Ameerikaa moo dhaabbatni daldala kaayyoo fi foormii qabatee hundeffame bu'uura godhachuun adda kan goodan malee dhaabbata daldala yookaan dhaabbata daldala hin taane jedhanii adda hin goodani.²⁸

Kanarraa kaanee goodinsa dhaabbilee daldala biyya keenyaa maal akka fakkaatu yoo ilaallu seerri daldala bara 1960 bahe dhaabbilee daldala fi dhaabbilee daldala kan hin taane jedhee bakka lamatti qooda.²⁹ Ramaddii dhaabbilee daldala biyya Faransaayi kan hordofu seerri keenya seera daldala bara 1960 bahe kwt. 10 irratti dhaabbatni daldala tokko hojii daldala beekamoo ta'anii hojjechuuf kan hundeffame yoo ta'e dhaabbata daldala jedhame kan fudhatamu yoo ta'u, dhaabbatichi waldaa aksiyonaa yookaan waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'e yoo ta'e moo hojiiwan daldala kwt. 5 irratti tarreeffaman kan hojjetu yookaan kan hin hojenne yoo ta'es dhaabbata daldala jedhame akka ramadamu ka'ee ture.³⁰ Seerri daldala haroofti garuu goodinsa kana jijiruun kwt.25 jalatti bifaa armaan gadiitin tumeera;

*No business organization shall carry on a trade which it is not permitted to carry on or which is subject to specific requirements with which the said business organization has not complied.*³¹ Kanaafuu dhaabbileen daldala kan jedhaman kannen seeraan hojii daldala irratti akka boobba'an heeyyamni akkataa seeraatin kennafee dha. Karaa biraatin dhaabbileen daldalaaf hin huunda'iin halli isaan daldala keessaatti itti hirmaachuu daanda'an kan jiru ta'uu ka'eera. Kunis keewwata 24 jalatti;

*The conditions on which not-for-profit civic organizations or other organizations not established for business purpose may carry on trade and the consequences thereof may be determined by law.*³² Kunis akka seera daldala haraawaati dhaabbileen daldalaaf hin huunda'iin carraan hojii daldala keessatti hirmaachuu qabachuu isaanii agaarsisa. Kunis seerota birootin ifaan dhaabbileen bu'aaf hin hunda'iin daldala keessatti hirmachuu nii daanda'uu jedhu yoo jirateedha. Seeraa kana bu'ureefachuun ulaaga daldala tokko irraa egamuu gutuun gara hojii daldalaatti bobba'uu daanda'uu jechudha.

²⁸ Avtar,company law(14th end.EsternBook Company,Lucknow,2004)p.77

²⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 21ffaa

³⁰ Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.10

³¹ Akkuma oliitti kwt.25

³² Miil-jalee olii lakkofsa 30ffaa kwt,24

2.2. Malummaa Dhaabbilee Daldalaa

Daldallii nama dhuunfaan yookin dhaabbatan hojjetamuu daanda'a. Seerri daldalaa dhaabbilee daldalaa ilaatalan haala dhaabbileen daldalaa daldala keessaatti itti hirmaatan kan tumuudha. Dhaabbilee daldalaa bifaa hedduu qabachuu daanda'uu. Isaan keessaa dhaabbilee daldalaa mootummaa fi dhaabbilee daldalaa dhuunfaa ta'uu daanda'uu.³³ Dhaabbileen daldalaa dhuunfaa gama isaaniitin waldaalee michummaa fi waldaalee aksiyonaa jedhamani gargar qoodamu daanda'uu.³⁴ Moojulin kunis dhaabbilee daldalaa keessaatti bifaa lamaninuu(waldaalee michummaa fi waldaalee aksiyona) hirmaatan irratti kan xiyeeffatuudha.

Akka waligalatti namootni bifaa gara garatiin daldalaa keessaatti hirmachuu barbaduu. Seera daldalaa bara 1960 bahe keessaa dhaabbilee daldalaa akaakuu jaha qofa kan turaniidha. Dhaabbileen daldalaa seera daldalaa duranii keessaati beekamti argatan keewwataa 212 jallatti tarreefaman;³⁵

1. Waldaa Michummaa Salpha(Ordinary Partnership)
2. Waldaa Keessaa Beekketti(Joint Venture)
3. Waldaa Michummaa Gamtaa(General Partnership)
4. Waldaa Michummaa Itti Gaafatamummaa Gos-Lammee(Limited Partnership)
5. Waldaa Aksiyonaa (Share Company)
6. Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e (Private Limited Company)kanneen jedhamani dha.

Akkuma tarree kana irraa hubatamutti namni gurma'ee dhaabbata hundessuun gara daldalaa seenu barbaduu tokko akaakuwwan jahan keessaa tokko filaachuu qaba jeechudha. Hata'uu malee, dhaabbileen yeroo amma biyyoota heeddu keessaatti hojiira olaan kan seera daldalaa bara 1960 bahe keessaatti beekamti hin arganne jiru. Seerri daldalaa gama isaatin lammilleen daldalaa keessaatti akka hirmataniif haala sadarkaa yeroon irraa gahee fi feedhii isaanii

³³ J.L. Stewart and M.L.Palmer, Company Law of Canada,(Toronto: The Carswell Company Ltd,5th ed.,1962) 46

³⁴ Akkuma oliitti

³⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 30ffa kwt.212

waliin deemun fooyya'aa deemu qaba. Kaanaf seerri daldalaa haroofti gama kanan fooyya'insa taasisuun tumaamera. Seerri daldalaa Itoophiyaa haroofti keewwata 172 jalatti dhaabbata daldalaa jechuun waldaa namoonni buusii walitti buusuun bu'aa hirmaachuuf barreeffama hundeffamaatiin dhaabbatuudha jechun hiikera.

A business organization is an association established through a memorandum of association by persons who bring together contributions for the purpose of undertaking an economic activity in cooperation and of participating in the profit made.³⁶ Hiikkaan kunis hiikkaa seera daldalaa bara 1960 keessaatti dhaabbilee daldalaaf kennamee irraa adda. Seera daldalaa bara 1960 dhaabbata daldala jeechun;

'Namootni lama yookaan isaa ol ta'an maallaqa walitti buusaniii tokkummaa fi gamtaadhaan hojii dinagdee hojjechuun galii fi baasii (liqaa) argamuu waliigalteen waliin qooddatanii dha' jechuun kwt 211 hiikka itti laata.³⁷ Hiikkaa laman irraa akka hubatamutti dhaabbati daldalaa jirachuuf;

- Waliigalteen jiraachuu qaba
- Buusin bu'uu qaba
- Tokkummaa fi gamtaan hojiin dinagdee hojjetamuu qaba
- Bu'aas haa ta'u kasaaraa waliin qooddachuu qabu

Akka seera daldalaa harawaatti waligalteen kan madduu barreefama hundeffamaa (memorandum of association) irraa yoo ta'uu akka seera bara 1960 baheetti immo waliigaltee michummaa(partnership) irraayyi. Akka waliigalatti seera daldalaa harawaa yeroo illaalluu dhaabbatni daldalaa waldaa namootan dhaabbatudha. Waldaan kunis namoota lama fi sana ol jiddutti kan hundeffamuudha. Waldaan kanas waldalee biraa irraa kan adda isaa taasisuu 'barreefama hundeffaamatiin' dhaabbachuu isaati. Barreefamni hundeffamaa kunis miseensota dhaabbaticha jiddutti waliigalte taasifamu yoo ta'uu akkataa seera daldalaa harawaa kewwata 173 jalatti ibsameeti sanadaa dhaabbaticha hundessuuf qoophaa'uudha.

³⁶ Seera daldalaa Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.172

³⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 35ffaa kwt.211' A partnership agreement is a. contract whereby two or more perIODI who intend to join together and to cooperate undertake to bring topther contributions for the purpose of carrying out activities of an business nature and of participating in the profits and loS8e8 ari8ing out thereof, if any. . . .

Dhaabbileen daldalaa seera daldalaa harawaa bahe keessaati beekamtti argatan torba yeroo ta'an kwt.172 jalatti ifaan tarreefamaniru. Isaanis;

1. Waldaa michummaa gamtaa(general partnership)
2. Waldaa michummaa itti gaafatatummaa gos-lammee(limited partnership)
3. Waldaa michummaa itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(limited liability partnership)
4. Waldaa keessaa beekketti(Joint venture)
5. Waldaa Aksiyonaa (Share company)
6. Waldaa dhuunfaa ittigaafatatummaan isaa murtaa'e(Private limited company)
7. Waldaa aksiyonaa nam-tokkee itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(one person private limited company)

Jijiramoota seerri daldalaa haroofti qabatee dhufee keessaa inni tokko baay'inaa fi gosoota dhaabbilee daldalaa fooyeessuudha. Akka jijiramaa kanatti seera daldalaa duranii keessaa kan ture' *waldaa michummaa salpha(Ordinary Partnership)*' akka haqamuu gochuun waldaleen harawaa lama' *waldaa michummaa itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(limited liability partnership)* fi *waldaa aksiyonaa nam-tokkee itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(one person private limited company)*' kan jedhaman seera daldalaa harawaa keessaatti itti dabalamanii jiru.

Dhaabbileen daldalaa kunnin akka waliigalatti bakka gurgudaa lamatti qoodamuu daanda'u. Isaaniis waldaalee michummaa(partnership) fi waldaalee aksiyona jedhamu.Waldaalee michummaa jedhaman keessaa kan seera daldalaa harawaa keessaatti argaman; waldaa michummaa gamtaa(general partnership), waldaa michummaa itti gaafatatummaa gos-lammee(limited partnership), waldaa michummaa itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(limited liability partnership) fi waldaa keessaa beekketti(joint venture)kan jedhaman yoo ta'an waldaalee aksiyonaa kan jedhaman immo; waldaa aksiyonaa (share company) ,waldaa dhuunfaa gaafatatummaan isaa murtaa'e(private limited company) fi waldaa aksiyonaa nam-tokkee itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(one person private limited company) kan jedhamaniidha

Gaaffilee Marii

1. Barbachisummaa fi faayidan dhaabbilee daldalaa hiikkaa itti kennuu maali?
2. Dhaabbatni tokko akka daldalatti galma'uun faayida isaa akkamittii maddaltu?
3. Dhaabbatni daldalaa tokko erga galmee daldalaa irratti galma'ee booda halootni itti akka daldalaa keessaatti hin hirmannee ittifamuu jira?
4. Beekan tokko "*A business organization does not arise merely from assuming a certain status such as by virtue of several persons being heir to a single person or by being joint owners, rather only by deliberate act'* jechun dhaabbilee daldalaa hiikkera. Hiikkaa kana bu'uura seera daldalaa harawaa kwt.172tin xiinxalaa.

2.3. Amaloota Dhaabbilee Daldalaa Akka Waliigalati

Dhaabbileen daldalaa amaloota ittiin dhaabbilee ykn waldaalee biroo ykn dhaabbilee daldalaa hin tahn irraa ittiin adda bahan qabu. Amalootni kunninis seera daldalaa harawaa keessaatti hammatamanii argamu.

1. **Namummaa(legal personality);**-dhaabbileen daldalaa namummaa miseensota isaanii irraa adda tahee qabu. Namummaa kanas kan goonfatan galmee daldalaa irratti yoo galma'an tahuu seerri daldalaa keewwata 175 jalatti tuumera.³⁸ Namummaa qabachuun isaaniiakkuma qaama namummaa seeraa qabuu kamiiyuu dhaabbileen daldalaa mirgoota yerooma galmee daldalaa irratti galmaa'an goonfatu qaba. Fkn, mirga himachuu, mirga himatamuu, mirga qabeenya horachuu,mirga bakka bu'aa filachuu fi kkf.³⁹ Akka seera daldalaa biyya keenyatti dhaabbileen daldalaa jiran torba keessaa waldaa keessaa beekkettin alaatti galmee daldalaa irratti waan galmaa'aniif namummaa nii qabu jechudha.⁴⁰ Walumaagalatti kaayyoon guddaan dhaabbilee daldalaa lubbuu malleeyyi ta'an akka lubbuu qabeeyyitti namummaa akka qabatan ta'eef mirgaa fi dirqamaa akka qabatuu fi qabeenya akka hooratuu taasisuufi. Kun immoo dhaabbileen

³⁸ Seera daldalaa Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.175- All business organizations other than joint venture shall acquire legal personality upon registration in the commercial register.

³⁹ J.L. Stewart and M.L.Palmer, Company Law of Canada,(Toronto: The Carswell Company Ltd,5th ed.,1962) p.46.

⁴⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 38ffaa kwt.174 fi 175 waliin dubbisuun

namootni baay'een miseensa itti ta'an of daanda'ee maqaa tokkon akka hojii daldalaa keessatti hirmaatu isaa dandeessisa.⁴¹

2. **Barreefamaa Hundeefama(Memorendum of Association);**-seerri daldalaa barreefamaa hundeeffama jechuun barreefama dhaabbata daldalaa dhabuuf qoophaa'u tuu kwt.173 irratti bifaa itti anuun ibseera; *A memorandum of association is an instrument drawn up to establish a business organization.*⁴² Dhaabbatni daldalaa dhaabbatuu kun immo waldaa namni tokko ykn namoonni lama fi sana ol walitti dhufaanii waliigaltee uumun, buusii busuun, koophatti ykn gamtaan hojii dinagdee hojjechuun bu'aas haa ta'u kasaaraa waliin kan qooddataniidha.
3. Taksiin bu'aa waldichaa irraa fi bu'aa dhuunfaa misensota irraa kan kafaalamuu tahuu(Separate taxable entity leading to double taxation)
4. Miseensotni buusii buusan irratti hunda'uun bu'aa kan qoodatan tahuu(earnings distributed in the form of dividends)

Gaaffilee Marii

1. Garaagarumma dangaan rawwaatinsa seera daldalaa duraanii fi harawaa jiddu jiru akamitti madaltuu?
2. Dhaabbatni deeggarsa manguudotaf kennuu '*Gadaa Robaa*' dhaabbata 'Action Aid Ethiopia' wajjiin ta'uun namoota mana dhabeenyii daandii irra jiratan gargaaruuf mana maxxansaa '*Namni Namaf*' jedhu yoo hundeessan haala hiikkaa seera daldalaa harawaa kwt 24 fi 26'n waldaa daldalaa jedhamuu ni danda'a?
3. Seerri daldalaa haroofti fallaa seera daldalaa bara 1960 bahe dhaabbilee daldalaa hundeessuuf daanbiin ittiin bulmataa barbachisaa miti jeechun akka ulagaaa hundeefamatti osoo hin ka'iin dhiseera. Seerichi maalif tarkaanfii akanaa akka fuudhatee ibsuun xiinxala.
4. Garagarumman barreefama hundeefamaa fi daanbii ittiin bulmataa dhaabbilee daldalaa maal akka tahe tokko tokkon kasuun irratti maari'adha
5. Dhaabbatni daldalaa tokko osoo seeran hin heyyamaminiif daldalaa keessaatti hirmaachun itti gaafatamummaa hoordofsisa?
6. Dhaabbatni daldalaa tokko heyyamni daldalaa seeraa alaa yoo jala dhorkamee ykn hin haroofamu jedhame mana murtiitti himaachuu daanda'a?

⁴¹ Miil-jalee olii lakkofsa 14ffaa

⁴² Miil-jalee olii lakkofsa 38ffaa kwt.173

7. Dhaabbatni daldalaan tokko heeyyamaa daldalaan sobaa qabatee yoo argamee nii himaatama?
8. Bu'uura seera daldalaan harawaatiin hiikkoon jecha dhaabbilee daldalaaf(business organization) kennname amala dhaabbilee daldalaan hundumaa ni ibsa jettanii yaadduu? Maaliif?
9. Barreefamni hundeefamaa eessaa ta'uu qaba?
10. Waldaalee seera daldalaan harawaatiin beekkamti argatan keessaa waldaan ogeessonni seeraa tajaajila abukaatummaa kenuuf waliin ta'anii hundeessuu danda'an waldaa kam jettu?
11. Bu'aan namummaa(legal personality) argachuu irraa argamuu maali?
12. Dhimma obbo Galgaloo Birbirsa fi Obbo Rooba Gichillee gidduu tureen waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e hojii muka baqaqsuu irratti bobba'uuf kan karoorfatee hundeeffame yoo ta'u meeshaan muka itti baqaqsan walddiicha jalaa sabaaba saamameef walddiichi erga hundeeffame waggaafur kan lakkofsise yoo ta'ees hojii qabatama keessaa galuu hin dandeenye. Dabalataan, miseensootni buusii dabalataa buusaa jedhamanii waan buusuu dhabaniif waldbaddee cimaan uumameera. Kanaaf, walddiichi akka diiggamu jechuun obbo Galgaloo Birbirsa himanna dhiyeessaniru. Sababootni dhiyaatan kunneen sababoota waldaa diiggsisuu danda'anii dhaa?

Boqonnaa Sadii

Waldaalee Michummaa(Waldaalee Sharikaa)

Seensa

Seera daldalaar harawaa keewwata 174 irratti dhaabbilee daldalaar taarrefaman keessaa kannen lakkofsa 1-4 jiran akka waldaalee michoommatti(sharikaatti)fuudhatamu.Waldaaleen kunninis amaloota akkamii fi haala kamiin akka hundeefaman seera daldalaar harawaa kwt.183 hanga kwt.244 jalatti xinxalamaniru.⁴³ Seera irratti xiyyefannan itti haa kennamu malee waldaalee michummaa kannen keessaa baay'inaan hojii irraa kan oluu waldaa michummaa gamtaa (general partnership) kan jedhamudha. Waldaa michummaa itti gaafatatummaan isaa murtaa'e (limited liability partnership) kan jeedhamu waldaale harawaa seera daldalaar harawaan beekkamti argatan keessaa tokko yoo ta'uu hojiirra olman isaa of duratti kan ilaalamu ta'a. Sababootni waldaaleen michoomma baal'inan hojiirra akka hin olee taasisan keessaa tokko waldaalee michummaa itti gaafatatummaa hin murtoofne(unlimited liability) yaada jedhu kan qaban waan tahanif. Kana jechun qaabenyi waldaan michummaa qabu idaa(debt) irraa jiru kaffaluu kan hin daandenye yoo ta'ee qaabenyi dhuunfaa miseensota waldaa idaa kana kaffaluuuf oluu nii daanda'a. Kana jechun miseensonni waldichaa idaa waldichaatiif itti gaafatatummaa qeenxee fi waliinii(joint and several liability) qabu. Kaanafuu abbootin qabeenya waldaaleen michummaa idaa isaaniitif qabeenya dhuunfaa isaanii dhabsiisuu waan daanda'uuf kaallatti kanan daldalaar keessatti hirmaachuu hin barbadaan.⁴⁴

Saababni bira waldaaleen michummaa biyya keenyatti akka hin baabal'anne taasisaan sirna kaffaltii taaksii fi gibirati.Biyyoota birootti waldaaleen michummaa baal'inan kan hunda'aniif kaffaltii gibiraa fi taaksiin walqabatee faayida waan isaaniif qabuf.Kunis waldaaleen michummaa taksii hin kaffalan.⁴⁵ Miseensota waldichaatu gahee isaanii irraa taaksii isaan gahu kaffaluu. Yeroo akanaa waldaaleen daldalaar '*dhaabbata dabarsaa(pass through)*'

⁴³ Seera daldalaar biyya keenya bara 2021 bahe kewt 174 irraa hubachuun akka danda amuti; General partnership (Waldaa Shariika Gamtaa) , Limited partnership(Waldaa Shariika Itti Gaafatatummaa Gos-Lammee), Limited liability partnership(Waldaa Shariika Itti Gaafatatummaan isaa Murtaa'e fi Joint venture(waldaa keessaa beekketi)

⁴⁴ William J.Carney, Limited Liability, Encyclopedia of Law and Economics ,p.671

⁴⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 16ffaa fuula-7

jedhamu. Kunis taaksii barbadamuu gara michootatti(sharikootatti) dabarsuun gahee isaanii irraa akka kaffaalan waan taasisuuf.⁴⁶ Akka yaada barreessaa moojulii kanatti sababoota armaan olii kanaf, ‘*waldaaleen michummaa itti gaafatamumman isaanii kan hin murtoofne tahuun isaa miidhan geessisuu bu’aa biraatin yoo bakkaa hin bunee daldalootni waldaa michummaa dhabuuffeedhi gudaa hinqabatan.*’

Kanafuu leenjifamtonni xumuraa boqonnaa kana irratti;

- Malummaa waldaalee michummaa adda basuun nii hubatuu;
- Akaakuwwan waldaalee michummaa seera daldalaa harawaa jalatti hammataman irratti hubannoo nii argatuu;
- Amalota waldaalee michummaa akka waliigalatti nii hubatuu;
- Ulagawwaan seera daldalaa harawaa keessaatti waldalee michummaa hundeessuf ka’aman nii hubatuu
- Haala hundeefama, mirgaa fi dirqamaa miseensota,haala hooggansa waldaalee michummaa fi haala diiggaminsaa isaanii irratti tumalee seera daldalaa harawaa jalatti hammataman adda bafachuun nii xinxaluu;

3.1. Amaloota Bu’uura Waldaalee Michummaa

Kutaa darbee keessaatti amaloota waliigala dhaabbileen daldalaa waliin qaban ilaaluun keenya nii yaadatama.Hata’uu malee waldaaleen michummaa amaloota dhaabbilee daldalaa kan irraa adda isaan taasisan qabu. Amaloota kannenis akka armaan gadiiti ilaala;

1. **Waldaaleen michuummaa walitti dhufeenyaa dhuunfaa irraatti hunda’uu isaanii:-** waldaaleen michummaa keessaatti kaayyoon gudaan walitti dhufeenyaa ,firummaa ykn hiriyumma jiru itti fuufsiuuf hojii daldalaa keessatti hirmaachun toofta bu’aa itti argataniidha.Namootni waldaalee michummaa keessaatti miseensa ta’an kan affeeraman kannen wal-amantaa wal-irraa qaban yoo ta’an kunis walitti dhufeenyaa, firummaa ykn hiriyummaa qaban irraa kan madduudha. Waldaalee aksiyoonaa keessaatti garuu namni tokko miseensa(abba aksiyoonaa) kan ta’uu waan maallaqaa qabuf(aksiyoonaa bitachuu daanda’uf) malee waan fira ykn hiriyyaa ta’eef miti.

⁴⁶ Robert C, Art, Conversion and Merges of Disparate Entities ,76 Wash L. Rev.(2001)p.359

Kanarra ka'uun waldaaleen **michummaa eenyumma(intitue personae)** tahuu isaanii agaarsistun inni guddaan yeroo shariiknni tokko waldaa keessaa du'ee, murtiin kasaraa seeraan itti murta'ee ykn mirgii daldaluu isaa seeraan dhoorkame waldaan michummaa diiggamuu isaati. Kun immo akka seera daldala keenyatti waldaa michummaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e (limited liability partnership) alatti waldaalee michummaa hafaniif kan hoojjetu ta'uu seera daldala harawaa kwt.205(b,d),kwt.220,fi kwt.242(1,d) irratti tuumamera.⁴⁷ Hata'uu malee miseensotni waldaa michummaa barreefama hundeffamaa isaanii keessatti shariiknni sababaa gara garatiin bahu yoo jiratee waldaan ossoo diiggaamin itti fufna jedhanii waliigalu ni daanda'uu. Bakka waliigalten kun hin jireetti garuu sirni hoijetu(default rule) kan ta'uu yeroo shariikni tokko waldaa keessaa du'ee, murtiin kasaraa seeraan itti murta'ee ykn mirgii daldaluu isaa seeran dhoorkame waldaan michummaa diiggamuu isaati.

Amaalli bira waldaaleen michummaa waliitti dhufeenza dhuunfaa irratti hundaa'uu isaa agaarsisuu yoo michuun tokko gahee isaa nama biraatif dabarsuu barbadee jalqaba miseensota hundaan fuudhatama argaachuu(mirkaanna'uu) qaba.Kunis seera daldala harawaa kwt.193,220,233 fi 237 irratti haala ifaa taheen waldaalee michummaa hundaf kan hoojjetu tahu ka'amer. Fallaa kana waldaalee aksiyoonaa keessaatti yoo barreefama hundeffamat danga'een alatti abbaan aksiyoonaa(miseensi waldaa aksiyoonaa) aksiyoonaa isaa nama biraaf dabarsuu akka daanda'uu ka'ameera.⁴⁸

2. Itti gaafatamumman Michoota(Shariikota) kan murtaa'ee tahuu dhabuu(unlimited liability)- itti gaafatamumma danga'ee (murta'ee) jechun namni ykn waldaan tokko miidhaa gahee hundaf akka itti hin gaafatamne adeemsa dangaan itti taasifamuudha.⁴⁹ Sabaabni itti gaafatamumma kana dangessuu barbaachiseef namootni ittigaafatamumma soodatanii daldala keessaatti hirmaachuu akka hin dhifneef. Amallii bira waldaalee michummaa waldaalee aksiyoonaa irraa adda isaan taassisuu itti gaafataamumman isaanii kan hin murtoofne(hin dangoofne) tahuu isaati. Kunis idaa waldaa michummaa irraa jiru

⁴⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.205- **Grounds for Dissolution of Partnership** -1(d) A partner dies or is declared bankrupt by the court or loses legal capacity to be a partner; Article 220. **Applicable Provisions of this Code**- Subject to the foregoing provisions, the provisions of Article 187-211 of this Code shall apply to a limited partnership as appropriate , **Article 242. Grounds for Dissolution of Joint Venture** - d) death, bankruptcy or incapacity of a partner, in the absence of an agreement to continue the partnership;

⁴⁸ Akkuma oliitti kwt.276(1)-Provisions may be made in the memorandum of association or by resolution of an extraordinary general meeting restricting the free transfer of shares.

⁴⁹ L.C.B,Gower,s Principles of Modern Company Law (5th ed,London, and Maxwell 1999)p.11

kaffaluuf qabeenyi waldichaa gahaa yoo hin tanee shariikotni qabeenya dhuunfaa isaanii irraa akka kaffaalan waan taasifamaniif. Waldaalee aksiyoonaa keessaatti qaabenyi waldaa fi abbaa aksiyoonota adda adda. Waliigalten qamaa sadaffaa waliin kan seenamu maqaa waldichaan malee maqaa miseensotatin miti. Idaa waldichaa irraa jiru kaffaaluf yoo qabeenyi waldichaa gahaa hin tahin qabeenya dhuunfaa miseensota irraa hin kaffalamuu.

3.2. Gosoota Waldaa Michummaa(Shariika)

Kutaa olii irratti seera daldalaan kewwata 174 irratti dhaabbilee daldalaan taarrefaman keessaan kannen lakkofsa 1-4 jiran akka waldaalee michummaatti akka fuudhataman ilaaleran. Waldaaleen kunninis amaloota akkamii fi haala kamiin akka hundeffaman seera daldalaan kwt.183 hanga kwt.244 jalatti xiinxalamaniruu.⁵⁰ Kaayyoon seerri daldalaan fooyya'eef keessaan inni tokko waldaalee michummaa harawaa itti dabaluun namootni daldalaan keessaatti hirmaachuf filannoowwan hedduu akka argatan gochuun guuddina dinagdee biyya keessaatti akka hirmaatan taasisuufi.

Gama kanan muxxannoo biyoota biroo yoo ilaalle, biyya Jarmanitti gosoota waldaalee michummaa afurtu jira.⁵¹ Isaaniis;

1. Waldaa michummaa hariiroo hawasaa(civil partnership)
2. Waldaa michummaa gamtaa (general partnership)
3. Waldaa michummaa itti gaafatatumummaan isaa murtaa'e (limited liability partnership)
4. Waldaa michummaa sagalee malessaa(silent partnership)kan jedhamaniidha.

Waldaan michummaa hariiroo hawaasa biyya Jarman keessaatti seera hariiroo hawasaa keessaatti kan argamuu yoo ta'uu kaayyoon isaas guutumatti hojiiwwan daldalaan hin tanee irratti bobba'uudha. Waldaa michummaa gamtaa (general partnership) fi waldaa michummaa itti gaafatatumummaan isaa murtaa'e (limited liability partnership) immo waldaalee michummaa seera daldalaan Itoophiya harawaa keessaatti ibsamaanin amalaan fi bocaanis walfakkatoodha.⁵² Waldaan michummaa sagalee malessaa(silent partnership) kan

⁵⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 47ffaa kwt.174. Waldaa Shariikaa Gamtaa , Waldaa Shariika Itti Gaafatatumummaa Gos-Lammee, Waldaa Shariika Itti Gaafatatumummaan isaa Murtaa'e fi waldaa keessaan beekketti

⁵¹ Beind Ruster(ed), Business Transaction in Germany, 2001, Newyork,p.22

⁵² Akkuma oliitti

hundeffamu nama mana daldalaqabu fi nama biraakappitalaa daldalaaf barbachisuu nama kanaf dhihessuu waliin waliigalte taasifamun.Bu'aa argamuus akkataa waliigaltee isaanitini qoodatu.⁵³

Gara Faransaayitti yeroo dhufnuu immo waldaalee michummaa gosoota afur kan jiran yoo ta'uu kannen keessaati lama seera hariiroo hawasaa keessaatti kan argaman yoo ta'uu laman hafan immo seera daldala keessaatti argamuu.Seera hariiroo hawasaa keessaatti kan argaman;

1. Waldaa michummaa daldalaaf hin dhaabanne(non- commercial purpose) fi
2. waldaa michummaa dhoksaa(undisclosed partnership)⁵⁴

Waldaaleen michummaa seera daldala keessaatti argaman immo;

1. Waldaa michummaa gamtaa (general partnership)
2. Waldaa michummaa itti gaafatatummaa gos-lammee (limited partnership)⁵⁵

Faransay keessaatti waldaa michummaa daldalaaf hin dhaabanne(non- commercial purpose) waldaa michummaa hariiroo hawasaa(Civil partnership) biyya Jarman keessaatti argamun walfakkataadha.Halumaa walfakkatuun waldaa michummaa dhoksaa(undisclosed partnership) biyya Faransay keessaatti argamuu waldaa michummaa sagalee malessaa(Silent partnership) biyya Jarman keessaatti hojii irraa oolee waliin walfakkenya qabu.⁵⁶Waldaaleen seera daldala keessaatti argaman; waldaa michummaa gamtaa (general partnership) fi waldaa michummaa itti gaafatatummaa gos-lammee(limited partnership) biyyoota lamanis walfaakkenya qabu.

Ingiiliz keessaatti immo waldaalee michummaa gosaa sadii seeroota yeroo adda addatti bahaniin tumaaman jiru. Isaaniis;

1. Waldaa michummaa gamtaa (general partnership)
2. Waldaa michummaa itti gaafatatummaa isaa murtaa'e (limited liability partnership)
3. Waldaa michummaa itti gaafatatummaa gos-lammee(limited partnership)

⁵³ Miil-jalee olii lakkofsa 51ffaa

⁵⁴ Jasques Heenen,Partnership and other Associations for profit,in international Encyclopedia of Comparative Law,Business and Private Associations,Vol.13, chapter 1,p 76

⁵⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 16ffaa fuula-37

⁵⁶Koen Geens and Bart Sarveas,Corporations and Partnership in Belgium(Kluweer Law International)1997 ,p.166

Biyya Ingiliiz keessaatti waldaaleen kunniin bifaa seera daldalaatin iddooye tokkotti tumamanii ta’uu bataniis waldaalee michummaa isaaniin walfakkatan biyya Jarmani fi Faransay keessaatti argamaniin baay’ee walfakkaatu.⁵⁷

Gara biyya keenyatti yeroo deebinuu wanti adda taasisuu waldaaleen michummaa hundi seera daldala keessaatti argamuu isaaniti. Seerri daldala keenya baal’inan seera biyya Faransay irraa kan warabamee fi walfakkaatu ta’uus waldaan michummaa harawaa seera daldala harawaa keessaatti hammatamee, waldaa michummaa itti gaafatatumummaan isaa murtaa’e (limited liability partnership), seera biyyaa Ingliz irraa kan fuudhatamedha. Kanatti aansuun waldaaleen michummaa seera daldala keenya keessaatti argaman amalota fi bocaa akkamii akka qaban ilaala.

i.Waldaa Michummaa Gamtaa (General Partnership)

Waldaa Michummaa gamtaa dhaabbata daldala barreefama hundeffaman dhaabbatu ta’ee galmee daldala irratti waan galma’uuf namummaa miseensota isaa irraa adda ta’ee kan qabudha. Miseensonni waldichaa idaa waldichaatiif itti gaafatatumummaa qeenxee fi waliinii kan itti qabataani dha.⁵⁸ Barreefamni hundeffama waldichaas ulaagaa seera daldala kwt.185 jalatti ta’aan guutachuu qaba. Qabiyyeewan barreefama hundeffamaa keessaa gurguddoon; maqaa waldaa michummaa, teessoo waajjira mummichaa, lamummaa fi teessoo michoota(shariikota), kaayyoo waldaan dhaabbateef, buusii michootni taasisan, haala bu’aa fi kisaraan itti qoodamu fi turtii yeroo waldichi dhaabbateef kan hammatee ta’uu qaba.⁵⁹ Maqaan waldichaa miseensota waldichaa ta’an kan of keessatti qabatee yoo tahu buusiin maallaqaan ykn bifaan tahuu daanda’a. Tilmaamni buusii bifaan taasifame waaligaltee miseensotan kan murta’uudha. Mirgaa fi dirqamni shariikotaa seera daldala harawaa keessatti haala ifa ta’een ibsamee jira. Seera daldala duraanii jalatti garuu gara mirgaa fi dirqama miseensota waldaa ‘ordinary partnership’ jedhutti waan akeekuuf iftoomina hin qabu. Mirgaa fi dirqama shariikota keessaa gurguddoon;⁶⁰

- ✚ Bu’aa fi kisaaraa argamuu nii qoodatu
- ✚ Walgahii irratti hirmaachuu

⁵⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 54ffaa

⁵⁸ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.183

⁵⁹ Akkuma oliitti kwt 185

⁶⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 58ffaa kwt.190-

- ✚ Waldichi yeroo diiggaamuu gahee ofii fi bu'aas qoodachuu
- ✚ Gabasoota raawwii hojii waadichaa agaarsisaan qoorachuu
- ✚ Dirqamaa buusii kaffaluu
- ✚ Idaa waldichaaf dhuunfaa fi waliin ittigaafatatumummaa qabachuu
- ✚ Yaada gaarii fi kutannoon hojjeechuu
- ✚ Goochota waadichaa miidhan irraa of quсаachuu

Michuu(shariika) harawaa gara waldichaatti makuuf waliigaltee miseensota hundaa kan barbaduu yoo ta'uu gahee isaa miseensota biroof ofuman dabarsuu nii danda'a.⁶¹ Waldaan michummaa gamtaa hojii gaggesaa tokko ykn tokko oliin hoogganamuu danda'a. Hojii gaggeessan filatamuus miseensa waldichaa tahuu dhisuu danda'a. Hojii gaggeessan hojiwwan waldicha ilaalatan hundaa nii raawwata.⁶² Hojii gaggeessan aangoo isaaf kennameen alattii darbe yoo faayadame itti gaafatatumma dhuunfaa qaba. Walgahii gaggeefamu irratti miseensi hundi sagalee walqixa kan qabu yoo tahu akaata qodaa qabaniin garuu waliigalu daanda'u. Murtiin sagalee calmaan kan kennamu ta'us dhimmotni akka barreefama hundeffamaa jijjiruu fi abuukatoo qaxaruu garuu sagalee gutuun deegaramu qabu.⁶³

Waldaan michummaa gamtaa sababoota adda addaatin diiggaamuu akka danda'uu seera daldalaar harawaa keessaatti ifaan ka'ameera. Sababoota kannen keessaai gurguddoon; miseensota keessaai tokko yoo du'ee ykn seeran murtiin kisaaraaa yoo itti kennamee, kaayyoon waldichi dhaabbateef yoo milka'ee ykn milka'uu hin daandenye ta'ee, turtiin yeroo dhaabbateef waan xumurameef yoo waliigalteen dheeratu bate, miseensonni akka diiggamuu yoo waliigalan, manni murtii akka diiggaamuu yoo ajajee fi kkf dha.⁶⁴ Qulqulleessaa heerregaa waliigaltee miseensota waldichaatin ykn mana murtiin muudamuu akka danda'uu kwt.207 jalatti ka'aamera. Qulqulleessan kunis aangoo fi gaheen armaan gadii kana akka qabu seerri daldalaar haroofti ifaan ka'eera.⁶⁵

- ✚ Tarree qabeenyaa qoopheessuu(inventory)

⁶¹ Miil-jalee olii lakkofsa 58ffaa kwt.194

⁶² Akkuma oliitti kwt 198-199

⁶³ Miil-jalee olii lakkofsa 58ffaa kwt.204

⁶⁴ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.205

⁶⁵ Akkuma oliitti kwt.208-211

- Galii walitti qabuu,
- Dhaabbaticha bakka bu'uu
- Idaa kaffaluu
- Gahee buusii maallaqaa muummee miseensotaa gosaa ykn tilmaamaan deebisuu
- Bu'aa argamu miseensotaaf qooduu kkf.

Walumaagalatti seerri daldala haroofti waldaa michummaa gamtaa akka moodela waldaa michummatti fuudhachun tumaawan seeraa isaa jala jiran akaataa barbachisummaa isaanitti waldaalee michummaa kan biroo irratti raawwatinsa kan qabatan ta'uu tumeera.⁶⁶

Gaaffilee Marii

1. Obbo Dabalaan ,Danbalaa fi Diribban waliin ta'uun dhaabbata daldala michummaa '*Dhaabbata Daldala Waliigala(Gamta) Dabalaan ,Danbalaa fi Diribba*; jedhamu hundeessaniiru. Dhaabbatni daldala kun hojii daldala irratti waggoota lamaf kan hirmaatee yoo ta'uu bu'aa calaa kisaaraa heedduf saxilameera. Obboo Dabalaan miseensa waldaa ta'uun yeroo dhaabbata armaan olii kana hundeessanitti umriin isaanii waggaa 14 ture. Abbootiin qabeenya baay'een maallaqaa waldaa kanaf liqqeessaan waan hin kaffalamnef dhimmicha gara mana murtiitti geessuu barbaduu.
 - a. Abbootiin maallaqaa waldaa kanaf liqqeessaan maallaqaa isaanii eenyun gaafachuu danda'uu?
 - b. Waldichi maallaqaa kan hin qabne yoo ta'e miseensota sadeen keessaa maallaqaa gaha kan qabu obbo Danbalaa qofa. Kanaf qamooleen maallaqaa waldaa kanaf liqqeessaan obbo Danbalaa qofa himaachuu danda'uu?
 - c. Obbo Dabalaan sababaa umriin isaanii daldalaaf hin genyee kasuun waldaan dhaabbate waggaa lama booda akka diiggaamuu mana murtiitti iyaataniru. Sabaabni kun fuudhatama qaba?
 - d. Waldaan kun daa'imman filuun karaa seeraa alaatin biyya alaatti kan ergu yoo ta'ee itti gaafatatummaan isa seera daldalaatin akkamitti mirkaanna'uu danda'a?

⁶⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 58ffaa kwt.220,223,244,

ii.Waldaa Michummaa Itti Gaafatamummaa Gos-Lammee(Limited Partnership)

Waldaan michummaa kun waldaa michummaa gamtaa fakkatuu ta'ee miseensota bif a lama kan of keessaatti hammateedha.Kunis miseensa itti gaafatamumman isaa murta'ee fi miseensa itti gaafatamummaan isaa hin murta'iin. Miseensi itti gaafatamumman isaa hin murta'iin akumaa miseensota waldaa michummaa gamtaa keessaatti argamanii tokko tokko idaa waldiichatif itti gaafatamummaa qeenxee fi waliinii kan qaban yoo ta'uu miseensotni itti gaafatamumman isaa murta'ee garuu hanguma buusi waldichaaf busaan qofa irratti.⁶⁷

Hata'uu malee miseensi itti gaafatamumman isaa murta'ee maqaa waldichaa irratti maqaan isaa akka galuu yoo taasisee ykn hojii waldichaa hoogganuu irratti yoo hirmaate itti gaafatamumman isaa kan hin murtoofne taha.⁶⁸ Karaa biraatin waldaan michummaa itti gaafatamummaa gos-lammee gamaa tokkon waldaa michummaa gamtaa kan fakkatuu yoo ta'uu gamaa biraan immo waldaa keessaa bekkeetti fakkaata. Kunis laman keessaattu miseensi (shariikni) dhokataan jirachuu isaati.

iii. Waldaa Michummaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e (Limited Liability Partnership)

Waldaa michummaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e dhaabbilee daldalaar harawaa seera daldalaar harawaa keessaatti beekamtti argatan keessaa isaa tokko.Itti gaafatamummaan miseensotaa hanga buusii isaaniitiin kan murtaa'u dha. Waldaan kun namootni ogummaa walfakkataa qaban kan ittii gurma'uun tajaajila ittii kennaniidha.⁶⁹ Waldaan michummaa kun waldaa daldalaar namoonni lama ykn lama ol tajaajila ogummaa fi taajajilawwan deeggarsa ogummaa kenuuf hundeessaniidha. Ogummaa(proffession) jechuun maal jechu akka tahee seerri daldalaar kwt.221 jalatti bifaa itti aanun hiikkaa ittii kennera;

'Professional service shall, in the context of this partnership, mean a service provided based on a professional license granted by an appropriate organ; and Complementary service shall mean a related service that falls under one or more professions and is necessary to provide the professional service'.⁷⁰ Kanaafuu akka hiikkoo kana irraa hubatamutti ogummaa jechun qaama dhimmii ilaaluun heeyyama kan argatee yoo ta'uu hojiwwan taajajila ogummaa

⁶⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.212

⁶⁸ Akkuma oliitti kwt.213 fi 218(3)

⁶⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 67ffaa kwt. 211

⁷⁰ Akkuma oliitti kwt.221

barbadamee kennuf hojiiwan deeggaranis kan dabalatuu ta'uu agaarsisa. Eenyuutu miseensa waldaa kana tahuu daanda'a kan jedhu kan murteessuu daanbii fi seeraa keenningsa heeyyama waldaa san hoogganuudha. Kana ilaachisuun hayyuun seeroota biyyoota hedduu walbira qabun qoratee tokko;

'the conditions of the application of this regime are settled by each profession by special decree without which the law is not applicable to the particular profession' jechuun ibsra.Kana jechuun waldaa michummaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e eenyuu miseensa akka tahu kan murteessuu ogummaan daanbii fi seeraa itin bulmataa of daanda'ee yoo qabatedha.⁷¹ Akka faakkeenyatti; ogummaa Oditii, yaala fi seeraa tahuu danda'a.

Barreefamni hundeffamaa waldichaa dhimmota seera daldala kwt.185 jalatti tarreefamanin ibsamuu qaba. Dabalataniis heeyyamaa ogummaa fi akaakuun ogummaa heeyyamni miseensota waldichaaf itti kenname ibsamuu qaba.⁷² Yoo miseensonni waliigalan miseensi waldicha waldaa biraa tajaajila waalfakkata kennuf hundeffame biraa keessaatti miseensa tahuu akka danda'u seerri daldala kwt.227 nii agarsiisa.

Mooggafamni waldichaa kaayyoo dhaabbatef kan agaarsisuu tahuu akka qabu seera daldala kwt.223 jalatti ka'aamera. Miseensa waldichaa ta'uu kan danda'an ogeessota heeyyama ogummaa qabanii fi waldaa michummaa itti gaafatamummaan murtaa'ee dhimma wal-fakkaataa irratti tajaajila kennudha.⁷³ Hojii gaggeessan waldichaa tahuu kan danda'u nama heeyyama ogummaa tajaajila waldichi kennuu qabu qofa.

Amaloota waldichaa keessaai inni tokko waldichi miseensota irraa qaama namummaa seeraa adda ta'e qabachuu isaati. Sababaa kanan du'uun, murtiin kisaaraa itti kennamun ykn waldaa gadii dhisee bahuun miseensa ittifufinsaa waldichaa irratti dhibbaa hin qabu.⁷⁴ Kanaaf waldaa michummaa gamtaa seera daldala kwt.205(1,b fid) irraa kan adda isa taasiisu yoo ta'u, waldaa michummaa itti gaafatamummaa gos-lammee ilaachisee garuu haala miseensota itti gaafatamummaa murtaa'ee kwt.218(7)waliin wal-fakkaata.

Miseensi ykn hojjataan waldichaa yemmuu hojii waldichaa hojjatutti ta'e jedhee ykn dagannoon goocha raawwateef miidhaa qaqqabutti waldichi abbaa miidhaa qaqqabsiise

⁷¹ Jasques Heenen,Partnership and other Associations for profit,in international Encyclopedia of Comparative Law,Business and Private Associations,Vol.13, chapter 1,p 78

⁷² Miil-jalee olii lakkofsa 67ffaa kwt.225

⁷³ Akkuma oliitti kwt.221

⁷⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 67ffaa kwt. 222

waliin itti gaafatatummaa waliinii fi qeenxee ni qabaata. Abbaan midhaa qaqqabsiise itti gaafatatummaa kan hin qabne ta'uu isaa miidhamaan kan beeku yoo ta'e garuu waldichi itti gaafatatummaa hin qabaatu. Kanan alatti waliigaltee ykn waliigalteen alaan itti gaafatatummaa dhufuuf kan itti gaafatamu waldichuma qofadha. Kanaafis waldichi haguuggii wabummaa '**insurance covarage**' qabaachuu akka qabu seerri ni tuma.⁷⁵

Waldaan kunis kaayyoo dhaabbateef galman gahuuf walgaahii gara gara kan gaggeessuu yoo ta'uu murtiin kennamufis hanga sagalee gara garatu barbaadama. Akka fakkeenyatti , barreefama hundeffama fooyyessuuf miseensota waldichaa keessaa sagalee 2/3ffaa kan barbaachisu yoo ta'uu lamummaa ykn kaayyoo waldichi dhaabbatef jijiiruuf sagaale 3/4ffaa barbaachisa. Dhimmotni biroo garuu sagaale calman murta'uu daanda'uu.⁷⁶

Seerri daldala haala miseensi waldaa keessaa itti bahuus bifaa armaan gadiit kwt.229 jalatti ka'eera;

- a. Haala addatiin barreefama hundeffamaa keessatti yoo hin ibsamne ji'a sadu dursee beeksisuun fedhii isaatiin bahuu;
- b. Yoo du'e ykn miseensi qaama namummaa qabu yoo diiggaame;
- c. Gaafattooni maallaqaa gahee isaa akkuma jirutti yoo fudhatan ykn kisaaraan yoo irraa gahe
- d. Heeyyamni ogummaa miseensicha yoo haqame ykn yeroo dheeraatif yoo dhorkame
- e. Sababa dhukkubaa ykn miidhaa qaamaatiin itti fufinsaan dirqama miseensumma bahachuu kan hin dandeenye yoo ta'e;
- f. Manni murtii akka miseensichi keessaa bahu yoo murteessedha.

Miseensi waldaa keessaa bahe gahee isaa seeraa qabeessaan qaama biraatti kan dabarse yoo hin taane idaan waldichaa erga kaffalee booda buusii fi bu'aan hafe yoo jiraate herregameefi isaaf ykn qaama bakka bu'eef kan kennamu ta'uu seerri daldala kwt.230 nii agarsiisa. Sababoutni diiggaamiinsa waldaaleetif akka waliigalatti kwt.181 jalatti eeraman akkuma jiranitti ta'anii lakkofsi waldiicha nama `tokkotti gadi yoo siqee hanga ji'a jahatti sirreessuu yoo baatan waldichi diiggaamuu daanda'a.⁷⁷ Akka waliigalatti keewwattoni waldaa

⁷⁵ Akkuma oliitti kwt. 228

⁷⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 67ffaa kwt.231

⁷⁷ Akkuma oliitti kwt.232

michummaa gamtaa seera daldalaa kwt.187-211 jiran kan akka mirgaa fi dirqamni miseensota, dirqamni buusii,gahee ofii dabarsuu, aangoof itti gaafatatummaa hojii gaggeessaa,diinggaamiinsa fi aangoo qulqulleessituu qabeenyaa akkaataa galumsa isaaniitti waldaa michummaa itti gaafatatummaan murtaa'eefis raawwatiinsa ni qabaatu.⁷⁸

iv. Waldaa Keessaa Bekkeetti(Joint Venture)

Waldaaan keessaa beekketti waldaalee kan irraa kan adda isaa taasisuu namummaa seeraan kennamuu qabachuu dhabuu isaa fi qamaa 3ffaa biratti beekamuu dhabuu isaati.Waldaan kun namoota qabeenyaa isaanii karaa icciin daldalaa keessaa galuu barbadaniif kan faayadudha. Waldaan kun waliigalte miseensota jiddutti umaamuun kan hundeffamu yoo ta'uu garuu barreefaman miti.⁷⁹ Biyyoota biroo keessaatis waldaan keessaa beekketti kan beekamu yoo ta'uu akka fakkeenyatti biyya Jarman keessaatti '*silent partnership*' jedhamun beekama. Biyya Beeljem keessaatti immo '*temporary association* and *the Sleeping Partnership*' jedhamun beekamuu. Biyya Faransay keessaatti garuu waldaan keessaa beekketti hin beekamu.⁸⁰

Waldaan keessaa beekketti guyyaa qamaa 3ffaati beekame irraa egalee akka waldaa michummaa gamtaati ilaalamu. Waldaa kana keessaa miseensa gosaa lamatu jira. Isaanis kannen ittigafatatumma murta'ee(limited liability) qabanii fi kannen ittigafatatumma murta'ee hin qabne(unlimited liability)dha. Kannen ittigafatatumma murta'ee qaban ifatti kan beekaman yoo ta'uu gareen kun garuu ifatti hin beekaman.⁸¹ Waliigalten adda yoo hin jiratiin gaheen miseensota nama biratti darbuu kan daanda'uu waliigalte miseensota hundaatin akka ta'ee seerri daldalaa kwt.237 nii akeeka.

Waldaan keessaa beekketti hooggansa miseensa hin taneen hoogganamu daanda'a. Yoo hoogganan mudamee hin jiratiin miseensonti hundi akka hoogganatti tajaajilu danda'u. Hoogganan waldaa michummaa dhimmota waldichaa ilaalatan hunda raawwachuu daanda'a⁸² Waldaan michummaa gamtaa sababoota adda addatiin diinggaamuu danda'a. Kanneen keessaa gurguddoon; murtii miseensotatin, gaheen miseensota miseensa tokkon kan dhunfatamee yoo ta'ee, du'aa, kisaaraa ykn daandetii dhabuu miseensota irraa, murtii

⁷⁸ Miil-jalee olii lakkofsa 67ffaa kwt.233

⁷⁹ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.272

⁸⁰ Koen Geens and Bart Sarvaes, p.163

⁸¹ Miil-jalee olii lakkofsa 79ffaa kwt. 272(1) & 276 (2), (4) & (5))

⁸² Akkuma oliitti kwt. 238-239 jiran walitti fidun duubisun

hoogganaatin yoo aangoon miseensotan kennamef, waldaan akka diiggaamuu miseensa tokkon mana murtiif kan dhiyaate yoo ta'ee dha. Waldaan akka diiggamuu miseensa tokkon kan dhiyaate yoo ta'ee manni murtii miseensonni hafaan gahee miseensicha kaffaaluun akka hin diiggaamnee taasisuu daanda'a.⁸³

Gaaffilee Marii

1. Dhukkubsachuun, du'uun ykn dandeettii dhabuun miseensota waldaa michummaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessaa bahuuf malee waldichaa diigguuf sababa gahaa ta'uu hin danda'u yaada jedhu ni deeggartuu? Maaliif?(kwt.229 fi 232 waliin ilaala)
2. Miseensota waldaa michummaa itti gaafatamummaa murtaa'e qaban gidduu waldidaan cimaan waliin hojjachuuf isaan hin dandeessifne yoo uumame diiggamuu waldichaatiif sababa gahaa dha moo miti?
3. Sababoota diiggaaminsa waldalee michummaa itti gaafatamummaa murtaa'e keessaa tokko '*faashala'uu kaayyoo waldichaati.*' Kaayyoon waldichaa faashala'ee kan jechuu dandenyo yoomi?
4. Seera daldalaa kwt.228(1) miseensi ykn hojjataan waldichaa yemmuu hojii waldichaa hojjatutti ta'e jedhee ykn dagannoon gocha raawwateef miidhaa qaqqabutti waldichi abbaa miidhaa qaqqabsiise waliin itti gaafatamummaa waliinii fi qeenxee ni qabaata jedha. Ogummaa seeraa fi fayyaa walqabatee badii bifaa kanan umaamu akkamitti mirkaannessuun daanda'ama?
5. Waldaa michummaa itti gaafatamummaan murtaa'ee keessaatti miseensotni yoo waliigalan miseensi waldiicha waldaa biraajila waalfakkata kennuuf hundeffame biraajila keessaatti miseensa tahuu akka danda'u seerri daldalaa kwt.227 ni agarsiisa.Hoijiwan ogummaa akka abuukatoo irratti yaadni kun yoo hojii irraa olee walitti buu'iinsa faayida fiduu hin daanda'u? kannen biroos kasuun irratti maari'adha.
6. Waldaan keessaa beeketti galmeed daldalaa irratti kan hin galmoofne fi namummaa seeraa kan hin qabne waan taheef nuuf haa diiggaamuu gaaffiin jedhu akkamitti mana murtiitti dhiyaata?

⁸³ Miil-jalee olii lakkofsa 79ffaa kwt.242 fi 243 walitti fiduun duubisuun

7. Waliigalten michummaa' *waldaa michummaa'* qofa kan jedhu yoo ta'ee fi akaakuu waldicha isaa kan adda hin bafnee yoo ta'ee haala kamiin diiggaamuu danda'a?
8. Waldaan keessaa beekketti yeroo diiggaamu qaabenyi akkamitti gargar qoodama?

Boqonnaa Afur

Waldaa Aksiyoonaa (Share Company)

Seensa

Hanga walakkaa jaarraa 16ffaatti rakkooowwan dhaabbilee hojii daldalaa qunnamaa turaniif argannoon waldaa aksiiyoona furmaata sirrii kenneera. Akkaatuma jijiiramni diinagdee, siyaasaa fi tekinoolojii saffiisaan dabalaan dhufeen dhaabbileen daldalaa carraan daldalli qabeenya ummataa guddaa sochoosuu danda'u waan dhabamaa dhufef waldaa aksiiyoona akka arganno guddaatti fudhatameera.⁸⁴ Dabalataanis rakkooowwan gama kanaan uumamanii turaniif furmaata gaarii fidee jira.

Akka waliigalaatti rakkooowwan dhaabbileen hojii daldalaa hojjetan kanneen biroo hiikuu hin dandeenye fi uumamuu waldaa aksiiyoonaatiin furmaata argatan keessaa muraasni; qabeenya ummataa guddaa sochoosuu, itti-fuufiinsaa fi sabatiinsa qabaachuu, aksiiyoona bilisaan dabarsuu, itti-gaafatatummaa daangeffame qabachuu fi hoogganaa gahuumsaa fi ogummaa qabuun hogganamuu fi kkf nii dha.

Bu'uura kanaan dhaabbatni qabeenya ummataa guddaa sochoosuu, miseensota baay'ee qabuu fi faayidaa biyyooleessaa miidhuu danda'u tasuma kan hundeeffamu osoo hin ta'in of-eegannoofi qoranno bal'aan gurmeessitoota fi hundeessitootan erga gaggeeffamee booda kan hundeeffamudha. Hojiiwan gurguddoon gurmeessitootan hojjetamuu qaban dursa yaada hojii daldalaa burqisiisuu, bu'a qabeessummaa yaadichaa irratti qoranno bal'aa gaggeessuu fi

⁸⁴Dhaabbileen daldalaa (buseness organization) akka biyya keenyatti seera daldala harawaan bekamtii argatan torbatu jira jira;isaanis;Waldaa michummaa gamtaa(general partnership), Waldaa michummaa itti gaafatatummaa gos-lammee(limited partnership), Waldaa michummaa itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(limited liability partnership) ,Waldaa keessaa beekketti(Joint venture), Waldaa Aksiyoonaa (Share company) , Waldaa dhuunfaa ittigaafatatummaan isaa murtaa'e(Private limited company),Waldaa aksiyoonaa nam-tokkee itti gaafatatummaan isaa murtaa'e(one person private limited company)

miseensota, qabeenya fi maallaqaa waldiicha hundeessuuf barbaachisan walitti qabuudha.

Dogoongorri sadarkaa hundeessu irratti uumamu dhiibbaa guddaa ummata, miseensotaa fi abbootti idaa irratti uumuu waan danda'uuf of-eeggannoo guddaa barbaachisa. Adeemsa hundeffama waldaa aksiyoonaa keessatti hojiiwan hedduu fi waliigalteewwan baay'ee walxaxaa ta'an kan raawwataman waan ta'eef faayidaa biyyaa irratti miidhaa akka hin geesinee fi adeemsichaa haala mijeessuuf tumaaleen hedduu seera daldala harawaa keessatti hammatmani jiru.Kanaafuu, tumaalee kanniin sakatta'uun dhimoota qabatamaan jiran waliin xiinxalamani kallattii fuulduraa akeekkuun dhimma murteessaa dha. Kanaaf moojulii kana keesaatti waldaalee aksiyooniin walqabatee jijiramoota seera daldala harawaa keessaatti taasifaman addan baasuun hubannoo seeroota jiru cimsuun kallattiin gara fuulduraa maal ta'uu akka qabu leenjiin mariin gabbifame ni gaggeeffama.

Walumaagalatti boqonnaa kana keessatti amaloota fi garaagarummaa waldaalee aksiyoonaa, hojiiwan gurgurdo gurmeeessitoota fi hundeesitootan raawwataman kanneen akka kappitaala fi aksiyoonaa murteessuu,barreeffama hundeffamaa wixineessuu, aksiyoonaa gurguruu fi waldaa galmeessuu akkasumas waliigalteewwan hundeesitoota fi qaama biroo waliin sadarkaa hundeffamatti raawwatamanii fi bu'aa hordofsiisuu,ulaagalee waldaalee kanneen hudeessuuf barbaachisan fi hanqinaalee sadarkaa hundeffamatti uumamaanii fi bu'aa hordofsiisuu ilaalla.

Kanaafuu, leenjii boqonnaa kanaa booda leenjiffamtootni,

- ✚ Maalummaa fi amalootaa waldaa aksiyoonaa ni hubatu;
- ✚ Tumaalee hundeffama waldaa aksiyoonaa ilaatalan seera daldala harawaa keessaatti hammataman xiinxaluun kallattii fuulduraa maal ta'uu akka qabu ni akeekna;

- ✚ Boordiin daayireektarootaa, hojii gaggeessitootni fi oditaroonti waldaa aksiyoonaa haala itti muudaman, hojiirraa ka'an, aangoo fi itti gaafatatumummaa isaanii waliin walqabatee jijiramota seeraa taasifaman irratti hubannoo qaban ni gabbifatu;
- ✚ Adeemsa yaa'iin abbootii aksiyoonaa garagaraa waamamu, aangoo, ulaagaalee, adeemsa yaa'iin itti gaggeeffamu fi murtiin yaa'iin kennname haqamurratti hubannoo qaban ni gabbifatu;
- ✚ Waa'ee sababoota waldaan aksiyoonaa itti gaafatatumuman isaa murta'ee karaa mana murtii fi karaa yaa'ii waliigalaan itti diiggamu kan akka baay'inni miseensota daangaa seeraan taa'e gadi ta'uu, xumuramu yeroo jirenyaa, xumuramuu hojii, fashalaa'uu kaayyoo fi baduu kaappitaala irratti hubannoo qaban ni gabbifatu;
- ✚ Waa'ee qulquulleessa qabeenya fi mirga liqqeessitootaa waldaan aksiyoonaan walqabatee hubannoo qaban ni gabbifatu;
- ✚ Akkaataa waldaan aksiyoonaa galmee daldalaa irraa haqamuu irratti hubannoo qaban ni dabalatu.

4.1. Malummaa Waldaa Aksiyoonaa

Seera daldalaa harawaa biyyi keenya baftee keessaatti waldaa aksiyoonaa jechun waldaa kaappitallii isaa dursee aksiyoonaan qoodamun miseensotaf ykn abbootii aksiyoonaaaf gurguramuudha. Waldaan aksiyoonaa waldaa qaabenyi waldaa fi abbaa aksiyoonota adda adda itti ta'eedha. Idaa waldiichatif yoo qabeenya waldaa aksiyoonaa kaffaaluf gahaa hin tahin qabeenya dhuunfaa miseensota irraa hin kaffalamuu. Kun kan agarsiisu itti gaafatatumumaan miseensa hanga aksiyoonichaa qofarratti kan murtaa'uudha. Itti gaafatatumumaan miseensotaas hanga buusii waldiichaf buusuuf waliigalan sana hin darbu.⁸⁵ Seera daldalaa bara 1952 bahe irratti hangi qoqqoodii(par value) ykn gatiin aksiyoonaa tokkoo gad-aanaan qar.10 kan ture seera daldalaa haarawa irratti gara qar.100tti guddatee jira.⁸⁶

Jijiramoota seerri daldalaa haroofti qabatee dhufee keessaa inni tokko baay'inaa fi gosoota dhaabbilee daldalaa fooyyeessuudha. Bu'urumaa kanan seerri daldalaa haarofti waldalee aksiyoonaa lama turan gara saditi ol guudise jira.⁸⁷ Isaaniis waldaa aksiyoonaa itti

⁸⁵ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.245 irratti hiikkaa kennamee xinxaluun

⁸⁶ Akkuma oliitti kwt.247 fi Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.306 walbirati duubisun

⁸⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 85ffaa bahe kwt.174

gaafatamummaan isaa murta'e(share company)(seera daldalaa kwt. 245– 494), waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e(private limited company) (seera daldalaa kwt.495– 533) fi kan harawaa dabalamee waldaa aksiyoonaa nam-tokkee itti gaafatamumman isaa murta'e(One person private limited company)(seera daldalaa kwt.534– 545)dha.

Waldaan aksiyoonaa amaloota mataa isaa waldalee shariika irraa adda isaa baasu kan qabu yoo ta'uu amaloota kannenis akka armaan gadiiti xinxaluuf yaala.

4.2.Amaloota Waliigalaa Waldaa Aksiyoonaa(Share Company)

Akka biyya keenyaatti, kaayyoon tumaalee seera daldalaa keessatti dhimma waldaa aksiyoonaa ilaalatan inni guddaan daldaltoota hojii investimeentii gurguddaa irratti bobba'uu barbaadaniif haala mijeessuuf akka ta'e ifaadha. Kanaaf ragaa guddaa ta'uu kan danda'u wixineessaan seera daldalaa biyya keenyaa bara 1960 bahe kan ta'e piroofeeseri *Eeskaaraan* kaayyoo tumaalee waldaa aksiyoonaa yommuu ibsan guyyaa tokko Itoophiyaan maallaqa quşannaadhaan walitti sassabatteen dhaabbata hojiwwan daldalaa guddaa hundeessuu ni dandeetti kaayyoo jedhu qabanneetti jedhan.⁸⁸

Amaloota waldaa aksiyona akka waliigalatti jiran akka armaan gadiiti xinxalluuf yaala;

- a. **Namummaa Seeraa:** waldaa aksiyoonaa IGM fi abbootiin aksiyoonaa adda adda waan ta'aniif namummaa seeraa garagaraa qaban.Waldaan aksiyoonaa kun namummaa seeraa(legal personality) kan qabu yemmuu ta'u; abbootiin aksiyoonaa qaama namummaa seeraa ykn kan uumamaa qabu.Qaamootni namummaa seeraa qofaa qofatti qabaachuun isaanii mirgootaa fi dirqamoota mataa mataasaanii akka qabaatan godheera.⁸⁹ Seeraa biyya keenyaa keessattis waldaan aksiyoonaa fi abbootiin aksiyoonaa qaamoota namummaa seeraa adda addaa qabu akkasumas mirgootaa fi dirqamoota garagaraa qabu.⁹⁰ Akkuma qaama namummaa seeraa qabuu kamiiyyuu waldaan aksiyoonaa itti gaafatamumman isaa murta'ee mirgoota yerooma galmeefamuu goonfatu qaba. Fkn, mirga himachuu, mirga himatamuu,

⁸⁸ Peter Winship(edr.Trans) Background Document of the Ethiopian Commercial code of 1960(Faculty of law, HSU A.A,1974)

⁸⁹ W.L.Church,Cases and Materials on Agency and Business Organizations Vol. II, (Unpublished Teaching Material, Haileselassie I University, 1965) p.385.

⁹⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 85ffaa kewt- 245 fi 265 irraa ilaaluun ni danda'ama

mirga qabeenya horachuu, mirga bakka bu'aa filachuu fi kkf.⁹¹ Kanaafuu, waldiichi miseensota ykn qaamota alaa biroo waliin waliigalteewwan adda addaa seenuu ni danda'a jechuudha. Dabalataanis, qabeenyi waldaa aksiyoonaa fi qabeenyi dhuunfaa abbootii aksiyoonaa adda addaa waan ta'eef abbootiin aksiiyoona qabeenya waldaa aksiyoonaa dhimma dhuunfaaf itti fayyadamuu, dabarsuu ykn wabummaaf qabsiisuu hin danda'an.⁹²

- b. **Aksiyoonaa haala salphaan kan darbu ta'uu:** Akka qajeeltootti waldaa aksiyoonaa keessatti abbootiin aksiyoonaa mirga aksiyonaa(gahee) namoota biraaf haala salphaan dabarsuu ni qabu.⁹³ Garuu akka hambifannootti waldiichi barreefama hundeffamatin daangeessuu ni danda'u. Mirgi aksiyoonaa haala salphaan dabarsuu kun eenyummaa miseensotaa irratti waan hin bu'uureffamneef dhaabbatichi amala ittii fuufiinsaa akka qabaatu taasiseera.
- c. **Gurgurtaa aksiyoonaa fi boondii qabaachuu:** Akkuma seensa moojulii kanaa irratti ibsuuf yaalametti waldaa aksiyoonaa dhaabbata hojii gurguddaa fi kappitaala guddaa barbaachisu waan ta'eef galii yaadame argachuuf namoota miseensa ta'uu barbaadaniif aksiyoonaa; kanneen miseensa taasisuuf barbaade qabsiisuu boondii(sanada liqii) gurguruun kappitaala hojiif barbaachisu guuttachuu danda'a.⁹⁴ Waldaan aksiyoonaa itti gaafatamumman isaa murta'ee aksiyoonaa fi boondii ummatatti waan gurguruuf miseensota hedduu horachuu danda'a waan ta'eef akka dhaabbilee biroo miseensonni hooggansa keessatti qooda fudhachuu hin danda'an. Gatii kanaaf waldaan aksiyoonaa itti gaafatamumman isaa murta'ee qaamolee sadiin hoogganama;- boordii daarekterootaa, yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaa fi odiitera alaatiin. Kanarra ka'uudhaan hayyoonni seeraa baay'een waldaan aksiyoona itti gaafatamumman isaa murta'ee too'annoo fi seeraa cimaa qabachuu isaa irraa kan ka'ee dandeetti dhabuun miseensota dhaabbaticha miidhaa homaatuu irraan gahuu hin dandaa'u jedhu.
- d. **Kappitaalli ka'uumsaa qarshii kuma shantama ta'uu:** Waldaan aksiyoonaa itti gaafatamumman isaa murta'ee tokko hundeffamuuf yoo xiqlaate kappitaalli

⁹¹J.L. Stewart and M.L.Palmer, Company Law of Canada,(Toronto: The Carswell Company Ltd,5th ed.,1962) p.46.

⁹²Suyoum yohanis, On Formation Of The Shares Company In Ethiopian,Addis Ababe, July ,2008

⁹³Miil-jalee olii lakkofsa 85ffaa kewt.276 ilaaluun ni danda'ama.

⁹⁴Akkuma oliitti kewt 278-280 fi kwt.407-425 ilaaluun nii danda'ama.

ka'uumsaa qarshii Itoophiyaa kuma shantama barbaachisa.⁹⁵ Seerri daldala biyya keenyaa bara 1960 yeroo labsametti qarshii kun guddaa fakkaata garuu yeroo amma kana qaala'iinsa gabaa faana baasii waldicha hundeessuuf barbaachisuu gudaa tahuus seerri daldalaa haroofti hanga qarshii kana osoo hin fooyyessin biraad darbeera. Seera daldalaa duraanii irratti hangi qoqquoddii ykn 'par value'gatiin aksiyoonaa tokkoo gad-aanaan qar.10 kan ture gara qar.100tti guddatee jira.⁹⁶ Sababoota kaappitaalli ka'uumsaa kun akka hin foyyoofnee taasisaan keessaat gurguddoon; namootni haala salphaan akka gara daldalaa seenan taasisuun fi ulaaga barbaachisuu xiqqeessuun namnii kammiiyuu guudina dinaagdee biyya keessaatti qooda isaa akka bahuufi. Eenyummaa miseensotaa osoo hin barbaachisin, namootni shan waldaan aksiyoonaa kappitaala ka'uumsaa qarshii kuma shantamaa walitti buusuun hundeessuu akka danda'an hubachuu ni danda'ama.

- e. **Itti gaafatamummaa daanga'e:** Haallawwan waldaa aksiiyoona itti gaafatamumman isaa murta'ee beekkamoo fi jaalatamoo taaasisan kan akka bu'a-qabeessummaa daldalaa fi amanamummaan hooggansaa akkuma eeggameetti ta'ee, itti gaafatamummaan daanga'e qabaachuun waldiichi hawaasaa fi investeroota biratti daraan beekkamaa fi jaalatamaa akka ta'u taasiseera.⁹⁷ Asirratti ijoon dubbiin seeraa xiinxalamuu qabu waldaan namummaa seeraa fi qabeenya qabu akkasumas maqaasaan himachuu fi himatamuu danda'u, yemuu kisaaraan qunname miseensonni idaa dhaabbatichaaf hanga eessatti itti gaafama? Kan jedhuudha, Itti gaafatamummaan miseensota waldaa aksiiyoona hanga gahee aksiiyoona harkaa qabanii qofaadha. Kunis, seera daldalaa keewwata 245(2) irraa kan hubatamu dha. Karaa biraatiin idaa waldiichaf hanga gahee aksiyoonaan ala akka kaffaaluuf hin dirqamu jechuudha. Kanaafuu, namni idaa waldaa irraa qabu tokko waldiichi yoo kasaare ykn haala biroo kamiinuu idaa yoo kaffaluu dadhabe miseensa waldichaa gaafachuu kan danda'u hanga aksiyoonaa miseensichi harkaa qabu qofaadha. Haata'u malee, haala addaan fakkeenyaaaf yoo daayirektarichi ta'e jedhee qabeenyi waldichaa akka badu taasise liqqeessitootni gara qabeenya dhuunfaa daayirektara

⁹⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 85ffaa kewt 247 illaalun nii daanda'ama.

⁹⁶ Akkuma oliitti kwt.247 fi Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.306 illaalun nii daanda'ama.

⁹⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kewt 245 illaalun nii daanda'ama.

badii raawwateetti deemuu akka danda'an seera daldala keewwata 329 irraa hubachuun ni danda'ama.⁹⁸

- f. **Itti fuufiinsaa qabaachuu:** Dandeettii dhabuu fi du'uun miseensaa hojii waldaa aksiyonaa itti gaafatamumman isaa murta'ee irratti dhiibbaa homaatu hin qabu. Miseensi waldaa aksiyonaa tokko aksiyonaa gurguruun miseensi harawaa seenuu danda'a. Haaluma wal-fakkaatuun miseensi tokkoo yoo du'e, dhaalaan gara dhaaltoota seeraatti darbuu ni danda'a. Waan kana ta'eef, hojiin daldala waldaa aksiyyonaa itti gaafatamumman murta'een hojjetamu hojii tasgabbii fi itti fufiinsa kan qabuu fi mirgi miseensota namarra gara namaatti darbaa deema. Haa ta'u malee, baay'inni miseensoota waldichaa daangaa xiqqa seeraan taa'e gad yoo ta'e waldichi akka diiggamu ta'a.

Dabalataanis waldaan aksiyonaa amalootni ittin ibsaamu;hariiroon miseensota jiddu jiru hariiroo maallaqaa irratti hunda'ee tahu;too'anno kappitalaa ilaalchisuun gaaggeefamu cimaa tahuu fi itti gaafatamummaan miseensota kan murta'ee tahuun isaan ijoo dha.

4.4.Adeemsa Hundeeffama Waldaa Aksiyyonaa (Share Company)

Waldaa aksiyonaa tasuma kan hundeeffamu osoo hintaane ofi-eegannoo cimaan karoorfamee qorannoobal'aa erga gaggeeffamee booda kan bu'uureefamudha. Kanaafuu, hojiwwan gurguddoo adeemsa hundeeffama waldaa aksiyonaa keessatti raawwataman haal-dureewwan seeraa fi shoorrii fi ittgaafatamummaan gurmeessitoota fi hundeessitoota maal maal akka ta'e mat-duree xiqqa kana jalatti xiinxaluuf yaalla.

- a. **Kappitaalaa fi aksiyonaa murteessuu:** Hojiwwan gurguddaa hundeeffama waldaa
aksiyonaa keessatti raawwataman keessaan isaan bu'uuraa dhimmoota kappitaalaa, gatiin aksiyonaa tokkoo (par value) fi kappitaalli kun aksiyonaa meeqatti akka qoodamu murteessuudha.⁹⁹ Kun erga raawwate booda aksiyonotni miseensota jidduti qoodama.Waldaa aksiyonaa keessatti kappitaalli dursee murtaa'ee aksiyonatti qoqoodamu akka qabu bu'uura seera daldala biyya keenyaa kewt.247 irratti tumamee jira.Karaa biraatiin waldaan kun osoo hin hundeeffaminiin

⁹⁸ Akkuma oliitti Kwt. 329(2)-Directors who fail to preserve intact the company's assets shall be liable to the company's creditors to the extent of the reduction in the company's assets they caused where the company's assets are not sufficient to pay creditors.

⁹⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 97ffaa bahe kwt. 247

dura kappitaala murtaa'e guutumaan guutuuti sassaabachuuf miseensota waadaa galfachuu qabu.¹⁰⁰ Kana irraatti yoo xiqqaate ruubiin(dhibbeentaan digdamii shan) kappitaala murtaa'e kaffalamuun waldiicha hundeessuuf gahaadha.¹⁰¹ Akkasumas kaffaltii hafe guyyaa waldiichi galmaa'e irraa kaasee hanga wagga shaniitti kaffalamuu akka qabu seerri ni tuma.¹⁰² Qarshiin ruubiin hundeeffama dura kaffalamuu qabu kun maqaa fi akkaawuntii cufaa waldaa hundeeffammuuf deemuuti kaffalama garuu yoo wagga tokko keessatti waldiichi galmaa'uu baate, namootni kaffalan baafachuu ni danda'u.¹⁰³

- b. **Wixinee barreeffamaa hundeeffamaa qopheessuu:** seera daldalaa biyya keenya bara 1960 bahes ta'ee seerri daldalaa fooyya'ee bara 2021 bahe barreeffamaa hundeeffamaa (memorandum of association) maal akka ta'e hiikkaa hin kennine garuu barreeffamichi maal maal hammachuu akka qabu duguuganii teessisaaniru.¹⁰⁴ Waan ta'eefis qabiyyee barreeffamaa hundeeffamaa waldaa aksiyonaa; maqaa miseensotaa, lamummaa, teessoo fi hamma aksiyonaa miseensonni harkaa qaban; akkasumas maqaa,waajjira muummee fi damee yoo jiraate, kaayyoo, hanga kappitaala murtaa'ee fi kaffalamee, gatii aksiyona tokkoo, lakkofsa, foormii fi gosoota aksiyonaa,gatii kaffaltii tajaajilaa, akkaataa bu'aan itti hiramuu,aksiyoona bu'aa hundeessitootaaf oole, lakkofsa, aango fi bakka bu'ummaa daarekterootaa, abbootii herregaa, yeroo waldiichi hundaa'uu fi maxxanfamuu dha. Qabiyyee barruu hundeeffamaa aksiyonaa irraa ka'uudhaan, sanadichii wantoota ijom waldaa aksiyonaa hundeessuuf barbaachisan bifa waliigalaatiin kan hammatee fi waldiicha ilaachisee wantoota gareen 3ffaan beekuu qaban kan hammateedha.¹⁰⁵

Barruu hundeeffamaa kana waliin walqabatee sanadni biroo danbii ittiin bulmaataatti. Dambiin kun hojimaataa fi haala bulchiinsa waldichaa gad-fageenyaan kan tarreessuudha. Haa ta'uu malee dambii bulmaataa fi barreeffamaa hundeeffamaa jidduu hariroon jiru seeraa keenyan ifaan hin teenye. Haa ta'uu

¹⁰⁰ Akkuma oliitti kewt 254 illaalun nii daanda'ama

¹⁰¹ Miil-jalee olii lakkofsa 97ffaa kewt 254(2) illaalun nii daanda'ama

¹⁰² Akkuma oliitti kewt 281(2) illaalun nii daanda'ama

¹⁰³ Miil-jalee olii lakkofsa 97ffaa kewt 254(2) illaalun nii daanda'ama

¹⁰⁴ Seera daldala biyya Itoophiyaa bara 1960 bahe kewt-313 fi Seera daldalaa bara 2021 bahe kwt.255 irraa hubachuun ni danda'ama

¹⁰⁵ Fikedu phexirous, Ethiopian company law,(2nd ed)2008 p.76

garuu seera daldalaa biyya keenyaa bara 1960 kewt. 314(3) jalatti danbiin ittiin bulmaataa qaamaa barreeffamaa hundeffamaa jedhamee tilmaamamu fi wal-qabatee ol-kaa'amuu akka qabu ni kaa'a. Seerri daldalaa haroofti bara 2013 bahe fooyya'insaa adeemsa hundeffamaa waldaa aksiyoonaa irratti taasisee keessaa tokko danbiin ittin bulmataa kun akka hafuu taasisuudha.¹⁰⁶ Yaadamni fooyya'insa kana booda jiru sanadootni laman kan walitti dhiyaatan tahuu fi ulaagawwan barbachisaan xiqqessun daldaloota jajjabessuuf akka tahe barreessan tokko akeekera.¹⁰⁷ Qabxiin murteessaan bakka kanatti xiinxalamuu qabu hariroon sanadoota kanneen lamaan jidduu jiru maali?

Karaa tokkoon barbachisummaa walta'iinsa michummaa waldaalee michoomaa keessaatti qabu seerri sirriitti ibsa. Seeroonni dhimma dhaabbilee michoomaa bulchan keessatti waa'ee danbii ittiin bulmaataa iddo tokkooti illee kan hin fayyadamne yemmuu ta'u, baruu hundeffamaa fi walta'iinsa michummaa wal-jala jijiiruun yemmuu fayyadamu argina.¹⁰⁸ Kanarraa ka'uudhaan barreeffamaa hundeffamaa fi walta'iinsi michummaa tokko jechuu ni danda'ama. Hayyooni seeraa kallattii kanaan yaadan maalummaa barreeffamaa hundeffamaa beekuuf maalummaa walta'iinsa michummaa ilaaluun hubachuun ni danda'ama jedhu.¹⁰⁹ Bu'uura kanaan walta'iinsa michummaa jechuun waliigaltee dhaabbilee michoomaa keessatti miseensoota jidduutti mallatteeffamuudha jechuun hiikkamera.¹¹⁰ Walta'iinsa michummaa waliigaltee miseensoota dhaabbilee michoomaa jiddutti bu'uureffame erga jennee barreeffamni hundeffamaas waliigaltee miseensoota waldaa aksiyoonaa jidduutti bu'uureffame ejjannoo jedhu irraan nu gahuuf deema.

Karaa tokkoo sanadooni lameenuu waliigaltee miseensotaa fi waldaa jidduu jiru ejjannoo jedhu warra qabtu jiru.¹¹¹ Akka warra ejjannoo kana leellisu jedhanitti maalummaa barreeffamaa hundeffamaa fi danbii ittiin bulmaataa maalummaa walta'iinsa michummaa waliin wal-fakkaata jedhu. Walta'iinsi michummaa immoo karaa falmii hin qabneen waliigaltee miseensotaa fi dhaabbata michoomaa jidduutti mirgootaa fi dirqamoota uumuun gaafa wal-dhabbiin jidduu isaaniitti uumames furmaata ittiin barbaadaniidha. Eega kana ta'ee

¹⁰⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 97ffaa kwt.254 fi 265 waliin dubbisuun hubachuun nii daanda'ama.

¹⁰⁷ Samuel Maireg , Ethiopia;A commercial Code-A New Regime for Business and Commercial Relationship,International Company and Commercial Review,2022.63

¹⁰⁸ Miil-jalee olii lakkofsa 97ffaa kwt 185,205,214,225,242

¹⁰⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 14ffaa

¹¹⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 97ffaa kwt.174 irraa hubachuun nii daanda'ama.

¹¹¹ Avtar,company law(14th end.EsternBook Company,Lucknow,2004)p.77

barreeffamni hundeffamaa waliigaltee abbootii aksiyoonaa fi waldicha jiddutti mirgaa fi dirqama gamaagamanaa bu'uuresseedha jedhu. Hayyuun waldaa aksiyoonaa biyya Ingiliizii tokkoo maalummaa barruu hundeffamaa ogguu ibsu '*waliigaltee abbootii aksiyoonaa fi waldicha jiddutti bu'uureffameedha*'¹¹² jedhu.

- c. **Waldaa galmeessuu:** Hojiwwan gurguddoo adeemsa hundeffama waldaa aksiyoonaa keessatti raawwatamaan keessa hojiin murteessaa fi xumuraa galmeessa waldaati.¹¹³ Akka seera daldala biyya keenyaatti hojiwwaan galmeessa booda raawwatamuu qaban waldiicha gaazexaan beeksiisuudha. Haa ta'uu hojiin kun labsii galmeessaa fi kenna hayyamaa lakk-980/2008 tiin hafaa ta'ee jira,¹¹⁴ waan ta'eef galmeessuu waldaa hojii xumuraa ta'a jechuudha. Seerri daldala haroofti namnii odeefannoo dhimmaa daldala barbaduu galmee daldala naannoo isaa jiru ykn wirtuu galmee daldala biyyolessaa irraa argachuu waan daanda'uuf kewwatni seera daldala bara 1960 bahe keessaatti wa'ee galmeessa daldaloota gaazexaan beeksisuu seera daldala bara 2021 bahan gutumatti akka haqamuu ta'eera.¹¹⁵

Gaaffilee Marii

1. Barreeffamni hundeffamaa waldaa aksiyoonaa fi walta'iinsa michummaa dhaabbilee michooma(shariikummaa) tokko jettanii amantuu? Seera daldala biyya keenya harawaa keewwattoota 185, 205,214,225,242 irraa maaltu hubatama? Muuxxannoo qabdan kaasuun irratti mari'adha?
2. Tumaan barreeffama hundeffamaa waldaa aksiyoonaa tokko hammachuu qabu seera daldala kwt.254 fi 255 walbira qabun maari'adha. Fakkeenyan deeggaruun ibsa.

4.5. Shooraa fi Itti gaafatatummaa Gurmeessitoota fi Hundeessitoota

Gahee fi itti gaafatatummaa gurmeessitoota fi hundeessitoota ilaaluun dura maalummaa(eenyu fa'aa) kan jedhu hanga tokko ilaaluun hedduu barbaachisadha.Yeroo baay'ee yaadni daldala sammuu nama tokkoo keessatti dhalata. Namni yaada kana burqiisiise namoota yaadasaa kana fudhatanii qoodee yemmuu irratti walta'an, dhaabbata

¹¹² L.C.B.Gower,Gower's principles of modern company law(5th ed,Sweet and Maxwell, London 1992) p,283

¹¹³ Miil-jalee olii lakkofsa 97ffaa keewwata 265

¹¹⁴ Labsii galmeessaa fi kenna hayyamaa lakk 980/2008 kewt -9 irraa hubachuun ni danda'ama

¹¹⁵ Seera daldala biyya Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.87

daldala hundeessuuf haal-duree seeraa barbaachisuu hunda irratti warri hojjetan gurmeessitoota ykn hundeessiitoota tahuu daanda'uu. Gama kanan seera daldala duranii (bara 1960) bahee fi seera daldala harawaa bara 2021 bahe jidduu garagarumman nii jira. Seera daldala bara 1960 keessatti gurmeessitoota(promoters) kan jedhu hundeessaa(founders) jecha jedhuun kan ibsame dha. Ulaagaa qaamni hundeessaan(founder) tokko guutuu qabu seera daldala bara 1960 keessatti kan hin ibsamne yoo ta'uu seera daldala harawaa keessatti namootni yakkaa hanna, wanbadummaa , fi kkf adabaman gurmeessaa tahuu akka hin dandanyee ifaan tumeera.¹¹⁶ Seera daldala duraanii keessatti qaamni hundeeffama waldaa aksiyonaa jalqabsiise, kan karoorsu, uummataaf affeerra taasisu akka hundeessaatti kan fudhatamee ture kan ammaa keessatti gurmeessaa jedhamee jira¹¹⁷ Dabalataniis seerri daldala haroofti kwt.252 jalatti hundessitootni qaama hundeeffama waldaa aksiyonaa ummaataf osoo dhiyeesin ofii isaan jiddutti karoorsun jalqabsiise walidiichi akka hunda'uu taasisaan tahu fi baay'inni isaanii yoo xiqqatee shan ta'uu akka qabu ibseera. Hundessitootni deemsa hundessu keessaatti miidhawwan umamaaniif itti gaafatamummaa qabu.¹¹⁸

Adeemsa hundeeffama waldaa aksiyonaa keessatti gurmeessaan hojiwwan hojjetaman hunda waan raawwataniif; akkasumas dogoongora yeroo hundeeffama waldaa aksiyonaa uumamuun miidhaan abbootii aksiyonaa fi ummata bal'aa irraa gahuuf ittigaafatamoo ta'uu.¹¹⁹ Walumagalatti hojiwwan isaan hojjechuu danda'an tareeffamaan kaa'ameera.¹²⁰ Bu'uura kanaan hojiwwaan gurmeessitootan hojjetamaan; barreeffama hundeeffamaa qopheessuu ,aksiyonaa ummataaf gurguruu, kappitaala sassaabuu, kaffaltii tajaajilaa sirnaan madaalchiisuu, waldicha galmeessuu fi kkf hunda raawwatu.

Kana malees gurmeessitootni adeemsa hudeeffama waldichaa keessatti waliigalteewan garagaraa waan raawwataniif ittigaafatamummaa hedduu qabu. Waliigalteewan maqaa waldaa hundeeffamuuf deemuun raawwatameef hundeessiitootni qaama 3ffaa mallaqaa gaafatuuf dhuunfaa dhuunfaan ykn gamtaan ittigaafatamu. Kana qofaa miti, yeroo walidiichi osoo hin hundeeffamin hafe hundeessiitootni warra aksiyona mallatteessaniifis dabalataan ittigaafatamoodha.¹²¹ Qaamolee hundeessiitootni adeemsaa hundeeffama waldaa keessatti itti

¹¹⁶ Akkuma oliitti kwt.248 fi 249

¹¹⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 115ffaa kwt.307(2) fi Seera daldala biyya Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.248(1)

¹¹⁸ Seera daldala biyya Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.252

¹¹⁹ Akkuma oliitti kwt.250

¹²⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 118ffaa kwt.248-250 walittii fiduun dubbisuun

¹²¹ Akkuma oliitti kwt.250

gaafatamummaa qabaniif qaamaa 3ffaaf, waldiicha matasaatii fi warra aksiyona mallatteessaniifii dha.

Gaaffilee Marii

1. ‘Gurmeessaa waldichaa yeroo hunda hundeessaa waldaa ta’uu dhiisuu mala’ yaada jedhu waliigaltuu?
2. Garagaagarummaa fi tokkummaa hundeessaa fi gurmeessaa waldaa aksiyonaa gidduu jiru ibsi!
3. Ulaagaalee hundeffama waldaa aksiyonaa maal fa’a?

4.6.Maalummaa fi Dabarsa Aksiyonaa

Jecha ‘aksiyonaa’ ykn ‘share’ jedhuuf hiikkoon garagaraa kennameefi jira. Hiikkoowwan kennaman keessaa hiikkoon beekamaan murtii Farwell J in Borland’s Trustee v Steel, irratti kenname yoo ta’u kunis:

A share is the interest of a shareholder in the company measured by a sum of money, for the purpose of liability in the first place, and of interest in the second, but also consisting of a series of mutual covenants entered into by all the shareholders¹²² jechuun kaa’aa. Hiikkoo kanarraa kan hubatamu aksiyonni mirga abbootiin aksiyonaa waldichaa irraa qaban maallaqan kan itti ibsamu ta’u isaa ni agarsiisa. Aksiyonni mirga abbaa aksiyonaa duwwaa osoo hin taane itti gaafatamummaa abbaa aksiyonaalle kan murteessuu dha. Akkuma armaan oliitti ibsameen akka qajeeltootti waldaalee aksiyonaa keessatti itti gaafatamummaan abbaa aksiyonaa hanga aksiyona isaa duwwaa waan ta’eef gaheen abbaa aksiyonaa maallaqaan tilmaamame kaa’amuun itti gaafatamummaan abbaa aksiyonaa hangam akka ta’e kan agarsiisuu dha. Kana malees aksiyonni abbaan aksiyonaa mirgoota gargaraa kan qabu ta’u kan agarsiisu dha. Mirgootni aksiyonni argamsiisuu danda’u kunis mirga sagalee kennuu, bu’aa irraa qoodachuu, yeroo waldiichi diiggamu kaappitaala buusan deebiisanii fudhachuu kan of keessatti hammatu dha. Kanaaf, abbaan aksiyonaa tokko aksiyonaa isaa irratti mirga gurguruu, wabiin qabsiisuu fi dhaalaan dabarsuu ni qabaata.¹²³ Mirgoonni aksiyonni argamisiisuu danda’u kunneen seera daldala biyya keenya keessatti beekamtii argataniiru. Kanaaf, kutaa kana jalatti gosota aksiyonaa fi akkaataa aksiyonni

¹²² Simon Goulding, Company Law , Second Edition , 1999 , Cavendish Publishing Limited The Glass House, Wharton Street, London WC1X 9PX, United Kingdom ,p.205.

¹²³ Akkuma oliitti

waldaa aksiyoonaa keessatti abbootii aksiyoonaarraa gara waldaatti ykn dhaabbatichaa, ykn abbootii aksiyoonaa biroo ykn garee sadaffaa dhaabbaticharraa dantaa kallatti hin qabaanneef darbuu danda'u ni ilaalamu. Jalqabarra waa'ee gosota aksiyoonaa haa ilaallu.

4.6.1.Akaakuu Aksiyoonaa

Gosti aksiyoonaa dabarsa aksiyoonaa kan murteessu dha. Dabarsa aksiyoonaa irratti garaagarummaa uumuu kan danda'an gosotni aksiyoonaa gurguddoo lama jiru. Isaanis, aksiyoonaa abbaa qabateef ta'uu/bearer share/ fi aksiyoonaa galmaa'e dha. Gosotni aksiyoonaa seera daldalaan bara 1960 bahe keewwata 325(1) jalatti tumaman lamaa turan.¹²⁴ Seerri daldalaan haroofti gama kananis fooyya'insa taasisuun akakuu aksiyooni tokko qofaf bekkamti kennera. Aksiyonni maqaa abbaa aksiyoonatin kan galmeffamee(registered share) tahu akka qabu fi aksiyoonin seerri kun bahun duratti abbaa qabateef(bearer share) jedhamun maxxanfaman gara aksiyoonaa galmeffameeti jijiramuu akka qaban ka'eera.¹²⁵

Aksiyonni sanada daddarboo waan ta'eef tumaaleen sanadoota daddarboo ilaalatan aksiyonarrattis raawwatinsa ni qabaatu. Kanaaf, bu'uura seera daldalaan bara 1960 bahe keewwata 715 fi 721(2) tin namni sanada daddarboo abbaa qabate /bearer/dhiyessu danda'u isaatin duwwaa mirgoota sanadicharra jiran gaafachu akka danda'u tumeera. Aksiyoonaa gosa akkanaarratti maqaan kan hin barreeffamne waan ta'eef abbaan qabate abbaa qabeenyaa akka ta'eetti lakka'aama. Seera daldalaan duranii keewwata 721(1) sanadootni daddarboo abbaa qabateef ta'e harkatti kennuun/up on delivery/ duwwaan ykn ulaagaa biro malee nama tokkooraa gara nama biraatti darbu danda'u. Kanaaf, aksiyonni nama qabateef ta'u ulaagaa tokko malee harkatti kennu duwwaan nama tokkooraa gara nama birootti darbuu danda'a. Kanaaf, aksiyoonaa gosa kanaa dabarsuuf galmees hundeeffama waldichaa/memordum of association/ keessatti maqaa nama darbeef galchuun barbaachisaa miti.

Aksiyoonaa galmaa'ee ilaachiseeakkuma maqeeffama isaarraa hubatamutti gasti aksiyoonaa akkanaa maqaa abbaa aksiyoonichaatin galmees waldichaa bu'uura seera daldalaan kwt. 274(1) qophaa'u keessatti galmaa'e ta'u qaba. Dabalataan maqaa abbaa aksiyoonaa irratti barreeffamu qaba. Dabarsi aksiyoonaa galmaa'eef bu'uura tumaalee dabarsa sanadoota

¹²⁴ Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt. 325(1)- Shares are either registered in the name Of the shareholder or to bearer, as required by the shareholder

¹²⁵ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.267

daddarboon ilaalataniin kan raawwatamu dha. Kunis, seera daldalaan bara 1960 bahe keewwata 723 jalatti tumameera. Bu'uura kanaan aksiyoonni galmaa'e kana darbuu danda'u maqaan nama darbeef bu'uura keewwata 331tin gal mee waldichaa keessatti galmaa'e dha.

4.6.2.Dabarsa Aksiyoonaa Waldaa Aksiyoonaa Keessatti

Seerri daldalaan haroofti keewwata 276(1) jalatti aksiyoonni waldaa yoo haala addaan daanga'ee malee daangaa malee namoota garagaraaf darbuu kan danda'u ta'u kaa'eera. Keewwatni kun akka tumutti yoo barreefamni hundeffama ykn yaa'ii waliigalaa arifachisaa abbootii aksiyoonaan /extra ordinary meeting/ dhorkame malee aksiyoonni daangaa malee nama abbaan aksiyoonaa barbaadeef dabarsuun ni danda'a. Gama biroon ammoo haala salphaan aksiyoonoota dabarsuun dantaa abbootii aksiyoonaa fi waldichaa akka hinmiine taasisuunis barbaachisaa dha. Kanarraa kan ka'e dabarsa aksiyoonaa irratti daangaan yeroo kaawwamu ni mul'ata. Fakkeenyaaaf, abbootin aksiyoonaa eenyuu gara waldaa isaanii keessa akka galuu qabuu fi galuu hin qabne murteessuu barbaadu ta'a. Keessattuu waldaalee xixiqqaa miseensoota baay'ee hin qabnee fi miseensootni hundi hojii guyyaa guyyaa fi hooggansa waldichaa keessatti yeroo hirmaatan eenyummaan nama aksiyoonichi darbeef baay'ee murteessaa dha.

Kanaaf, barreefama hundeffama isaani keessatti namni tokko aksiyoonaa isaa gurguru yoo barbaade miseensootaaf duwwaa gurguruu qaba jechuun tumu danda'u ykn namoota isaanin fakkatu duwwaaf akka darbu daangaa kaawwachuu danda'u. Darbees, waldaa dorgomaa biroof aksiyoonni akka hin gurguramne daangeessuu danda'u. Seerri daldalaas daantaawan lamaan kana ilaalcha keessa galchuun akka qajeeltootti aksiyoonaa dabarsuu bilisa taasisuun yoo abbootiin aksiyoonaa barbaadan haala itti daangeessuu danda'an hayyameefi jira.

Akkuma oliitti ibsame dabarsii aksiyoonaa waldaa aksiyoonaa bu'uura sanadoota mallaqa daddarboon kan raawwatamu akka ta'e seera daldala harawaa irraa kan hubatamu dha.¹²⁶ Kanaaf, yoo abbaan aksiyoonaa tokko aksiyoonaa isaa gurguruu ykn kennaan dabarsuu barbaade akkuma sanadoota daddarboo gosa aksiyoonichaarratti hundaa'uun dabarsuu danda'a. Yoo aksiyoonichi aksiyoonaa hin galmoofne ta'e abbaan aksiyoonaa aksiyoonicha gal mee aksiyoonaa waldaa keessatti galmeessuun osoo hin barbaachisiin dabarsuu danda'a. Haata'u malee, gosti aksiyoonichaa aksiyoonaa galmaa'e yoo ta'e dabarsi taasifame seeraa

¹²⁶ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.267

qabeessa ta'uuf galmaa'u qaba. Dabarsa aksiyoonaa waldaa aksiyoonaa waliin wal-qabatee ijoon manneen murtii keessatti falmisisaa ta'e aksiyoonni haala maliin dhaalaan darbuu danda'a kan jedhu dha. Seerri daldalaan bara 1960 bahe kwt.333 fi seerri daldalaan bara 2013 bahe kwt.267(1) jalatti aksiyoonni yoo haala addaan kaawwame malee daangaa malee darbuu akka danda'u ni kaa'a.

Haata'u malee, akka waldaa dhuunfaa aksiyoonni waldaa aksiyoonaa dhaalootatti kan darbu ta'u seerri daldalaan duraniis ta'ee harawaa ifaan hin keenye. Keewwatni 524(1) seera daldalaan bara 1960 bahe fi seera daldalaan harawaa kwt.511 yoo haala addaan dambii ittin bulmaataa keessatti tumamuu baate aksiyoonni waldaa dhuunfaa dhaalootatti kan darbu ta'uu kaa'eera.

Mirga aksiyoonaan wal-qabatee ijoon ka'uu maluu inni biroon aksiyoonaa wabiin qabsiisuu fi bu'aa aksiyoonaa irraa argamuu nama biroof dabarsuu dha. Kunis seera daldalaan keewwata 271 jalatti tumameera. Bu'uura kanaan aksiyoonni wabiin yoo qabsiifame ykn bu'aa aksiyoonicharraa argamuu nama biroof akka itti fayyadamu dabarfamee kennname mirgi yaa'ii abbootii aksiyoonaa irratti hirmaachuun kan nama darbeef ta'a.¹²⁷ Kunis, namootni kun yaa'ii keessatti dantaa isaanii akka kabachiifatan kan isaan gargaaru dha.

Akkaataa aksiyoonni wabiin qabamu ilaachisee tumaa seera daldalaan armaan oliitti ibsameen dabalataan seerri hariiroo hawaasaa waa'ee qabeenya wabiin qabsisuu keewwata 2863-2874 jiran raawwatiinsa ni qabaatu. Waa'ee bu'aa aksiyoonarraa argamuutti fayyadamu ilaachisee tumaa armaan oliitti ibsameen dabalataan kutaan seera qabeenya waa'ee bu'aa qabeenyarraa argamuutti fayyadamu seera hariiroo hawaasaa keewwata 1309-1358 jiran raawwatinha ni qabaatu. Haata'u malee, yeroo tokko tokko tumaa seera daldalaan fi tumaa seera hariiroo hawaasaa gidduu waliitti bu'iinsi jiraachu danda'a. Fakkeenyaaf, akkuma armaan oliitti ibsameen bu'uura seera daldalaan kwt.271(1) yoo aksiyoonni wabiin qabame mirgi yaa'irratti hirmaachuun nama aksiyoonicha wabiin qabateef kan dhiifame dha. Haata'u malee, bu'uura seera hariiroo hawaasaa keewwata 2870 tiin mirgi kun abbaa aksiyoonaaaf kan kennname dha.

Ijoon biroo asirratti ilaalamu qabu fedhii abbootii aksiyoonaan alatti aksiyoonni isaanii nama biroof haala itti darbuu danda'u dha. Kunis, bu'uura seera daldala keewwata 289(4) tiin abbaan aksiyoonaa aksiyona bituuf mallatteesse yoo yeroo jedhame keessatti gatii aksiyoonaa bituuf mallatteesse kaffaalu baate waldiichi abbaan aksiyoonaa kaffaltii irraa

¹²⁷ Akkuma oliitti kwt.271

eegamu akka kaffalu beeksisa kennuufi qaba. Beeksisi akkanaa kennameefi yoo kaffaltiin mallattaa'e raawwatamu baate aksiyoonichi caalbaasiin kan gurguramu akka ta'e keewwatni kun ni ibsa. Yoo caalbaasiin gurguramu baate walidiichi aksiyoonicha dhaaluun maqaa abbaa aksiyonaa haquu akka danda'an keewwatni xiqqaan shan ni ibsa.

Gaaffilee Marii

1. Abbaa idaa abbaa aksiiyonaa tokkoo fi abbaa mirgaa waldaa aksiiyonaa tokkoo jidduutti waldandeessisuu(set off) ni danda'amaa?(is it possible to set off between the creditors of shareholder and the denbtor of the share company'?), sababa danda'amuuf ykn hin dandamneef waliin kaasa marii'adhaa
2. Bu'uura seera daldala kwt.271(1) yoo aksiyonni wabiin qabame mirgi yaa'iirratti hirmaachuu nama aksiyoonicha wabiin qabateef kan dhiifame dha. Haata'u malee, bu'uura seera hariroo hawaasaa keewwata 2870 tiin mirgi kun abbaa aksiyonaaf kan kenname dha.Tumaawwaan kannen akkimmitti walittii araaramu?

4.7. Hooggansa Waldaa Aksiyonaa

Hiikkoo hooggansa waldaalee aksiyonaa/corporate or company governance/ ogeessota garagara biratti hiikkoo adda addaatu kennameef jira. Ogeessota diinagdee biratti yaadni kun bal'ifamee kan ilaalamu yoo ta'u ogeessota seeraa biratti hanga ta'e dhiphatee kan hiikamuu dha. Hog-barruuwwan akka agarsiisanitti hooggansi waldaa yoo xiqqaate waa'ee muudama, hojiirraa ka'uu, aangoo fi itti gaafatamummaa daayirektarootaa, hojii gaggeessitootaa, oditarootaa fi yaa'ii abbootii aksiyonaa tumu qaba. Kanaaf, seerri hooggansa waldaa aksiyonaa haariroo qaamolee armaan oliitti eeraman kana giddu jiraachu qabu kan tumu dha.

Kanarraa ka'uun seerri daldala Itoophiyaa harawaa bahee keewwata 296-424ti waa'ee hooggansa waldaa aksiyonaa teechiseera. Tumaaleen seerri daldala Itoophiyaa harawaa tumaalee seera daldala Itoophiyaa duranii keewwattoota 347- 428 caalaa baal'achuun waa'ee hooggansa waldaa aksiyonaa irratti haanqinota turan bifaa furuu daanda'uun tuma heddu of keessatti qabatee bahera. Kunis dhimmoota hooggansa waldaa ilaalatan yeroo mana murtii dhaqan haala walfakkaataan akka fala hin arganne taasisaa turan furuuf kan yaadameedha.Kanaaf, kutaa kana keessatti keewwattoota seeraa daldala harawaa keessatti hooggansa waldaa aksiyonaa itti gafatamummaan isaa murtaa'e irratti jiran kan saakaatta'u ta'a.

Gaalee hooggansa waldaa aksiyoonaa jedhuuf hiikkoon garagaraa ogeessota adda addaan kennameera. Kaayyoon moojulii kanaa hojimaata qaamolee haqaa bira jiru walfakteessuu waan ta'eef hiikkoo ogeessota seeraan kennamu irratti of daangeessuuun barbaachisaa dha. Hiikkoo gaalee '*hooggansa waldaa*' ykn '*corporate governance*' jedhuuf kennaman keessaa kan yeroo baay'ee qaamolee haqaa biratti fudhatama qabu hiikkoo ogeessota biyya Inglaadiin kennname yoo ta'u kunis '*Corporate governance is the system by which businesses are directed and controlled.*'¹²⁸kan jedhu dha. Hikkoon kunis hooggansa waldaa jechuun sirna daldalli ittin qajeelfamu fi too'atamu akka ta'e kan hubachisuu dha. Kana malees gaalee kana ogeessi tokko yoo ibsu hooggansi waldaa aksiyoonaa sirna iftoomina qabuun, haqa qabeessa ta'een, gahuumsaan kaayyoo murtaa'ee tokko galmaan gahuunii fi dantaa abbootii aksiyoonaa, liqeessitootaa, hojjattootaa, maamiltootaa kabachiisuuf waldicha qajeelchuu fi too'achuu kan ilaalatu akka ta'e kaa'eera.¹²⁹Hikkoo fi ibsa hooggansa waldaaf kennname kana gara ijoo keenyatti jechuun gara hooggansa waldaa aksiyoonaa yoo fidnu hooggansi waldaa haariroo abbootii aksiyoonaa fi hooggantoota waldiichaa ykn daayirektarootaa, waldichaa fi liqeessitootaa, daayirektarootaa fi liqeessitoota waldiichaa akkasumas haariroo abbootii aksiyoonaa gidduu jiru itti hogganamuu fi qajeelfamuudha jechuun ni danda'ama. Keessattu bakka waldaa aksiyoonaa miseensoota heddu qabu jirutti carraan miseensootni hundii waldiichaa too'achuuf qajeelchuuf qaban dhiphaa dha. Dabalataan, liqeessitoota waldiichaa waldiichi haala mirga isaanii irratti dhiibbaa hin geessisneen dalagaa jiraachuu isaa mirkaneessuuun salphaa hin ta'uuf. Kanaaf, mirgii qooda fudhatoota gubbaatti eeraman kannen akka hin miidhamneef qooda fudhatoota armaan oliitti eeraman akkaataa waldaan isaanii itti hogganamu fi qajeelfamu barreffama hundeffamaa keessatti ni teechisu.

Haata'u malee, waa'ee dantaa garee sadaffaa ykn liqeessitoota barreffama hundeffamaa keessatti yeroo hagugamu hin mul'ata. Kanaaf, fala kan kenu seera daldalaati. Seerri daldala Itoophiyaas waldaaleen daldala guddina biyyaa keessatti gahee ol'aanaa kan taphatan waan ta'aniif sirna hooggansa guddina kana giduu galeessa godhate akka jiraatu jecha akkaataa waldaaleen aksiyoonaa itti hogganamanii fi qajeelfaman tumeera. Keessattu biyyoota sirni hooggansa waldaa hin gabbanee qaban keessatti miseensootni ijoowwan rakkoo ta'uun danda'an of-duratti baruun barreffama hundeffamaa isaanii haala rakkolee kana furuu danda'uun ni qopheessuu jedhamee hin yaadamu.

¹²⁸Klaus J. Hopt, Comparative Corporate Governance: The State of the Art and International Regulation, fuula-6.

¹²⁹ Hussein Ahmed Tura, Overview of Corporate Governance in Ethiopia: The Role, Composition And Remuneration Of Boards Of Directors In Share Companies, fuula-48.

Kun adeemsa keessa guddina waldaalee waliin kan dhufu dha. Bakka kana ta'ee jirutti qaawwaa haala kanaan uumamuu danda'u duchuun gahee seera daldalaa ta'a. Seerri daldala Itoophiyaa harawaa bara 2013 bahees qaawwaa haala kanaan uumamuu danda'an cufuuf waa'ee hooggansa waldaa aksiyoonaa baal'inan tumeera. Akkuma biyyoota biroo yaad-rimeen hooggansa waldaa seera daldala biyya keenya keessattis yaadota armaan oliitti eeraman jechuun waldiicha ykn dhaabbaticha qajeelchuuf hariiroo daayirektarootaa fi abbootii aksiyoonaa, hariiroo waldiicha fi liqeessitootaa, waa'ee sirna oditii fi hariiroo abbootii aksiyoonaa giddu jiru kan bulchuu ta'u isaa hafuura tumaalee waa'ee hooggansa waldaa aksiyoonaa tuman irraa hubachuun ni danda'ama. Seerri daldalaa haroofti seera daldalaa bara 1960 bahee caala waa'ee hooggansa waldaa aksiyoonaa haala aduunya amma irraa jiru waliin deemu daanda'uun yaadota harawaa itti dabaluun haala gad-fageenyummaa qabuun tumeera.

Akkuma armaan oliitti ibsameen hooggansa waldaa aksiyoonaa yeroo jedhamu dhimmoota waa'ee boordii daayirektarootaa, gaggeessitoota waldichaa, oditaroota, fi abbootii aksiyoonaa kan ilaallattu ta'u keewwatoota seera daldalaa waa'ee hooggansa waldaa aksiyoonaa tuman irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, kutaawan itti aananitti ijoowan kana tokko tokkon ni ilaalla.

i.Boordii Daayirektarootaa

Waldaaleen aksiyoonaa qaama seerummaa qabaniidha yeroo jedhamu waldaaleen kun ofii isaaniitin hojii hojjatu jechuu osoo hin ta'iin karaa namoota waldiicha bakka bu'aniin hojiin waldiichaa raawwatama jechuu dha. Namoota hojii kana hojjatan keessaa daayirektarooni isaan ijoo dha. Akkuma kutaawan itti aanan keessatti ibsamu aangoon baay'ee murteessaa ta'uu isaa irraa kan ka'e yaa'ii abbootii aksiyonaaf kan dhiifameen alatti hojiin hedduu boordii daayirektarootaan raawwatama. Aango bal'aa isaanif kenname kana haala gaariin galmaan gahuuf guurmaa'insi, muudamni, itti gaafatmummaan daayirektarootaa baay'ee murteessaa waan ta'eef tokko tokkoon haa ilaallu.

a.Gurmaa'insa Boordii Daayirektarootaa

Akaakuu boordii daayirektarootaa adda addaa kan jiru ta'uus yeroo baay'ee kan beekaman boordii abbaa gulantaa lamaa /double tire board/ fi boordii abbaa gulantaa tokkoo/single tire board/dha. Boordiin abbaa gulantaa lamaa biyyoota Awurooppaa kan akka Neezarlaand,

Jarman, Ostiriya, Portugaal keessatti kan hojiirra oolu dha. Biyyoota gosa boordii kana qaban keessatti akkuma maqaa isaa irraa hubatamuutti boordii lama kan jiru yoo ta'u boordiin duraa boordii too'ataa/supervisory board/ yoo jedhamu inni lammaffaa boordii daayirektaroota raawwachistuu/executive directors/ dha.¹³⁰ Sirna boordii kana keessatti aangoo too'annaan waldichaa fi hojii guyyaa guyyaa waldichaa raawwachuuun qaamolee garagaraaf kan kennamedha. Aaangoon boordii maanajimantii hojii guyyaa guyyaa waldichaa gaggeessuu yoo ta'u gaheen hojii boordii too'ata ammoo hojii boordii maanajimatii too'achuu dha. Yeroo baay'ee boordiin too'annaabbootii aksiyonaan kan muudamu yoo ta'u boordiin maanajimanti boordii too'ataan kan muudamu dha.¹³¹ Boordiin abbaa gulantaa tokko biyyoota kan akka Ameerikaa fi Inglaand keessatti kan bal'inaan hojiirra oolu yoo ta'u boordii kunis aangoo waldiicha bulchuu fi too'achuu waliitti qabuun boordii daayirektaroota tokkoof kan kenne dha. Haata'u malee, yeroo ammaa kana daayireektaronni boordiin abbaa gulantaa tokko keessa jiran gaheen hojii isaanii irratti hundaa'uun bakka lamatti qoodamaa jiru. Isaanis,daayirektaroota raawwachistuu/executive directors/ fi daayirektaroota raawwachistoota hin taane /non-excutive directors/ dha.¹³²

Kanaaf, yeroo ammaa kana gosti boordiin lama haa jiraatuyyu malee aangoo too'annaan fi hojii raawwachisummaa daayirektaroota garagara giddutti qooduu ilaalchisee wal-fakkeenyi dhufaa jira jechuun ni danda'ama. Kanaaf, seerri daldala gosa boordii abbaa sadarkaa tokkoofis ta'e abbaa sadarkaa lamaaf beekamti yoo kenne aangoon raawwachisummaa fi too'annaan gargar bahuu qaba. Gara seera daldala biyya keenyatti yeroo deebinu seerri daldalaa bara 1960 bahe ture akaakuu boordii daayirektarootaa haala ifa ta'een ka'uu batuus akaaku boordii abbaa gulantaa tokkoo/single tire board/ akka hoordofuu tumaalee kwt.347-428 jiran irraa hubachuun nii daanda'ama.¹³³ Seerri daldalaa haroofti garuu akaakuu boordii daayirektarootaa boordii abbaa gulantaa tokkoo/single tire board/ irraa gara boordii abbaa gulantaa lamaa /double tire board/ jedhamuti jijiiree jira. Waldaan aksiyona boordii daayirektarootaan baay'inni isaanii 13 hin caleen kan hooganu ta'uu fi boordii to'attootaa (Supervisory Board) seeraan dirqiisisa hin tanee garuu feedhii abbootii aksiyoonotatin

¹³⁰Klaus J. Hopt, Comparative Corporate Governance: The State of the Art and International Regulation, fuula21.

¹³¹Akkuma oliitti

¹³²Miil-jalee olii lakkofsa 13ffaa fuula-23.

¹³³Akkuma oliitti, fuula-63.

barreefamaa hundeffamatii ijaramuu daanda'uus qabachuu akka daanda'uu ka'eera.¹³⁴ Kanaaf, seerri daldala haroofti hojmaatni jiruu fi seeraa itti gaafatamummaa too'annoo fi itti gaafatamummaa raawwachisummaa qaama tokkoof kennamee ture gara qamaa lamati ol guudisera. Kun immo sababaa baay'achuu abbootii aksiyoonatin too'annan isaan boordii daayirektaroota irratti taasisan akka hin laafanne taasisun mirgii fi faayidan abbootii aksiyona akka kabajamuu kan deegaruudha

b.Muudama, Yeroo Turmaata fi Hojiirraa Ka'uu Daayirektarootaa

Akkuma arman oliitti ibsameen daayirektarooni hojiwwan ciccimoo waldichaa hedduu kan raawwataniidha. Kana jechuun murteewan hooggansa waldaan wal-qabatan hedduun isaanii karaa boordii daayirektarootaan kennamu. Kanaaf, seerichi adeemsa daayirektarooni itti muudaman, yeroo turmaata isaanii fi akkaataa hojiirraa ka'anii fi too'ataman kaa'u qaba. Kunis, daayirektarootni hojji hojjataniif akka itti gaafataman kan taasisu dha. Barreessaan tokko yoo yaada kana ibsu adeemsa daayirektarooni hojiirraa ittin gaggeeffaman yoo salphaa taasifame daayirektarooni abbootii aksiyonaan haala salphaan too'atamu danda'u jechuun kaa'a.¹³⁵

Kunis, muudamni daayirektarootaa fi hooggansi waldichaa hariiroo cimaa kan qaban ta'uun kan agarsiisu dha. Adeemsa hojiirraa kaasuun al-kallattiin waa'ee muudama daayirektaroota harawaa kan ibsuu dha. Ijooowwan kanaan wal-qabatee qabatamaatti dhimmootni rakkoo ta'an keessaa gaaffiin daayirektaroota kaasuu eenyuun dhiyaata? Ulagaleen daayirektaroota kaasuuf barbaachisan maalii? Daayirektaroota hojiirraa kaasuun sababaa akkamiitu dhiyaachuu qaba? Kan jedhan isaan iwoo dha. Seerotni biyya biroo gaaffiwwan kun haala dantaa abbootii aksiyonaa xiqa/minority shareholders rights/ fi mirga abbootii aksiyonaa biroo fi garee sadaffaa giddu galeessa godhateen yeroo tuman ni mul'ata. Fakkeenyaaaf, biyyootni tokko tokko mirga abbootii aksiyonaa xiqa eeguuf sirna kenninsa sagalee wal-madaalaa /cumulative voting/ akka hordofu ni taasisu.¹³⁶

Seerri daldala biyya keenyaa bara 2013 bahe daayirektarooni jalqabaa barreefama hundeffamaan muudamuu akka danda'an keewwatni 298(1) jalatti ni kaa'a. Muudamni

¹³⁴ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.296 - A company shall have not less than three or more than thirteen directors who shall be elected by the shareholders. Kwt.331- 1/ A company may have a supervisory board where the memorandum of association provides for that.

¹³⁵ Paul L Davies, The Board of Directors: Composition, Structure, Duties and Powers, fuula=7.

¹³⁶ Akkuma oliitti, fuula=147

daayirektarootaa haala kanaan raawwatame yaa'ii mallattesitootaatti/subscribers meeting/dhiyaate mirkanaa'u qaba. Yoo yaa'iin mallattessitootaa mirkaneessuu baate daayirektaroonni harawaa yaa'ichaan muudamu. Daayirektaroonni sana booda jiran garuu yaa'ii waliigalaa waldichaan sagalee caalmaan kan muudaman ta'u.¹³⁷ Kanaaf, seerri daldalaa biyya keenyaa daayirektaroota muuduuf ulaagaa baay'ee kan kaa'e miti. Haata'u malee, yoo abbootiin aksiyonaa ulaagaa dabalataa barreffama hundeffamaa keessa kaa'an ulaagaan kaa'ame kabajamuu qaba. Kanaaf, daayirektaroota hojiirraa kaasuuf ykn muuduuf ulaagaa seera daldalarra jiru duwwaa osoo hin taane kan barreffama hundeffamaa keessa jiruuf guutamuu qaba. Yeroon turmaata daayirektaraa ilaachissee waggaan sadii caaluu akka hin qabne seerichi keewwata 296(2) jalatti kaa'eera. Haata'u malee, barreffama hundeffamaa keessatti yoo dhorkame malee daayireektarri irraa deebiin filatamu danda'a.¹³⁸ Kunis, yoo daayirektarichi irraa deeddebiin filatame yeroo waggaan sadii caaluuf hojiirra turu kan danda'u ta'u kan agarsiisu dha.

Ijoon biroo daayirektarootaan wal-qabate ka'uu osoo barrii hojii isaanii hin xumuramiin yeroo daayireektarri tokko ykn sanaa ol ta'an hojiirraa ka'an ykn hojii gaggeessuu dhaban maaltu ta'u qaba kan jedhu dha. Daayireektarri ykn daayirektaroonni walakkaa fi sanaa ol hin taane yoo bara hojii isaanii hin xumuriin sababa garagaraan hojii kan gad-lakkisan ta'e daayireektaroonni hafan daayirektaraa haaraa yeroo hojii daayirektara gad-lakkissee akka xumuru ni muuduu. Muudamni daayirektarootaan taasifamees yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyonaa itti aanu irratti dhiyaate mirkanaa'u qaba. Yaa'iin waliigalaa muudama daayirektara haarawaa kan hin fudhanne yoo ta'e bakka isaatti daayirektara haarawaa ni muuda. Yoo muudamni daayirektara haarawaa yaa'ii waliigalaatiin mirkanaa'u dhabeellee hojiin daayirektara sanaan raawwatame fudhatama kan dhabu miti. Haata'u malee, baay'inni daayirektaroota hafan yoo walakkaadha gadi ta'e daayirektaroonni hafan daayirektaroota haarawaa muuduu hin danda'an. Kana isaan gochuu danda'an yaa'iin waliigalaa daayirektaroota haarawaa akka muuduu waamicha taasisuu dha. Yoo daayirektarri hafe hin jiru ta'e oditaroonni yaa'ii waliigalaa waamuun muudamni daayirektarootaa haarawaa akka gaggeeffamu taasisu qabu.¹³⁹

¹³⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.298(1,2)

¹³⁸ Akkuma oliitti kwt.298(3)

¹³⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 137ffaa kwt.303

Yaa'iin waliigalaas murtee daayireektaroota muuduu sagalee caalmaan dabarsuu qaba. Murteen daayireektaroota muuduun sagalee caalmaan kan raawwatamu waan ta'eef abbootiin aksiyonaa xiqqa daayireektara fedhii isaanii raawwatu akka muudamu taasisuuf carraan isaan qaban xiqqa dha. Kanaaf, seerri daldalaa mirga abbootii aksiyonaa xiqqa kabachisuuf keewwata 299 jalatti abbootiin aksiyonaa gosa garagara/different legal status/qaban boordii dayireektarootaa keessatti bakka bu'aa tokko tokko akka qabaatan bareeffamni hundeffamaa tumuu akka qabu kaa'eera. Haata'u, adeemsi kun muuxannoo baratamaa mirga abbootii aksiyonaa xiqqa kabachiisuu biyyoota biroo keessatti fudhatamu jechuun sirna sagalee waliigala /cumulative voting/ irraa adda dha. Kana jechuun abbootiin aksiyonaa gosa aksiyonaa adda addaa qaban fakkeenyaaaf abbootiin aksiyonaa /preference share/ qaban boordii keessatti bakka bu'aa akka qabaatan malee abbootii aksiyonaa gosa aksiyonaa wal-fakkaataa qaban fakkeenyaaaf miseensotni aksiyonaa idilee qaban keessaabbootiin aksiyonaa xiqqa qaban bakka bu'aa akka qabaatan kan hayyamu miti.¹⁴⁰ Qaawwii seeraa kunis muudama daayireektaroota keessatti fedhiin abbootii aksiyonaa xiqqa ilaalcha keessa akka hin gallee kan taasisu dha.

Gaaffii Marii

1. Falmii *waldaa aksiyonaa Boruu Jawwii fi himatamtooni namoota-6* gidduu falmii tureen himattootni daayireektaroota haarawaa abbootii aksiyonaa muudaman yoo ta'an himatamtooni ammoo daayireektaroota duraanii dha. Himattootni yoo falman himatamtootni (misensoota boordii duraanii) kun aangoo irraa kan ka'an waan ta'eef sanadoota fi biiroo waldichaa akka isaanii dabarsan gaafataniiru. Himatamtooni gama isaaniin filannoona daayireektaroota haarawaa waajjira galmeessaa fi mirkaneessa ragaaleen waan kufaa ta'eef nu himachuuf mirga hin qaban jechuun deebisaniiuru. Manni murtis murtii kennen filannoona daayireektarootaa waajjira galmeessa fi mirkaneessa ragaalee biratti akka galmaa'u seerri yoo ajaju baatees abbootii aksiyonaa kun akka galmaa'u waan waliigalaniif kabajamu qaba jechuun himanna dhiyaate kufaa godheera.

Murtii fi falmii ka'an tumaa seera daldalaa harawaa roggumma qaban kasuun irratti marii'adha,

¹⁴⁰ Alamuu Taayyee, Protecting Minority Shareholders In Ethiopian Share Company Law: The Practice In Bahir Dar,School of Law, Bahir Dar University, June 2015,

c.Kaffaltii Hojii Daayirektarootaa

Kaffaltii hojii daayirektarootaan walqabatee hanga kaffaltii irratti garaagarummaan haa jiraatu malee daayireektaroonni dirqama bal'aa kan qabanii fi dirqama kana fixaan baasuun yeroo fi beekumsa isaanii tajaajila waldichaaf kan olchan waan ta'eef kaffaltiin hojii kanaan walgitu isaanii kaffalamu qaba. Kana gochuu dhabuun daayirektaroonni fedhii guutuun hojii isaanii akka hin hojjanne isaan taasisuu irraa darbees rakkolee bakka bu'uumaaf/agency problem/ akka saaxilaman kaarra kan saaqua dha. Kanaaf, seerri daldala Itoophiyaa kaffaltii gatii hojii daayirektarootaa gosa lamaaf beekamti kenneera. Isaanis, kaffaltii murtaa'aa waggaa/fixed yearly remuneration/ fi kaffaltii bu'aa qulqullu keessaa dhibbeentaan herregame kaffalamu dha.¹⁴¹ Gosoota kaffaltii lamaan kana keessaa qabatamaan yeroo baay'ee hojiirra kan oolu mala isa lammaffaati. Bu'uura mala kanaan kaffaltiin daayirektarootaaf raawwatamu bu'aa qulqullu waldiichi bara bajata sana keessatti galmeessise irratti kan hundaa'u waan ta'eef daayirektaronni ciminaan bu'aa qabeessummaa waldichaaf akka hojjatan kan isaan taasisu dha.¹⁴² Hangi kaffaltii kunis yaa'ii waliigalaan murtaa'uu danda'a. Kaffaltiin kunis daayirektarootaaf raawwatamu kan qabu erga qoodinsi bu'aa abbootii aksiyonaaf raawwatame booda dha. Yoo qoodinsi hin raawwatamu ta'e daayirektarootaaf waan kaffalamu hin jiru jechuu dha.

Daayirektarootni miseensoota waldichaarratti dhiibbaa geessisuu waan danda'aniif yeroo hunda kaffaltiin hojii haala haqa qabeessa ta'een murtaa'a jedhamee hin yaadamu. Keessattu bu'uressitootni carraa daayirektara ta'uu waan qabaniif seeraa ittin bulmaataa isaanii keessatti kaffalti hojii isaanif hin malle akka kaffalamuuf tumu danda'u. Darbees, abbootiin aksiyonaaf guddaa qaban yeroo daayirektara ta'an yaa'ii waliigalaan keessattis sagalee guddaa kan qaban waan ta'aniif kaffaltiin isaanif hin malle akka kaffalamu murteessisu danda'u. Rakkolee haala kanaan uumamuu danda'an hambisuuf keewwatni 304(3) kaffaltiin daayirektarootaaf kaffalamu bu'aa qulqulluu waggaa keessaa dhibbeentaa kudhaan caalu akka hin qabne tumeera. Seerri daldalaa bara 1960 bahe kwt.353(4) jalatti dhibbeentaa kudhaan kan herregamu erga kaffaltiwwan of-eegannoof fi kaffaltiwwan biroo kaffalamu qaban seeraa idileenii fi bareefama hundeffamaan kaawwaman erga keessaa

¹⁴¹ Miil-jalee olii lakkofsa 137ffaa kwt.304(1) jalatti waa'ee kaffaltii murtaa'aa waggaa yoo tumu keewwtini xiqqan lama waa'ee kaffaltii bu'aa qulqullurraa raawwtmu kaa'eera.

¹⁴² Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-154

hir'ifaman booda jeechun kan tumee yoo ta'uu seerri daldalaa haroofti immo kwt.304(3) jalatti bifaat itti anuun fooyyessera;

The amount of the share in the net profits that the directors may receive pursuant to sub-Article (2) of this article may not exceed ten percent of the amount that may be distributed as dividend in that fiscal year.¹⁴³ Kanafuu, seerri daldalaa haaroofti baal'isee ka'uu batuus kaffaltiin daayirektarootaaf kaffalamu bu'aa qulqulluu waggaa keessaa dhibbeentaa kudhaan caalu akka hin qabne tumeera. Yoo hangi kaffaltii daayirektarootaa haqa qabeessa ta'uu baate abbootii aksiyoonaa kaappitaala hundeffama keessaa dhibbeentaa kudhan ta'u qaban ministeera daldalaatti yoo iyyatan ministeerichi kaffaltii kaffalame haala waldichaa fi kaffaltii hojjatoota waldichaa ilaalcha keessa galchuun xiqqessuu akka danda'u keewwata 304 xiqqaa jaha jalatti tumeera.

Seerri daldalaa daayirektaroonni kaffaltii guddaa akka hin arganneef ulaagaa cimaa ta'e kaa'eera. Kunis waldaaleen daayirektaroota ciccimoo ta'an akka qabachuu hin dandeenye taasisa. Darbees ministeerri daldalaa hojii waldaalee keessa akka galu karra kan saaqua dha. Biyyoota hooggansa waldaa aksiyoonaa cimaa qaban tooftaa akka keenyaa fayyadamurra kaffaltiin daayirektarootaa koree addaa fi bilisa ta'een akka murtaa'u taasisa.

d.Aangoo Daayirektarootaa

Akkuma armaan oliitti ibsameen aangoon bal'aan waldaa aksiyoonaa daayirektarootaaf kan dhiifame dha. Kanaaf, abbootiin aksiyoonaa murteewan ciccimoo muraasa yaa'ii abbootii aksiyonaaf hambisuun hojiwwan biroo kaayyoo waldichaa galmaan gessisuuf barbaachisan boordii daayirektarootaan akka raawwatamu ni aangeessu. Aangoon daayirektarootaa kunis barreeffamaa, yaa'ii abbootii aksiyoonaa fi seeraa bakka bu'uummaarraa madduu danda'a. Seeraa hooggansa waldaalee aksiyoonaa biyyoota baay'ee keessatti daayirektaroonni akka bakka bu'oota waldaatti ilaalamu. Kanaaf, bakka seerri daldalaa aangoo daayirektarootaa ifaan kaa'u dhabeetti seerri bakka bu'uummallee aangoo fi itti gaafatamummaa daayirektarootaa murteessuu keessatti raawwatinsa ni qabaata.

Biyyoota baay'ee keessatti aangoon ifaan abbootii aksiyoonaa hin kennamne/residual power/daayirektarootaaf kan dhiifame dha.¹⁴⁴ Hojiwwan yeroo baay'ee boordii daayirektarootaaf

¹⁴³ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.304(3)

¹⁴⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 13ffaa fuula-156

dhiifaman yaa'ii abbootii aksiyoonaa (idilee fi ariifachisaa) waamuu, hojii gaggeesitoota muuduu, kaayyoo waldichaa wixineessuu, liqaa gurguddaa hayyamuu fi kkf.¹⁴⁵

Gara seeraa biyya keenyatti yeroo deebinu daayirektaroonni aangoo seeraa, barreffama hundeffamaa fi yaa'ii abbootii aksiyoonaa irraa madde qabaachu akka danda'an keewwata 315(1) irraa hubachuun ni danda'ama. Kana malees, daayirektaronni bakka bu'oota waldichaa ta'u isaanii tumaalee garagara irra hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf, keewwatni 324(3) daayirektaroonni akka bakka bu'aa waldiichatti akka tajaajilaniif aangoon kennamufi akka daanda'uu tumeera. Kanaaf, tumaalee kanarraa kan hubannuakkuma biyyoota biroo biyya keenyattis daayirektaronni aangoo bakka bu'aan tokko qabaachuu malu qabaachuu kan danda'an ta'u isaaniti. Kanaaf, bakka qaawwii jirutti seerri bakka bu'uummaa waliigalaa akka barbachisummaa isatti aangoo daayirektaroota murteessuu keessatti raawwatiinsa ni qabaata jechuu dha¹⁴⁶

Kanaaf, akka biyya keenyatti aangoon qaama biroof barreffama hundeffamaa, fi yaa'ii abbootii aksiyoonaan hin kennamne kan boordii daayirektarootaa ta'a. Sababiin isaas daayirektaroonni aangoo ifaan isaaniif kennname duwwaa osoo hin taane hojiawan kaayyoo waldichaa galmaan gahuuf barbaachisan raawwachuu akka qabu keewwata 316 jalatti ibsameera. Akka waliigalaatti kanarraa kan hubannu daayirektarootni aangoo barreffama hundeffamaa, murtii yaa'ii abbootii aksiyoonaa, seera daldalaa fi seera bakka bu'uummaarraa madde qabaachu kan danda'an ta'uu isaaniti.

e.Dirqama Daayirektarootaa

Barreffamootni akka agarsiisaniitti daayireektaroonni aangoo bal'aa isaanif kennname yeroo bahan kaayyoo yaadame akka galma geessisaniif dirqamni garagaraa qaamolee waldiicharraa dantaa qabanii fi waldiichaaf kan qaban ta'uu ni ibsu. Dirqamootni isaanii kunis dirqama murtii bilisa ta'e kennuu/independent judgement/, qabeenya waldiicha eeguu/fiduciary duties/aangoo kennnameef qofa keessatti dalaguu, fi kkf dha.¹⁴⁷

Seerri daldalaa biyya keenyaa harawaa bahees daayirektaroonni dirqamoota armaan oliitti eeraman kan qaban ta'u haala waliigalaanii fi haala addaan tumaale gargara keessatti

¹⁴⁵ Hussein Ahmed Tura, Overview of Corporate Governance in Ethiopia: The Role, Composition And Remuneration Of Boards Of Directors In Share Companies, fuula-70

¹⁴⁶Miil-jalee olii lakkofsa 143ffaa kwt.315- Directors shall be responsible for exercising duties imposed on them by law, memorandum of association, and resolutions of general meetings of shareholders;

¹⁴⁷Miil-jalee olii lakkofsa 130ffaa fuula-39

teechiseera. Dirqamoota keewwata 315 jalatti teechipaman yoo ilaallu daayirektaroonni dirqama galmeewan yaa'ii fi maanajimantii qabaachuu, galmeewan herregaa qabachuu, galmeewan herregaa oditaraaf dhiyeessuu fi sochii hojii fi sochii maallaqaa waldiicha yaa'ii waldiichaf dhiyeessuu, yaa'iiwan bu'uura seeraa ittin bulmaataan waamu, kaappitaala waldiicha keessaa sadii arfaffaan yoo bade yaa'ii waliigalaa ariifachisaa waamu, maallaqaa of eeganno seeraan ykn barreefama hundeffamaa keessatti murtaa'e akka taa'u taasisu, yoo waldiichi idaa irra jiru kaffalu dadhabee murtiin kasaaraa akka kennamu ykn waliigaltee wal-amantaa liqeessitoota waliin akka raawwatamu mana murtiitti iyyachuu kan jedhanii dha.¹⁴⁸

Kana malees, keewwatni 329(2) daayirektaroonni qabeenya waldiicha eeguuf dirqama kan qaban ta'u ni kaa'a. Dirqamni biroo seera daldala biyya keenya keessas ta'e biyyoota biroo keessatti beekamti argate dantaa waldiichaf dursa kennu kan jedhu dha. Kanaaf, kaayyoo seera daldala keessaa tokko waliitti bu'insa dantaa/self-dealing/ daayirektaroota fi waldaa gidduu jiru too'achuu dha. Waliitti bu'iinsi dantaa barreeffamni tokko yoo ibsu waliitti bu'iinsi dantaa jira kan jedhamu yoo dantaan mallaqaa/financial interest/ daayirektarichi dhimmicha irra sababa qabaateen murtii bilisa ta'e akka kennu kan isa hin dandeessisne ta'e dha.¹⁴⁹

Daayirektaroonni dhuunfa dhuunfaa isaanitin namoota daldala biroo qaban ta'uu danda'u. Daldalli isaanii kun daldala waldaa waliin kan dorgomu ta'u danda'a. Darbees, waldiichi waldaa daayirektaroonni dantaa keessaa qaban kan waliin hariiroo daldala uumuu danda'a. Fakkeenyaaaf, waldaan aksiyonaa hojii qonnaa irratti bobba'ee tokko meeshalee akka tiraktaraa, kompayinaraa, qoorichota gara garaa fi kkf daldala dhuunfaa ykn waldaa dhiyeessota garagara irraa bitachuu danda'a. Yeroo kanatti daayirektarri dhuunfaa isaatti daldala ykn abbaa aksiyonaa waldaa aksiyonaa meeshalee kannen dhiheessuu yoo ta'e waliitti bu'iinsi dantaa uumamu danda'a. Seerotni waliitti bu'iinsa dantaa qaamolee garagaraa gidduu uumamu (waldaa fi daayirektara, waldaa fi garee sadaffaa fi kkf) danda'u hambisuuf tooftaalee garagaraatti fayyadamu. Biyyootni tokko tokko hariiroowwan daldala waliitti bu'iinsa dantaa uumuu danda'an guutuumman guutuuti akka hin gaggeeffamne dhorku. Kun daldala kan daangessu waan ta'eef bu'aa isaa irraa miidhaan isaa waan caalu fakkaata. Seerotni tokko tokko hariiroowwan walitti bu'iinsa dantaa uumuu danda'an bilisaan akka

¹⁴⁸ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.315

¹⁴⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 130ffaa fuula-40.

geeggafaman erga hayyamani booda haqummaan isaanii erga sakata'ame booda akka haqaman ykn mirkanaa'an taasisu. Kaan ammoo hariiroowwan akkasi yeroo jiraatan dirqama ibsuu fi daayirektarootni akka mirkaneessan haala itti taasisan jira.¹⁵⁰

Seerri daldala keenyaas waliitti bu'iinsa dantaa haala kanaan uumamu danda'u hambisuuf tooftaalee garagara tumeera. Keewwatni 319 daayirektarri hayyama yaa'ii waliigalaatin ala waldaa kamiyyuu waldaa inni daayirektara ta'e hojjatu waliin dorgomu keessatti miseensa ta'uun hojjachu akka hin qabne ni kaa'a. Haata'u malee waldaaleen lama kan wal-dorgomaniidha jechuun ulaagaan ittin madaallu maal akka ta'e seera daldala keenya keessatti ibsamee hin jiru. Hog-barruuwwan akka ibsaniitti waldaaleen lama wal-dorgomu jechuuf kallattii lamaan ilaalamu akka qabu ni kaa'u. Isaanis, Kallatti maamiltoota wal-fakkaataa qabaachuu/demand side base/ fi kallattii dhiyeessa /supply side base/ jedhamu. Kallattii maamiltootaan waldaaleen lama wal-fakkaatuu kan jedhamu yoo maamiltoonni isaanii fedhii wal-fakkaataa qabaatanii dha. Kallattiin dhiyeessaa ammoo waldaaleen lama dorgomtootadha kan jedhaman teeknoologiin, maddi meeshaalee dhiyeessaa fi haalli hojji/operation/ isaanii wal-fakkaataa ta'e dha.¹⁵¹ Kanaaf, daayireektarri waldaalee kallattii dhiyeessaan ykn maamiltootaan waldaa inni hoogganu waliin wal-dorgomu keessa dantaa yoo qabaate daantaan isaa fi dantaa waldaa inni hoogganu kan waliitti bu'u/conflict of interest/ dha jechuun ni danda'ama.¹⁵²

Akka seera daldala keenyaatti yoo waliitti bu'iinsi dantaa haala armaan oliitti ibsame jiraate waliigaltichi akka biyyoota tokko tokko kan diiggaamu hin ta'u. Waliigaltichi ulaagaalee seera daldala keessa rakkoo waliitti bu'iinsa dantaa hambisuuf tumaman hordofuun yoo raawwatame bu'aa kan qabaatu ta'a. Keewwatni 306 waliigalteen daayirektaraafi waldiicha giddu raawwatamu ulaagaa maalii guutuu akka qabu kaa'eera. Tuumaa kun akka ibsuutti daayirektarri waldiicha waliin waliigaltee raawwachuu yoo barbaade dura hayyama boordii daayirektarootaa argachuu akka qabu tumeera. Kunis odiitarootaa ibsamee oditaroonni yaa'ii abbootii aksiyonaaf dhiyeessuu qabu. Yaa'iin abbootii aksiyonaas waliigalticha irratti murtii itti fakkaate ni kenna. Yoo waliigaltichi goowwomsuun haala mirga waldiicha miidhuun raawwatameera ta'e yaa'ichi mirkaneessuu dhiisuu danda'a. Haata'u malee, yoo yaa'iin abbootii aksiyonaa waliigalticha mirkaneessuu baate waliigaltichi kan diigamu osoo

¹⁵⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 130ffaa fuula-31

¹⁵¹ Competator analysis fuula 2 <https://www.google.com/search?client=firefox&q=Competator+analysis+pdf>

¹⁵² Miil-jalee olii lakkofsa 14ffaa

hin taane daayirektarri badii qabu akka beenyaa kaffalu ta'a. Yoo daayirektarri badii qabu beenyaa kaffalu baate daayiretaronni biro beenyaa kaffaluuf itti gaafatamummaa waliinii ni qabaatu.¹⁵³ Haata'u malee, waliigaltee daayirektara fi waldiicha gidduu raawwatamu waliigaltee waldaa fi maamila isaa giddu raawwatamu biroo waliin wal-fakkaataa yoo ta'e hayyamni boordiis ta'e yaa'ii abbootii aksiyoonaan mirkaneessun barbaachisaa akka hin taane keewwatni 306(5) irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaaf, waldiichi baankii yoo ta'e daayirektarri qarshii maatii isaaf ergu yoo barbaade taarifa maamila irratti gatamu kaffaluun maatii isaaf qarshii ergu danda'a jechu dha. Daangaan biroo kan taasifame keewwata 307 jalatti yoo ta'u kunis daayirektaroonni waldiicharraa liqaa fudhachuu kan hin qabnee ykn waldiicha wabiin garee sadaffaaf qabisuu akka hin dandeenye ni tuma. Haata'u malee, hojiin waldiicha liqaa kenu yoo ta'e daayirektarri liqaa fudhachuu ni danda'a. Kunis, hojii idilee waldiicha waan ta'eefi dha.

4.8. Itti gaafatamummaa Daayirektarootaa

Erga daayireektaroonni waldichaa fi liqeessitoota waldichaaf dirqamu qabu jenne, dirqama isaanii kana bahuu dhabuun itti gaafatamummaa akkamii hordofsisa kan jedhu ilaaluun barbaachisaa dha. Itti gaatamummaan daayirektaroota itti gaafatamummaa keessoo/internal liability/ fi itti gaafatamummaa ala/external liability/ ta'u danda'a. Itti gaafatamummaan keessoo itti gaafatamummaa daayirektaroonni waldichaaf qaban yoo ta'u itti gaafatamummaan ala itti gaafatamummaa daayirektaroonni liqeessitootaa, abbootii aksiyonaa, hojjatootaaf fi garee sadaffaaf qabanii dha.¹⁵⁴ Addunyaa hammayaawaa kana keessatti itti gaafatamummaan waldaalee dantaa barataamaa ta'e waldaaf, liiqessitootaa fi abbootii aksiyonaaaf ta'uurrta darbee sadarkaa itti gaafatamummaa hawaasummaa/corporate social responsibility/ fudhachuu gaheera. Seerri daldala Itoophiyaa harawaa bahees yaadota hammayaawaa kanneen hunda haala hammateen, itti gaafatamummaa keessoo fi alaa tumeera. Naannoo kanatti ijoon ilaalamu qabu daayirektarri tokko dirqama isaa baheera moo? Hinbane? Of-eeganno sirri taasisseera moo? Hin taasisne? Jechuun daayirektara itti gaafatamaa taasisuuf istandardiin itti fayyadamnu maalii kan jedhu dha. Seerri daldalaa keewwatni 315 gama kanaan kallattii kan akeeku dha.

¹⁵³ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt 306(1-4)

¹⁵⁴ Asaffaa Aregay Sefar, Corporate Governance Rule in Ethiopia and Germany: A comparative Analysis, Central European University, fuula-15.

*Directors shall be responsible for exercising duties imposed on them by law, memorandum of association, and resolutions of general meetings of shareholders.*¹⁵⁵

Kunis, daayirektarronni dirqama seeraan, barreeffama hundeffamaa fi murtee yaa'ii abbootii aksiyonaan isaan irratti gatame akka of-eeganno bakka bu'aan tokko qabeenya bakka buusaaf/principal/ taasisutti bahuu akka qaban ni ibsa. Kanaaf, daayirektarronni yeroo hojii isaanii gaggeessan of eeganno bakka bu'aan tokko taasisu qabu gochuuf dirqama kan qaban ta'uu isaa hubachuun ni danda'ama. Sadarkaan of eegannoon bakka bu'aan tokko bakka buusaa isaatiif gochuu qabu hubachuu kan dandeenyu tumaalee seera hariroo hawaasa keewwata 2208-2218 jiran irraa ta'a. Kanaaf, daayirektarri dirqama isaa haala nama yaada gaarii qabuun fi daantaa waldichaaf dursa kennanuun raawwachuu qaba.¹⁵⁶

Seera bakka bu'uummaa Itoophiyaa keessatti istandardiin eeganno lama akka jiru tumaa seera hariroo hawaasa kwt.2211 irraa hubachuun ni danda'ama. Isaanis, istandardii of-eeganno waliigalaa/objective/ fi eeganno dhuunfaa/subjective/ dha.¹⁵⁷ Bakka bu'aan istandardii eeganno waliigalaa ykn nama dhama qabeessa akka qabaatu kan irraa eegamu yoo bakka bu'uummaan kaffaltiin kan raawwatamu ta'e dha. Istaandardiin kunis abbaan gaarii eegumsa maatii isaatiif godhu bakka bu'aan qabeenya waldichaaf eegumsa akkasii taasisuu kan qabu ta'u kan agarsiisuu dha.¹⁵⁸

Bakka bu'aan hojii isaa kaffaltii malee raawwata yoo ta'e qabeenya fi hojii waldichaa akka hojii ofii ilaaluun hojjachuu qaba.¹⁵⁹ Akkuma armaan oliitti ibsameen seerri keenya kaffaltii hojii daayirektarootaaf kaffaluu dirqama yoo gochuu baatellee qabatamaatti daayirektaroonni hojii isaanii kaffaltiin raawwatu. Inumaayyu waldaaleen daayirektaroota ciccimoo harkisuuf kaffaltii guddaa kennuuf fedhu. Kanaaf, of-eegannoon daayireektarri qabeenya waldichaaf taasisu qabu akka abbaan gaarii maatii isaatif eegumsa godhuutti ta'uu qaba. Yoo istandardii kanaan hojii isaa gaggeessu baate itti gaafatamummaa qabu jechuu dha. Seerri daldala Itoophiyaa haroofti daayirektaroonni dirqama garagaraa isaan irratti gatame yoo bahuu baatan waldichaaf, liqeessitootaa fi garee itti gaafatamummaa akka qaban ni kaa'a. Itti gaafatamummaa daayirektaroonni gareewan garagaraaf qaban akka kanaa gadiitti ibsameera.

¹⁵⁵ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.315

¹⁵⁶ Akkuma oliitti kwt. 364(1) fi Seera Hariroo Hawaasaa Itoophiyaa kwt. 2208,fi 2209

¹⁵⁷ Awwat Haayilagizii fi Addisuu Daamxee, Ethiopian Law of Agency, Teaching Material, fuula. 89.

¹⁵⁸ Seera Hariroo Hawaasaa Itoophiyaa Kwt. 2211(1).

¹⁵⁹ Akkuma oliitti Kwt.2211(3).

4.8.1. Itti Gaafatamummaa Daayirektarootni Waldaaf Qaban

Daayirektarooni bakka bu'ota waldichaa waan ta'aniif yoo dirqama irratti gatame sirnaan bahuu dhaban badii raawwatan dhuunfaa fi waliin waldichaaf akka itti gaafataman seerichi keewwata 325(1) jalatti tumeera. Haata'u malee, daayirektarri yeroo murtiin itti gaafatamummaa fide kennamu yaada addaa qabate itti gaafatamummaa akka hin qabne seerichi keewwata 327(2) jalatti tumeera. Kanaaf, seeraa biyya keenya keessatti daayirektarri yoo ta'e jedhee ykn dagannoon badii raawwate duwwaa waldichaaf kan gaafatamuu ta'uu kan agarsiisuudha.¹⁶⁰ Seerri daldala haroofti waliigalten daayirektaroota ittigaafatamummaa irraa bilisaa gochuuf taasifamu kamuu fudhatamaa kan hin qabne tahu tumeera.

*Any agreement or provision that purports to exempt a director of a company, to any extent, from any liability that would otherwise attach to him in connection with any negligence, breach of duty or breach of trust in relation to the company shall be of no effect.*¹⁶¹ Kanafuu daayirektarooni itti gaafatamummaa isaanii sababaa gara garatiin bahu dadhabaniif dursaani mirgaa gaafatamuu dhabuu barreefama hundeffamaatiin ykn waliigalte birootin kennun fuudhatama kan hin qabne tahu agarsiisa.

Daayireektarooni waldichaaf itti gaafatamummaa qabu yoo jenneeyyuu himannaanisaan irratti hundeessuun salphaa hin ta'u. Sababni isaas tokkoffaa, waldaa uummataa keessatti abbootii aksiyonaa fedhii fi dantaa gargaraa qaban waan jiraaniif abbootii aksiyonaa keessa gareen tokko hojii daayirektarootatti yoo gammaduu baatellee gareen biroo gammaduu waan danda'uuf himatamuu daayirektarootaa hin fedhan ta'a. Lammaffaa, daayirektarooni hojii heddu kan qaban waan ta'aniif hojii isaaniif xiyyeffannaakka kennan jecha himanaanisaan irratti dhiyaatus akka daanga'u seerota waldaa aksiyonaa biyyoota heddu keessatti tumamee waan jiruuf daayirektaroota himachuun salphaa hin ta'u.¹⁶²

Seerri daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe keewwata 365 jalatti daayirektarri yaa'ii waliigalaan yoo xiqaate sagaleen abbootii aksiyonaa kaappitaala keessaa 1/5(tokko shanaffaa) ta'uu qabaniin akka himatamu yoo murtaa'e malee daayirektarri maqaa waldichaan hin himatamu ykn dhimmi isaa jaarsummaan hin ilaalamu jechuun kaa'eera. Kanaaf, yoo sabaaba badii daayireektaraatiin miidhaan waldichaa irraa gaheellee yaa'ii

¹⁶⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 154ffaa, fuula-29

¹⁶¹ Seera daldala harawaa bara 2021 bahe kwt.326(1)

¹⁶² Asaffaa Aregay Sefar, Corporate Governance Rule in Ethiopia and Germany: A comparative Analysis, Central European University, fuula-30

waliigalaan sagaleen 1/5(tokko shanaffaan) kaappitaalaa waliigalaa keessaa argamu baate daayireektarichi hin himatamu jechuu dha.

Ulaagawan himaanna daayirektaroota kunnin seera daldala harawaa kwt.327 irratti fooyya'anii tumaamaniru. Yaa'ii waliigalaan yoo murtaa'e malee daayirektarri maqaa waldichaan hin himatamu ykn dhimmi isaa jaarsummaan hin ilaalamu jechuun kaa'eera. Yoo sababa badii daayirektaraatiin miidhaan waldicharra gaheellee yaa'ii waliigalaan hin himtamtu jechuun murtesee abbootiin aksiyoonaa kaappitaalaa waliigalaa keessaa %10(parsantii kudhan) ta'an maqaa waldichaan himataa hundeessuu daanda'u. Kaanafis waldiichi sanadotaa barbachisuu akka argatan kan taasisuu qabu fi baasii himannaf baasan deebisuu akka qabu ka'ameera.¹⁶³ Yoo yaa'iin waliigalaan daayireektarri akka himatamu murteesse bakka daayireektara himatamu daayireektara bira muuduu qaba. Yoo daayireektaronni ykn hojii gaggeessaan bu'uura murtii yaa'ii waliigalaan ji'a sadii gidduutti daayireektara badii raawwate himachuu baatan abbootiin aksiyoonaa sagalee kennan daayirektaroota waliin ta'uun himachuu danda'u.

Kana yeroo jennuu eegumsi daayireektaroonni abbootii aksiyoonaa dhuunfaan akka hin himatamne taasifamu kun daangaa hin qabu jechuu miti. Biyyoota garagaraa keessatti daayireektaroonni eegumsa isaaniif taasifame kanatti fayyadamuun abbootii aksiyoonaa sagalee hin qabne fi liqessitoota irratti miidhaa akka hin geessisneef eegumsa daayireektarootaaf abbootii aksiyoonaa dhuunfaan akka hin himatameef jedhu irratti daangaan ni kaa'u.Fakkeenyaaaf biyya jarmaniitti qajeeltoo '*business judgement rule*' jedhuun daayirektarri dhuunfaan abbootii aksiyoonaaaf ykn liqeessitootaaf gaafatamu danda'a.¹⁶⁴ Bu'uura qajeeltoo kanaan sababa daayirektarri murtee daldala/enterprunal decision/ akka nama yaada gaarii qabuutti kenneen miidhaan waldicharra gaheef hin gaafatamu.Garuu daayirektaroota irratti himannaan dhuunfaa abbootii aksiyoonaan dhiyaachuu kan danda'u yoo dirqama isaan irratti gatame ta'e jedhanii ykn dagannoon bahuu dhabanii dha.¹⁶⁵

Seerri daldala keenyaas keewwata 330 jalatti abbootiin aksiyoonaa dhuunfaan daayirektaroota himachuu kan danda'an ta'u kaa'eera.

Nothing in this section shall affect the rights of shareholders or third parties to bring legal action for damages where they have been personally injured directly owing to the fault or

¹⁶³ Miil-jalee olii lakkofsa 161ffaa kwt.328

¹⁶⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 162ffaa, fuula-29

¹⁶⁵ Akuma Oliitti fuula-15

*fraud of the directors.*¹⁶⁶ Kunis ,abbootiin aksiyoonaa ykn gareen sadaffaa kallattiin badii fi goowwomsuu daayireektaraan miidhame himanna dhuunfaa dhiyeessu akka danda'u kan kaa'eedha.

Yeroo seerri daldalaan bara 1960 bahe hojii irraa ture, hiikkoo dhaddachi ijibbaataa keewwatoota 365 fi 367 kenneen dura himannaan daayireektarootarratti dhiyaatu ulaagaa maalii guutuu qaba kan jedhu adda baasuun rakkisaa ture. Itti gaafatamummaa daayireektaroota ilaachisee manni murtii waliigala feedaraalaa dhaddachi ijibbaataa murtii kallatti gara fuula duraa agarsiisu kenne ture. Dhimmichi jalqaba mana murtii sadarkaa duraa feederaalaatti kan dhiyaate yoo ta'u iyyattootni ammaa himanna mana murtii feedaraalaa sadarkaa duraatti dhiyeessaniin daayireektaroonni waldichaa daambii ittin bulmaatan ala suuqiwan daldalaan fuuldura jiran akkaataa itti qoodaman irratti murtee kan kennanan waan ta'eef murtiin isaanii akka haqamuuf gaafataniiru. Deebii kennitootni amma mormii sadarkaa duraa dhiyeessaniin himattootni kun ulaagaalee seera daldalaan keewwata 365 jalatti tarreeffaman (hayyama yaa'ii waliigala abbootii aksiyoonaa kaappitaala waldichaa keessaa 1/5(tokko shanaffaa) qabaniin akka himataman mirkanaa'u dhabuu jedhu osoo hin guutiin himanna daayireektarootarratti dhiyeessuu hin danda'an jechuun moormii dhiyeessaniiru. Manni murtiis ulaagaan seera daldalaan keewwata 365 jalatti tumamee hin guunne waan ta'eef himanna dhiyaate kufaa godheera.Manni murtii olaanaas murtii kana cimseera.

Dhaddachi ijibbaataa hiikkoo keewwata 365 fi 367 kenneen ulaagaaleen keewwata 365 jala taa'an guutamuun kan qaban yoo waldiichi daayireektaroota himachuu barbaade dha. Ulaagaaleen 367 jala jiran kan guutamu qaban yoo abbootiin aksiyoonaa muraasa dantaan isaanii kallattiin murtii daayirektarootaatin tuqamedha jechuun kenneera.¹⁶⁷ Kanaaf, daayireektaroonni kallattin mirga abbootii aksiyoonaa muraasa ykn tokko irratti yoo miidhaa geessisan itti gaafatamu jechuu dha. Ijoon as irratti ka'uu malu miidhaa kallatti jechuun maal jechuudha kan jedhu dha? Sabaabni isaa miidhaan waldichaa irraa gahu hundi kallattiin ykn al-kallattiin abbootii aksiyonaarrattis miidhaa waan geessaniifii dha. Kanaaf, sababa waldaa irraa miidhaan gahe duwwaaf himannaan dhuunfaa dhiyaachuu hin danda'u.

¹⁶⁶ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.330

¹⁶⁷Iyyattanni Amaanu'eelTsaggaa Waldaa Aksiyoonaa Suuqii Daldalaan fi deebiikennitootni Baahiruu Abrahaam Namoota 12, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G. 23389, jildii 7 fuula 314.

Gaaffilee Marii

1. Dhaddachi ijibbaataa wa'ee *bu'aan(dirqiisumma) murtii seeraa haqamee jalatti kenname seeraa harawaa(fooyya'ee) irratti qabun walqabate* murtii kallatti gara fuula duraa agarsiisu kenne ture. Dhimma falmii iyyatan *Hamra Work Maariyam Betaakirstan Sabakaa Guba'ee Tsifatbet fi deebi kennitonni Diyaqoon Mihrrata'ab Birhaan fa'a(n-6) jiddu lakk.* **galmee 18419** dhimma hojaata fi hojaachisaa irratti labsiin 42/85 haqamun labsiin 377/96 hojii irraa kan jiru ta'us tumaan seeraa ijoo falmii ta'ee osoo hin jijjiramiin labsii 377/96 keessatti waan argamuuf hiikkoon tumaa kanaf labsii 42/85 jalatti kennname labsichii haqamus labsii harawaa irratti dirqisisaadha jechuun hiikkaa itti kennera. Dabalataniis **lakk. galmee 218916** irratti dhaddachi ijibbaataa dhimma falmin irratti ka'een walqabatee tumaan seeraa labsii haqamee lakk.377/96 keessaa jiru fi labsii harawaa hojii irraa jiru lakk.**1156/** keessaa jiru walfakkataa waan ta'eef hiikkoon keewwata seeraa kana irratti labsii haqamee jalatti kennnamee labsii hojii irraa jirufis dirqiisaa tahu murteessera. Bu'uura kanan dhimma armaan olitti ilaalee irratti yeroo seerri daldalaan bara 1960 bahe hojii irraa ture, hiikkoo dhaddachi ijibbaataa keewwatoota 365 fi 367 kennee tumaalee seera daldalaan harawaa walfakkatan waliin walbira qabun hiikkoon kennamee rawwatiinsa qabachuu isaa irratti baal'inan marii'adha
2. Dhimma tokko keessatti himataan abbaa aksiyoonaa yoo ta'u himanna dhiyeesseen bu'aa waldiichi argamsisee keessaa akkan ani hin qoodanne waan na taasisaniif mirgi koo sarbamee jechuun himanna dhiyeesseera manni murtis himanna bu'uura sababa kanaan dhiyaate simatee keessummeesseera. Namni tokko bu'aa akka hin qoodanne taasifamuun isaa miidhaa kallattii abbaa aksiyoonaa sana kan miidhu malee abbootii aksiyoonaa biroo kan miidhuu waan hin taaneef miidhaa akkanaa miidhaa kallattii jechuun fudhachuun ni danda'ama? Qabxii kana mariin bal'inaan xinxalaa

4.8.2. Itti Gaafatamummaa Daayirektarootni Liqeessitootaa Waldichaaf Qaban

Qabeenyi waldichaa liiqesitootaaf wabiidha. daayirektaroonni ammoo bu'uura keewwata 329(2)tin qabeenya waldichaa eeguuf dirqama qabu. Liqeessitoota waldichaaf bu'uura aangoo bakka bu'uumaanisaanitin duwwaa osoo hin taane akka qaama waldichaa ta'uun itti gaafatamuuf. Kunis keewwata 329(2) irraa kan hubatamu yoo ta'u qabeenyi waldichaa idaa liqeessitootaa haguuguu yoo dadhabe daayirektaroonni miidhaa liqeessitootarra gaheef itti

gaafatamu jechuu dha. Akkuma armaan oliitti ibsameen yaa'iin abbootii aksiyoonaa daayirektaroonni yeroo badii raawwatan akka himataman hayyamuu danda'u ykn ammoo faayidaan daayirektaroota irraa argatan badii daayirektaroonni sun raawwatan irraa kan caalu yoo ta'e akka hin himatamne waliigaluu danda'u. Murteen yaa'iiakkanaa mirga liqessitootni daayirektaroota himachuuf qaban kan miidhuu akka hin taane keewwatni 329(3) teechiseera.

Daayirektaroonni qabeenya waldichaaf yoo eegumsa gochuu baatan sababa kanaan miidhaa garee sadaffaa ykn liqeessitoota waldichaa irraa gahee akka kiisan himannaan irratti dhiyaachu akka danda'u keewwata 329(1) fi jalatti ibsameera. Darbees, yoo qabeenyi waldichaa idaa jiru kan hin haguugne ta'e daayireektaroonni akka itti gaafataman keewwatni xiqlaan lama ni ibsa. Ijoon iddo kana ka'uu itti gaafatamummaan kewwata lama jala jiru itti gaafatamummaa badii moo itti gaafatamummaa badii malee dha? Kan jedhu dha. Sababni falmii kanaas biyyoota biroo keessatti daayirektarootni itti gaafatamummaa badii malee gatii hin qabneefi dha.¹⁶⁸ Seerri daldalaal Itoophiyaa itti gaafatamummaa daayirektarootni liqeessitoota waldichaaf qaban ilaachisee keewwata 329(2) jalatti badii malee liqeessitootaaf akka itti gaafataman kaa'era. Kunis, qajeeltoo waliigalaa seeraa waldaa aksiyoonaa jechuun itti gaafatamummaa miseensootaa murtaa'a ta'u qaba jedhu waliin kan waliitti bu'uu dha. Sababiin isaas akkuma armaan oliitti ibsameen daayireektaroonni abbootii aksiyoonaa keessaa kan filatamanii dha. Kanaaf, abbaan aksiyoonaa tokko daayirektara ta'e yoo filatamee fi qabeenyi waldichaa idaa waldichaa yoo haguguu baate hanga maallaqa buuse darbaa liqeessitootaaf itti gaafatama jechuu dha.

Gaaffii Marii

- ✚ Itti gaafatamummaan seera daldalaal kwt.329 jala jiru itti gaafatamummaa badii moo itti gaafatamummaa badii malee dha? qajeeltoo waliigalaa itti gaafatamummaa miseensoota waldaa aksiyoonaa murtaa'a ta'u qaba jedhu waliin sirritti xinxaluun irratti marii'adha

¹⁶⁸ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-168

3.9.Hojii Gaggeessaa Ol'aanaa(General Manager) fi Barreesituu (Secretary)

Adeemsa bulchinsa waldaa aksiyonaa keessatti yaa'iin waliigala aangoo hoogganuu boordii daayirektarootatiif kan kenne ta'uus boordiin garuu hojii guyyaa guyyaa hundaa hojeechu waan hin daandenyeef hojii gaggeessaa ol'aanaa bakka buusa.Kanarra ka'uun seerri daldalaa haroofti kwt.337-339ti wa'ee hooggansaa ol'aanaa kana tuumera.Hoogganaan ol'aanan kun miseensa boordii daayirektaroota ta'uu ykn ta'uu dhisuu danda'a.¹⁶⁹ Hata'uu malee walitti qaba boordii daayirektaroota tahuu akka hin daandenye kewwatni 337 xiqqaan sadii tumeera.

Hojii gaggeessan bakka bu'aa waldichaa waan taheef waldiicha bakka bu'uun nii raawwata. Hojii gaggeessaan walitti dhuufenya waldiichi qamoota 3ffaa waliin gaggessuu hundaa bakka bu'uun ni hojata.¹⁷⁰ Kunis; sanadoota daddarboo mallatessuu, hoojetoota qaxaruu fi hojii irraa gaggessuu, gabasaa fi karoora qoophessuu fi kkf tahuu seera daldalaa kwt.349 jalatti tumameera. Murtiin aangoo hojii gaggeessaa daangessuu boordii daayirektarootan kennamee hanga gal mee daldalaa irratti galma'utti bu'aa hin qabu.¹⁷¹ Dabalataniis waldaan aksiyonaa barreesituu boordii daayirektarootan muudamte qabachuu daanda'a. Gaheen ishiis; oodefanoowwan waldichaa qindeessuu , galmeessuu, odefannoo barbachisuu misiensoota fi qaamolee 3ffaf kennuudha.¹⁷²

Gaaffilee Marii

1. Hojii gaggeessaa aangoo irraa kasuu kan daanda'uu eenyudha?
2. Hojii gaggeessan sababaa gaha malee hojii irraa ka'ee hojittii deebi'uu daanda'a?beenya hoo gaafachuu daanda'a?

4. 10.Boordii To'attootaa(Supervisory Board)(kwt.331-334)

Boordiin to'attootaa yaadama harawaa seera daldalaa harawaa keessaatti hammatamuun dhufaan keessaa isaa tokko yoo ta'uus dirqamaa osoo ta'iin feedhii waldichaa irratti kan hunda'uudha. Boordii to'attootaa baay'inni misiensoota isaa namoota 3 hanga 5 yoo ta'an yaa'ii waliigalatiin kan filatamaniidha. Namoonni miseensa boordii to'attootaa ta'uun filataman abbootii aksiyonaa(qoodaa) qofa ta'uu qabu. Sabaabni hunddeeffamuu qaama kana barbachiseef baay'achuu abbootii aksiyonaa irraa kan ka'ee too'annan isaan boordii

¹⁶⁹ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.337

¹⁷⁰ Akuma Oliitti kwt.338

¹⁷¹ Miil-jalee olii lakkofsa 169ffaa kwt.339

¹⁷² Akuma Oliitti kwt.341 fi 342 waliin dubbisuun

daayirektaroota irratti taasisan akka hin laafanne goochuudhaf.¹⁷³ Itti gaafatamummaan boordii to'attootaa yaa'ii waliigalaatiif. Miseensi boordii daayirektaroota ykn hojii gaggeessan ol'aanaan miseensa boordii to'attootaa ta'uu hin danda'u. Halli miseensonni boordii to'attootaa aangoo irraa kaafamanii fi itti gaafataman kan boordii daayirektaroota waliin walfakkatadha.¹⁷⁴ Kaayyoo hunddeeffama isaanii milkeessuf boordii to'attootaaf aangoowwan gara gara kennamanifi jiru. Aangoowwan boordii to'attootaaf kennaman seera daldalaa harawaa kwt.332 jalattii bifaa armaan gadii kanan tarreefamaniru;

- ✚ Ragaa hojii isaatiif barbaachisu sassaabuu fi qorachuu,
- ✚ Walgahii boordii daayirektaroota irratti sagalee malee hirmaachuu
- ✚ Gochaawan dantaa waldichaa miidhan qorachuun rakkoon yoo jiratee tarkaanfiin akka fudhatamu gochuu,
- ✚ Boordiin daayirektaroota yemmuu hin jirretti yaa'ii waliigala waamuu,
- ✚ Miseensota boordiis ta'e hojii gaggeessitoota dirqama isaanii hin bahanne qorachuun tarkaanfiin akka irratti fudhatamu boordiif ykn yaa'ii waliigalaf gabaasuu,
- ✚ Sirna faayinaansii waldichaa to'achuu fi akka qoratamu gochuu fi
- ✚ Hojiwwan biroo barreeffama hundeffamaatiin kennaman hojjachuudha.

¹⁷³ Miil-jalee olii lakkofsa 169ffaa kwt.331

¹⁷⁴ Akuma Oliitti kwt.333-336 waliin dubbisuun

4.11.Oditaroota

Waldaa aksiyoonaa keessatti gaheen daayirektarootaa guddaa akka ta'e kutaawwan darban keessatti ilaalleerra. Daayirektaroonnis dantaa abbootiin aksiyoonaa fi liqeessitoota waldichaa irratti miidhaa akka hin geessineef sirni odiitii baay'ee murteessaa dha. Oditaroonni ogeessota waan ta'aniif badii daayirektarootaa fi sochii waldichaa sakata'uun yaada kenuu danda'u. Kanaaf waldaaleen aksiyoonaa oditara keessoo fi alaa qabaachuu qabu. Haata'u malee, oditarri keessoo hojjataa waldichaa waan ta'uuf kan qacaramus ta'e kan hojiirraa gaggeeffamu akka hojjataa kaan waan ta'uuf qaamolee inni akka too'atuuf aangeeffamu jechuun daayirektaroota fi hojattoota waldichaa biroo irratti oditii sirrii ni gaggeessa jedhanii yaaduun ni ulfaata. Kanaaf, seerri daldalaas odiitii keessaa irratti amantaa cimaa kan gate hin fakkaatu. Irra caalaan seerri daldalaan keenyaan rakkolee hooggansaa jiran furuuf oditarootara alaa irratti kan xiyyeefate fakkaata.

Tumaaleen seera daldalaan keewwata 343 hanga 361 jiran waa'ee qaama alaan waldichaa too'achuu kan tumaniidha malee waa'ee oditara keessaa kan tumu miti. Kanaaf, kutaa kana jalatti waa'ee muudama, hojii irraa ka'uu, yeroo turmaata, aangoo fi ittigaafatamummaa oditara alaa kan ilaallu ta'a.

4.11.1.Muudama, Hojiirraa Ka'uu fi Kaffaltii Hojii Oditarootaa

Seerri daldalaan oditaroonni alaa isaan jalqabaa yaa'ii mallatteessitootaan (subscriber meeting) kan muudaman akka ta'anii fi oditaroonni sana booda muudaman ammoo yaa'ii abbootii aksiyoonaa waliigalaatiin kan muudaman akka ta'an keewwata 343(4) jalatti tumeera. Haata'u malee, rakkoon naannoo kana jiru oditaroonni kun eenyuun dhiyaatu? kan jedhu dha. Akkuma aangoo daayirektarootaa keessatti ibsameen hojiin waldichaa ifaan qaama addaaf hin kennamne hojii daayirektaroota ta'a hiikkoo jedhuun aangoo kana fudhachuun daayirektarootaaf kennuun kaayyoo muudama oditaroota waliin kan deemu hin fakkaatu. Kunis, hojiin waldichaa baay'een isaa daayirektarootaan kan raawwatamu waan ta'eef daayirektaroonni oditara badii isaanii dhoksu danda'an barbaaduun yaa'iiif dhiyeessuun akka muudaman taasisu danda'u.¹⁷⁵ Akkaataa qajeeltoo dhaabbata walta'iinsaa fi guddina diinagdee/OECD principle/ fi muuxannoo biyyoota biroo oditaroonni daayirektarootaan osoo

¹⁷⁵Professor Nicholas Bourne, Essential Company Law,Third Edition , published in Great Britain 2000 by Cavendish Publishing Limited, The Glass House, Wharton Street, London WC1X 9PX, United Kingdom fuula-72.

hin taane koree oditiin daayirektarootarraa adda ta'e fi ogummaa faayinaansi qabuun kan filataman ta'u. Koreen erga oditaroota filate booda yaa'ii abbootii aksiyonaaf dhiyeessuun akka mirkanaa'u ni taasisu. Seerri daldalaa biyya keenya sirna bilisa ta'eakkanaa hin diriirsine. Kanaaf, seerri keenya haala rakkoo kana hambisuu danda'uun bocameera jechuun hin danda'amu. Seerri keenya furmaataakkanaa kan kaa'u waan hin taaneef qabatamni jiru kaayyoo barbaachisummaa oditiirraa akka maqu taasiseera. Biyya keenyatti yeroo baay'ee oditaroonni aangoo bakka bu'uummaa yaa'iin abbootii aksiyonaa boordii daayirektarootaaf kenne irratti hundaa'uun oditaroota boordii daayirektarootaan muudaa jiru.¹⁷⁶Sababa kanarraa kan ka'e falmiin oditarootni bilisa ta'an nuuf haa muudaman, daayiretarootni mirga keenya dhiibaniiru jedhan manneen murtii keessatti akka baay'atan taasiseera.¹⁷⁷

Muudama oditarootaa ilaachisee ijoon ilaalamu qabu inni biran mirga abbootii aksiyonaa muraasaaf oditara akka filataniif kenname dha. Keewwatni 329(2) abbootiin aksiyonaa muraasaa kaappitaala waliigalaa keessaa dhibbeentaa 20 gad hin taane qaban oditara filachuu akka danda'an kaa'eera. Kunis, mirga isaaanif kaawwame waan ta'eef yoo oditarri abbootii aksiyonaa aksiyonna guddaa qabaniin filatame mirga isaanii kan miidhuu ta'e yoo itti mul'ate oditara mirga isaanii kabachisuufii danda'u filachuu danda'u. Yoo haalliakkanaa kan mudatu ta'e waldaan aksiyonaa sun oditara tokko ol qabaachuu danda'a. Ulaagaa oditara ta'uuf barbaachisu ilaachisee keewwata 345 jalatti tumameera. Namni oditara ta'uun muudamu ogummaa gahaa fi bilisummaa qabaachuu qaba. Ogunmaan isaanii kunis waajjirri muummee oditaraa namoota oditara akka ta'an hayyameef ta'uu qabu. Kanaaf, namoota ulaagaa sana guutuun hayyama argatan gahuumsa qabu jechun ni danda'ama.¹⁷⁸ Dabalataan keewwatni 345 namoota oditara ta'uu hin qabne tarreessee jira. Seerri daldalaa duranii kwt. 370 tarree namoota oditara ta'uu hin qabne jechuun kaa'e keessatti namootni hojii gaggeessaa manichaa waliin firummaa qaban hin hammatamne.

Kanaaf, kwt.370 irraa akka hubatumuti namoota hojii gaggeessaa waliin firummaa qaban oditara ta'uun muudamu danda'u. kunis kaayyoo waliigalaa oditarri barbaachiseef waliin kan ilaalamu ta'u qaba. Kanaaf, oditarri hojii gaggeessaa waliin firummaa qabu yoo muudame bilisa ta'ee ni hojjata jedhamee waan hin yaadamneef darbees hojii gaggeessaan hojii bal'aa waldichaa kan dalagu waan ta'eef rakkoo uumu daanda'a. Seerri daldalaa haroofti garuu

¹⁷⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-182

¹⁷⁷ Akuma Oliitti fuula-184

¹⁷⁸ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-185

rakkoo kanaf furmataa ka'eera. Kunis keewwatni 345(1,d) jalatti namootni waldaa aksiyonaa waliin walittii dhuufenyaa qaban oditara ta'uu akka hin daandenye tumera. Namoota waldaa aksiyona waliin hidhataa qaban jedhaman keessa tokko hojii gaggeessa fi namoota hojii gaggeessa waliin firummaa qabaniidha.¹⁷⁹ Kanaaf, seerri daldalaa haroofti firoota hojii gaggeessaa oditara akka hin taane kan daangesse ta'uu ifaatti ka'uun rakkoo seera daldalaa duranii keessaa gama kanan tureef fala ka'eera.

Hojiirraa ka'u oditarootaa ilaachisee seerichi keewwaata 346 jalatti oditarri hojiirraa ka'uun kan danda'u yaa'ii abbootii aksiyonaaatin akka ta'e kaa'eera. Ijoon asirratti ka'uun maluu barri bajataa osoo hin xumuramiin odiitaronni fedhii isaaniitit hojii gadhiisuu danda'u moo? Hin danda'an kan jedhu dha? Oditarri hojii jalqabnaan gabaasa isaanii yaa'ii abbooti aksiyonaa waliigalaaf dhiyeessuu kan qaban waan ta'eef gidduutti dhiisuu waan danda'an hin fakkaatu. Haata'u seerri keenya ijoo kana callisuun bira darba.¹⁸⁰ Kaffalti isaani ilaachisee qaama isaan muudeen jechuun yaa'ii abbootii aksiyonaa murtaa'uu akka qabu keewwatni 347 tumeera. Kunis, oditaroonni kaffaltii isaanif hin malle akka hin arganeef kan kaayyeeffatee dha.¹⁸¹

Qabatamaatti yeroo seerri daldalaa duranii hojii irraa ture manneen murtii keessattis gaaffiin oditarri nuuf haa muudamu jedhu yeroo dhiyaatu ni mul'ata. Dhimma kana tumaa seera daldalaa duranii fi foyya'ee waliin haa xinxaluu. Seera daldalaa duranii keewwatni 368(2) fi seera daldalaa harawaa kwt.329(2) abbootiin aksiyonaa muraasaa kaappitaala waliigala keessaa dhibbeentaa 20 gad hin taane qaban oditara filachuu akka danda'an kaa'eera. Kunis, mirga isaanif kaawwame waan ta'eef yoo oditarri abbootii aksiyonaa ,aksiyona guddaa qabaniin filatame mirga isaanii kan miidhuu ta'e yoo itti mul'ate oditara mirga isaanii kabachisuufii danda'u filachuu danda'u. Yoo haalli akkanaa kan mudatu ta'e waldaan aksiyonaa sun oditara tokko ol qabaachuu danda'a.

Gaaffii Marii

1. Dhimma tokko irraatti himataan obbo Birbirsa Kojowaa fi Himatamaa Waldaa Aksiyonaa Me'ee Bokkoo jidduu tureen gaaffiin himataa keessaa tokko gaheen koo sirriitti qulqulaa'ee ragaa kan naaf kennname waan hin taaneef oditarri bilisa ta'e muudamee herreegni waldichaa qulqullaa'ee ragaan naaf haa kennamu kan jedhu

¹⁷⁹ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe 345(1,d) fi 306 waliin dubbisuun

¹⁸⁰ Fikedu phexirous, Ethiopian company law,(2nd ed)2008 p.184

¹⁸¹ Akuma Oliitti fuula-184

yoo ta'u, manni murtii hojiin oditara muuduu kan yaa'ii abbootii aksyoonaan waan ta'eef manni murtii kan gochuun isaan hojii yaa'ii abbootii aksyoonaan keessa garmalee akka galu kan taasisu dha. Kanaaf, himataan mirga isaa kabachisuuf manni murtii yaa'ii abbootii aksyoonaan oditara muuduu danda'u akka waamuuf gaafachuun qaba malee kallattiin manni murtii oditara akka muuduuf gaafachuun isaa sirri miti jechuun murteesseera. **Murtii kana tumaa seera daldalaa waliin walbira qabun dhamaa qabessummaa isaa xinxalaa**

4.11.2. Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Oditarootaa

Aangoo fi dirqama oditarootaa ilaalchiisee keewwatni 348 oditaroonni dirqama galmeewan herrega garagaraa sakkata'uun sirrummaa isaanii mirkaneessuu kan qaban ta'uu tumeera. Kana malees, oditarri gabaasa daayirektarootaa sirrii ta'uuf dhiisuu isaa mirkaneessuun irraa eegama. Dirqama bu'uraa armaan oliitti ibsameen dabalataan oditaroonni dirqama addaa yaa'ii abbootii aksyoonaan laatameef ni raawwatu. Keewwatni 349 dhimmoota kan akka gabaasa daayirektarootaa fi haala qoodinsa bu'aa irratti yaada akka kennu qaban tumeera. Qoodinsa bu'aa irratti yaada akka kennan seerichi kan barbaadu mirga liqeessitoota waldichaa eegufii dha.¹⁸²Itti gaafatamummaa oditarootaa ilaalchise oditarri hojii ogummaa kan hojjatu waan ta'eef dirqama ogummichi irraa eegu bahuu dhabuun badii yoo raawwate hariiroo hawaasaanii fi yakkaan akka itti gaafatamu keewwatni 354 tumeera. Biyyoota biroo keessattis oditarri badiiwan ta'e jedhamanii raawwatamanii fi badiiwan dagannoon raawwatamaniif gaafatamu.¹⁸³ Itti gaatamummaan isaanis waldichaa fi garee sadaffaaf ta'a.

Oditaroonni qabeenya waldichaa kan odiiti godhan waan ta'eef yeroo dirqama isaanii kana bahan badii raawwachuu danda'u. Kanaaf, badii waldicharratti raawwataniif waldaaf itti gaafatamu. Garee sadaffaa ilaalchise akkuma armaan oliitti ilaalle qoodinsi bu'aa taasifamu mirga garee sadaffaa kan hinmine akka ta'uuf oditaroonni yaada akka kennan seerichi ni ajaja oditaroonni dirqama kana bahuu dhabuun yoo miidhaan garee sadaffaarra gahe isaanifillee itti gaafatamu jechuu dha.

¹⁸² Miil-jalee olii lakkofsa 180ffaa fuula-189

¹⁸³ Professor Nicholas Bourne, Essential Company Law, Third Edition , published in Great Britain 2000 by Cavendish Publishing Limited, The Glass House, Wharton Street, London WC1X 9PX, United Kingdom fuula=74.

Miidhaan oditaaroni dirqama ogummichi irraa eegu bahuu dhabuun badii yoo raawwatan miidhaa waldiicha , abbootii aksiyona fi garee sadaffaa irraa gahuu daanda'u dhimma biyaa **Ameerikati kampanii Enron** jedhamu keessaatti rawwatamee ilaaluun baay'ee murteessadha. Kampaniin Enron jedhamu bara 1985 Amerika keessatti kan hunda'ee yoo ta'uu hojiwwan daldalaa akka boba'aa fi humna elektrikii dhihessuu fi kkf irratti bobba'uun bu'aa qabessaa waan taheef bara 2000 irratti kappitaalli waldichaa dolaraa biliyoona 100 ol ga'ee ture.¹⁸⁴ Hanga bara 2001ti oditariin waldichaa sirnii faaynasii waldichaa sadarkaa gaari irraa akka jirutti gabasaa yaa'ii waliigalatif dhiheessa turera. Hata'uu malee qorannoo bara 2001 gara dhuma irratti gaggeefameen waggoota shanan darban keessaatti gabaasni oditaraa gabaasa sobaa kan ture malee waldiichi **doolara Amerika biliyoona 586 ol kasaruu** isaa irraa gahaame. Gatiin aksiyonaa waldichaas doolara 90 irraa gara doolara tokkotti gadii bu'uu qorannoon gaggeeffame agaarsisera. kampaniin Enrol kun gabasaa sobaan dhokfamee malee kappitaalli qabu idaa irraa jiru kaffaaluu kan hin daandenye tahuun waaan hubatameef bara 2001 dhumaa irratti murtiin kasaraa(bankruptcy judgement) itti kennamera.¹⁸⁵ Sababootni kampanii kana kampanii seenaa aduunya keessatti ariitiin gudatee ariitiin kasaree jechun akka yaadatamu taasisan keessaat gurguddoon;

-  **Gabasaa sobaa(lack of truthfulness)-** hojiwwan hooggansa waldichaan walqabatee fi haala faayinasii waldichaa irratti gabaasni qabatama jiru hin agaarsifne dhiyaacha turu. Fkn- gurgurtaan mallaqaa hojii gaggesan waldichaaf liqeessee kaffaluuf taasifame akka kappitaala waldichaa guudisuuf taasifametti gabaafama ture. Kunis dirqamaa amanamummaa oditaroota kan cabseedha.
-  **Walitti bu'iinsa faayida(conflict of interest)-** yeroo walitti buu'insi faayida hooggantoota waldichaa fi waldichaa jiddutti uumamu qaama aangoo qabun osoo hin mirkanna'iin hojii irraa oluu.Namni **Arthur Andersen**, jedhamu akka oditaraa fi gorsaa waldichaatti tajaajilun raakkowwan turan akka ifaa hin banee gabasaa sobaatin dhoksaa ture.
-  **Gabasaa oditi gowwomsaa dhiheessuu(accounting fraud)-**oditarin hojiwwan hooggansa waldichaan hoojetaman akka sirrii fi dhugaa ta'aniitti oditi sirrii hin tanee dhiheessun akka waldiichi bu'aa qabeessa ta'a jirutti dhiheessa turera.Idaa waldichaa irratti dabalaa deemu dhoksuun oditari fi hooggantootni abbootii

¹⁸⁴ The Case Analysis of the Scandal of Enron, International Journal of Business and Management Vol. 5, No. 10; October 2010,p.1-5

¹⁸⁵ Akuma Oliitti

aksiyoonaan dogoongorsa turan. Daayirektarri waldichaa Kenneth Lay jedhamu dhaabbata dhuunfaa isaa iccittiin erga dhabee booda waliigaltee gara garaa Enrol waliin galamuu faayadamun qabeenyaa waldichaa samaa ture. Bu'uura kanan Enrol seenaa keessatti kampanii sirni gowwomsuu fi waliin dhahuu gudaan keessatti raawwatame jechuun yaadatama.¹⁸⁶

Gaaffii Marii

1. Dhimma kampanii Enron walqabate badiiwwan hooggaansa fi oditaraa waldichaan raawwataman seera daldalaa biyya keenya waliin walbira qabun irratti marii'adha.

4.12. Yaa'ii Abbootii Aksiyoonaa

Yaa'iin abbootii aksiyoonaa qaama olaanaa waldicha hoogganuu dha. Aangoon qaama kanaa barreffama hundeffamaa fi seerota biroon kan murtaa'u ta'uus haala dirqisisaa ta'een murteewwan ciccimoon qaama kanaaf dhiifamuu akka qaban seerri daldalaa tumeera. Fakkeenyaaf barreffama hundeffamaa fooyyeessuu, aksiyoonaa guddisuu, lammummaa waldichaa jijiruu fi kkf dha. Yaa'iin gosa lama seera daldala biyya keenya keessas ta'e biyyoota biroo keessatti beekamtiin kennamefii jira. Kunis, yaa'ii waliigalaa fi yaa'ii waliigalaa addaati. Yaa'iin waliigalaa jechuun yaa'ii abbootiin aksiyoonaa hundi irratti hirmaatan yoo ta'u; kunis yaa'ii waliigalaa idilee fi yaa'ii waliigalaa ariifachiisaa jedhamuun beekamu.¹⁸⁷

Waa'ee yaa'iin waliigalaa idilee seera daldalaa harawaa keewwata 392-398 jalatti tumamee jira. Yaa'iin kunis waggaatti yoo xiqaate al tokko barri bajataa dhumeed ji'oottan afur itti aanan keessatti waamamu akka qabu seerri daldalaa keewwata 393 jalatti tumeera. Yaa'ichis ijoowwan kan akka galmee herrega waldichaa qorachuu, waa'ee bu'aa waldichaa, haala qoodinsa bu'aa, waa'ee muudamaa fi hojiirraa ka'uu daayirektarootaa fi oditarootaa kan mari'atamu ta'u keewwata 394 irraa hubachuun ni danda'ama. Dabalatanis seerri daldalaa haroofti aangoo dabalata yaa'ii waliigalaa idileetif kenne jira. Kunis hariiroon daldalaa waldaan aksiyoonaa qamoota biraa waliin seenu walittii bu'iiinsa faayida qabu fi kappitaala waldichaa %10(parsanti kudhan) fi isaa ol ta'ee of keessaa qabu yaa'ii waliigalaa idileetif dhiyaate jalqaba mirkanna'uu akka qabu kewwata 395 jalatti tumamera.

¹⁸⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 184ffaa. Fuula 1-5

¹⁸⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.365

Kooramiin yaa'ii gaggeessuuf barbaachisu ilaalchisee keewwatni 398 abbootii aksiyoonaa sagalee kennuu danda'an keessaa yoo xiqlaate ¼(tokko afraffaa) isaanii argamu qabu. Darbees, keewwatni yaa'ii idilee waliigalaa keessatti murtiin sagalee caalmaan/simple majority vote/ akka kennamu kaa'eera.¹⁸⁸ Yaa'ii waliigalaa ariifachisaa keessatti ijoowwan waldicharratti jijjirama guddaa fiduu danda'an kan furmaata itti argatanii dha. Isaanis, barreeffama hundeffamaa fooyyeessuu, aksiyoonaa guddisuu, lammummaa waldichaa jijjiruu, fi kkf akka ta'an keewwata 399-403 irraa hubachuun ni danda'ama. Yaa'ii gaggeessuuf kooramii barbaachisuu ilaalchisee seerri daldala kooramii gosa lama gosa dhimmaa irratti hundaa'uun kaa'eera. Bu'uura keewwata 402 (2 fi 3) tiin lammummaa waldichaa jijjiruuf ykn kaappitaala waldichaa guddisuuf abbootii aksiyoonaa sagalee kennuu danda'an hundii argamu qabu. Murtiinakkanaas kan darbu yoo abbootiin aksiyoonaa sagalee kennuu danda'an hundi yoo irratti waliigalanii dha. Kunis, kan agarsiisuu murtii akkanaa dabarsuun hangam ulfaataa akka ta'e dha.

Yaa'ii waliigalaa arifachisaa dhimmoota armaan oliitti ibsamaniin alatti gaggeeffaman irratti murtii dabarsuun kan danda'amu yoo abbootii aksiyoonaa sagalee kennuu danda'an keessaa 2/3(lama sadaaffaa) deeggaramee dha.¹⁸⁹ Kooramiin ammo guuteera kan jedhamu yoo waamicha duraaniin aksiyoonaa sagalee kennuu danda'an keessaa 1/3(tokko sadaaffaa) ol ta'an argamanii dha. Yoo hangi aksiyoonaa kun waamicha duraanin argamu baate waamicha lammaffaa taasisuun barbaachisaa ta'a. Waamicha kanarratti koramiin guuteera jechuun aksiyoonoota sagalee kennuu danda'an keessaa ¼(tokko afraffaa) kan ta'u abbootiin aksiyoonaa bakka bu'uu danda'an argamu qabu. Yaa'ii lammaffaarratti sagaleen kun yoo argamu baate yaa'iin yeroo sadaffaaf ni waamama. Yaa'ii kanarrattis kooramiin guutuuf aksiyoonoota sagalee kennuu danda'an lakka'uun osoo barbachisiin gaggeefama.¹⁹⁰ Seera daldala duranii keessaatti garu kooramiin guuteera kan jedhumu yoo waamicha duraaniin aksiyoonaa sagalee kennuu danda'an keessaa walakkaa ol ta'an argamanii dha. Yoo hangi aksiyoonaa kun waamicha duraanin argamu baate waamicha lammaffaa taasisuun barbaachisaa ta'a. Waamicha kanarratti koramiin guuteera jechuun aksiyoonoota sagalee kennuu danda'an keessaa 1/3(tokko sadaaffaa) kan ta'u abbootiin aksiyoonaa bakka bu'uu danda'an argamu qabu. Yaa'ii lammaffaarratti sagaleen kun yoo argamu baate yaa'iin yeroo sadaffaaf ni waamama kanarrattis kooramiin guutuuf aksiyoonoota sagalee kennuu danda'an

¹⁸⁸ Akuma Oliitti kwt.398(4)

¹⁸⁹ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.402(1)

¹⁹⁰ Akuma Oliitti kwt.402(4)

keessaa abbootiin aksiyoonaa 1/10(tokko kurnaaffaa) ta'u bakka bu'uu danda'an argamuu qabu jechun tumee ture.¹⁹¹

Yaa'iin addaa ilaachisee abbootii aksiyoonaa gosa aksiyona wal-fakkaataa ta'e qaban murtee yaa'iin waliigalaa dhimma isaan ilaallaturratti kenne irratti marii'achuun murtee ofii itti dabarsanii dha.¹⁹² Kooramiin ammo guuteera kan jedhamu yoo waamicha duraaniin aksiyoonaa sagalee kennuu danda'an keessaa walakkaa gadi hin tanee argamanii dha. Yoo hangi aksiyoonaa kun waamicha duraanin argamu baate waamicha lammaffaa taasisuun barbaachisaa ta'a. Waamicha kanarratti koramiin guuteera jechuun aksiyoonoota sagalee kennuu danda'an keessaa 1/3(tokko sadaaffaa) kan ta'u abbootiin aksiyoonaa bakka bu'uu danda'an argamuu qabu. Yaa'ii lammaffaarratti sagaleen kun yoo argamu baate yaa'iin yeroo sadaffaaf ni waamama. Yaa'ii kanarrattis kooramiin guutuuf aksiyoonoota sagalee kennuu danda'an 1/4(tokko afraffaan) yoo argaman kan gaggeefamuudha.¹⁹³

4.12.1. Sirna Waamicha Yaa'ii Abbootii Aksiyoonaa

Sirna waamicha yaa'ii yeroo jennu haala, yeroo, mala, qabiyyee waamichaa fi yaa'iin eenyuun waamamu akka qabu kan agarsiisuu dha.¹⁹⁴ Bu'uura kanaan seerri daldalaa keewwata 366(1) jalatti yaa'iin boordii daayirektarootaan, oditarootaan, qulqulleessitootan fi mana murtiin waamamu akka danda'u tumeera. Daayirektaroonni yaa'ii waamuun gahee hojii isaanii akka ta'e kutaawan darban keessatti ibsameera. Oditaroota ilaachise yoo daayirektaroonni yaa'ii waamu baatanii fi abbootii aksiyoonaa kaappitaala waliigalaa keessaa dhibbeentaa kudhan ta'u qaban yaa'iin akka waamamu oditarootatti yoo iyyatan oditaroonni yaa'ii waamu qabu.¹⁹⁵ Seera daldalaa duranii jalatti oditarootni yoo daayirektaroonni yaa'ii waamu baatanii fi abbootii aksiyoonaa kaappitaala waliigalaa keessaa 20% (dhibbeentaa diigdama) ta'u qaban yaa'iin akka waamamu oditarootatti yoo iyyataniidha.¹⁹⁶

Manni murtiis abbootii aksiyoonaa kappitaala waliigalaa keessaa 1/10 (tokko kurnaffaa) qaban yoo iyyatan yaa'iin akka gaggeeffamu ajajuu danda'an jechun seerri daldalaa duranii

¹⁹¹ Seera daldalaa Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt. 525(3)

¹⁹² Miil-jalee olii lakkofsa 189ffaa kwt.404

¹⁹³ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.406(1)

¹⁹⁴ Professor Nicholas Bourne, Essential Company Law, Third Edition , published in Great Britain 2000 by Cavendish Publishing Limited, The Glass House, Wharton Street, London WC1X 9PX, United Kingdom fuula=77-78.

¹⁹⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 193ffaa kwt.351(1,2)

¹⁹⁶ Akuma Olii kwt.377(1 fi 2)

391(2) jalatti tumera. Hata'uu malee seerri daldala haroofti ulaaga abbootii aksiyoonaa ya'iin akka gaggeeffamu iyyatan kana gara kappitaala waliigalaa keessaa %5(dhibbeentaa shanitti) fooyyessera.¹⁹⁷ Qamni bira seera daldala harawaaan yaa'iin akka waamu aangoon kennameef ministera daldalaati. Kunis yeroo yaa'iin qamoota armaaan olii kanan hin yaamamne fi sababnii gahaa fi amansisaan jiratee dha.¹⁹⁸ Dabalataan, yeroo waldiichi diiggamu qulqulleesittonni waldichaa yaa'ii waamu danda'u.

Haala qabataama yeroo ilaallu seera daldala duranii jalatti daayirektaroonni barri bajataa dhumeesi ji'oota jiran afran keessatti yaa'ii waliigalaa waamu kan qaban ta'uus kan gochuu dhabuu isaaniiti fi sababoota biroo irraa kan ka'ee himannaan yaa'iin nuuf haa waamamu jedhu manneen murtii dhiyaachaa jira. Waamicha mana murtiin taasifamuun walqabatee ijoon ka'uu malu himatamaa kan ta'u qabu eenyuu? Manni murtii aangoo yaa'ii waamuu qabu kami? Himannaan dhiyaatu sirna idileen moo? Ariitiin ilaalam? Mana murtiitti iyyachuun dura qaamolee waamuuf dirqama qaban yaa'ii akka waaman gaafatamuu qabu moo? Kallattin mana murtii dhaquun ni danda'ama? Manni murtii yaa'iin akka waamamuuf sababa dhiyaate madaaluu qaba moo? Akka mirgaatti sababa malee hayyamuu qaba?kan jedhu dha.

Ijoo eenyuutu himatamaa ta'u qaba jedhuuf himatamaa ta'uun kan qabu qaama yaa'iicha waamuuf dirqama qabu dha. Kanaaf, adda dureen dirqama kan qabu boordii daayirektarootaa waan ta'eef yeroo himannaan yaa'iin nuf haa waamamu dhiyaatu daayirektaroonni himatamtoota ta'uun qabu. Haata'u malee, bakka daayireektaroonni hundi hojiirra hin jirreetti bu'uura seera daldala bara 1960 bahe kwt.351(4) yaa'ii waamuun daayirektaroonni hatatamaan akka muudaman taasisuun dirqama oditarootati.¹⁹⁹ Seerri daldala haroofti immo bakka daayireektaroonni hundi hojiirra hin jirreetti bu'uura 303(4) yaa'ii waamuun daayirektaroonni hatatamaan akka muudaman taasisuun yoo waldiichi qabatee dirqama boordii too'attoota(supervisory board)ti. Yoo boordiin too'attoota kun hin jiranne immo dirqamni kun oditaroota irraatti kufa.²⁰⁰ Kanaaf, haalli akkanaa yeroo mudatu jechun bakka daayireektaroonni hundi hojiirra hin jirreetti, himatamaa kan ta'an akka seera daldala

¹⁹⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 193ffaa kwt.366(3) fi Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.391(2)

¹⁹⁸ Miil-jalee olii lakkofsa 193ffaa kwt.366(2)

¹⁹⁹ Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.351(4)

²⁰⁰ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.303(4)

duranitti oditaroota ta'u yoo ta'an akka seera daldalaa harawatti yoo waldiichi qabatee boordii too'attoota yoo ta'uu yoo hin qabane immo oditaroota ta'a.²⁰¹

Yaa'iin akka waamamu taasisu waliin wal-qabatee ijoon falmiisaan biroo aangoo mana murtiitti. Kanaan wal-qabatee manneen murtii keessatti ejanno garagaraa akka jiru murtiwwan yeroo seerri daldalaa duranii hojiira ture kennaman illaalun nii daanda'ama. Ejanno inni duraa falmii yaa'iin nuuf haa waamamu jedhu keessatti aangoon mana murtii murtaa'uu kan qabu eenyummaa garee falmiitotaarratti dha. Seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 15(2(a)) jalatti gaaffiin yaa'iin nuuf haa waamamu jedhu aangoo mana murtii olaanaa hin taasifamne waan ta'eef gaaffiin kun eenyummaa garee wal-falman ilaaluun aangoo mana murtii murtaa'u qaba male kallattiin aangoo mana murtii olaanaati jedhamuu hin qabu kan jedhu yoo ta'u.²⁰² Ejanno kaan ammoo lakki falmiwwan akkanaa falmii seera daldalarraa maddan waan ta'aniif darbees waldaaleen aksiyoonaa mootummaa feederaalaajalatti kan galmaa'an waan ta'eef bu'uura heeraa mootummaa keewwata 55(4)tiin aangoo mana murtii feederaalaati kan jedhu dha.²⁰³

Mee murtii mana murtii waliigala feedaraalaahhaddachi ijibbaata yeroo seerri daldalaa bara 1960 hojii irraa ture ijoo kanarratti kenne haa ilaallu. Murtii mana murtii waliigala feedaraalaahhaddacha ijibbaataan iyyattootni daayirektaroota waldaa aksiyoonaa Gimbi Gabaya fi waamamtooni abbootii aksiyoonaa Geexuu Akaaluu fa'a N=60. gidduu falmii tureen waamamtootni ammaa himannaa mana murtii aanaatti dhiyeessaniin daayirektaroonni waldichaa barrii bajataa xumuramee ji'a afur gidduutti bu'uura dambii ittin bulmaata fi seera daldalatiin yaa'ii waliigala waamuu gatii dhabaniif darbees akka yaa'ii waliigala waaman irra deddeebin yoo gaafatamanillee hayyamamoo ta'uu hin dandeenye. Akkasuma dantaa waldicha haala adda addaan miidhaa waan jiraniif manni murtii yaa'ii akka nuuf waamuu fi ajandaa marii akka qabatuuf gaafataniiru. Iyatootni ammaa mormii sadarkaa duraa waldichi mootummaa feedaraalaajalatti kan galmaa'e waan ta'eef manni murtii aanaa aangoo hin qabu jechuun falmataniiru. Dabalataan, sababa humna ol ta'een yaa'iin waamamuu dhabe jechuun falmataniiru. Falmii taasifameen waamamtootni ammaa falmiin kun falmii waa'ee hundeffama ykn diiggamu waldaa aksiyoonaa waan hin taanees SDFHH

²⁰¹ Miil-jalee olii lakkofsa 199ffaa kwt.351(4) fi Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.303(4) waliin dubbisuun

²⁰² Yaada addaa murtii ijibbaata Iyyattootni daayirektaroota waldaa aksiyoonaa gimbi gabaya fi waamamtooni abbootii aksiyoonaa Geexuu Akaaluu faa N=60, Mana murtii waliigala Feedaraalaahhaddacha ijibbaataa, Lakk.G.130642, gaafa 08/02/2009.

²⁰³ Akuma Oliitti.

keewwata 15(2(a) jalatti kan kufu miti. Darbees, waldaan kun mootummaa naannoo jalatti kan hundeffame galmaa'ee waan ta'eef mormiin ka'e akka kufaa ta'uu gaafataniiru. Manni murtii aanaa falmii gama waamamtoota ammaa fi himattoota duraaniin ka'e fudhachuun mormii dhiyaate kufaa gochuun yaa'iin akka waamamu fi ajandaawwan irratti mari'atamuu qabu kaa'era. Manneen murtii Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jirani murtii mana murtii aanaa kennname cimsaniiru.

Dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala feedaraalaa murtii sagalee caalmaan kenneen waldaaleen aksiyoonaa mootummaa feedaraalaa jalatti kan galmaa'an waan ta'aniif darbees dhimmichi dhimma seera daldalarraa madde waan ta'eef aangoo mana murtii feedaraalaati. Kanaaf, manni murtii aanaa aangoo hin qabu jechuun murteessera. Murtii kanarratti abbaan seeraa sagalee addaa qabatan ammoo waldaan kun feederaalaati kan galmaa'e ta'uus falmii yaa'iin nuuf haa waamamu jedhu kana keessatti kan walhimachaa jiran miseensoota waldichaa muraasaa fi daayirektaroota dha. Dhimma kana keessatti waldiichi himataa ykn himatamaa miti. Kanaaf, aangoo mana murtii murteessuuf waldiichi eessatti galmaa'e kan jedhu ilaaluun barbachisaa miti. Kanaaf, dhimma kana aangoo feedaraalaa taasisuun sirri miti jechuun yaada addaa qabataniiru. Ijannoisa kamtuu sirrii dha jettuu?

Sirma falmii yaa'iin nuuf haa waamamu jedhu ilaalcissee SDFHH keewwata 307 jalatti himannaan yaa'ii waamuu sirna ariitiin akka gaggeeffamu kaa'era. Haata'u qabatamaatti himannaawanakkanaa sirna idileen kan dhiyaachaa jiran malee sirna ariitiin dhiyaachaa hin jiran. Fakkeenyaaaf dhimma armaan oliitti ibsame fudhachuu dandeenya.²⁰⁴

Ijoon biroo yaa'ii karaa mana murtiin waamuun wal-qabatee ka'u hiikkoo dhaddachi ijibbaataa keewwata seera daldala duranii 391(2) kenne dha. Yaa'iin karaa mana murtiin akka waamamu taasisuuf abbootiin aksiyoonaa kaappitaala waldichaa keessaa 1/10(tokko kurnaffaa) qaban mana murtiif barbaachisummaa yaa'ichaa agarsiisuu akka qaban keewwata 391(2) jalatti taa'era. Haata'u malee murtii dhaddachi ijibbaataa *Iyyataan Addis Faanaa waldaa aksiyoonaa daldala waliigalaa fi Hooteloota fi waamamtoonni Warquu Haayilamariyaam faa, Lakk. G.47628* ta'e irratti murtii kenneen qaamni yaa'iin akka waamamuuf gaafatu kan mirkaneessuu qabu kaappitaala waldichaa keessaa tokko kurnaffaa qabaachuu isaaniti. Ogeessotnis seeraas murtiin kun tumaa seera daldala keewwata 391(2)

²⁰⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 14ffaa

akka fooyyessetti ykn hayyamuuf manni murtii sababa madaaluu akka hin qabneetti ni kaa'u.²⁰⁵

Biyyoota biroo keessatti manni murtiiakkataa barreffama hundeffamaa fi dambii ittin bulmaataan yaa'ii waamuun kan hin danda'amne ta'u isaa yoo itti amane yaa'iin akka waamamu ajajuu kan danda'u ta'uu isaa ni kaa'u.²⁰⁶ Haata'u malee, ajajni mana murtii kun aangoo qaama tokkoorraa gara biraatti dabarsuuf/distorting balance of power/ ykn mirga sagalee kennuu haala miidhuun hojiirra akka hin ollee ni akeeku.²⁰⁷

Gaaffilee Marii

1. Dhimma dhaddachi ijibbaataa *iyyattootni daayirektaroota waldaa aksiyoonaa gimbi gabayaa fi waamamtoonni abbootii aksiyoonaa Geexuu Akaaluu faa N-60*, Mana murtii waliigala Feedaraalaa dhaddacha ijibbaataa, Lakk.G.130642,ta'ee armaan olitti dhiyaate irraatti kenne seera daldalaa harawa waliin xinxaluun himannaan yaa'iin nuuf haa waamamu jedhu eessatti ilaalamu qaba jettu?
2. Murtii dhaddachi ijibbaataa *iyyataan Addis Faanaa waldaa aksiyoonaa daldala waliigalaa fi Hooteloota fi waamamtoonni Warquu Haayilamariyaam faa, Lakk. G.47628* ta'e irratti murtii kenneen qaamni yaa'iin akka waamamuuf gaafatu kan mirkaneessuu qabu kaappitaala waldichaa keessaa tokko kurnaffaa qabaachuu isaaniti. Ogeessotnis seeraas murtiin kun tumaa seera daldalaa bara 1960 bahe keewwata 391(2) akka fooyyessetti ykn hayyamuuf manni murtii sababa madaaluu akka hin qabneetti ni kaa'u. Murtii dhaddachi ijibbaataa kenne kana keewwata seera daldalaa harawaa rogummaa qabu waliin kasuun irratti marii'adha.

4.12.2. Sirni Beeksisa fi Mala Waamichaa Yaa'ii

Sirni beeksisa fi malli waamichaan walqabatee seerri daldalaa duranii keewwatni 392(1) beeksisini waamicha yaa'iiakkataa barreffama hundeffamaa fi gaazexaa daldalaan akkasuma gaazexaa beeksisa baasuuf beekamti qabu tokko bakka teessoo waldichaatti argamuun bahuu akka qabu tumeera. Haata'u malee, gaazexaan daldalaa seeraa irra kaa'ame qabatamaan hin jiru waan ta'eef beeksisi yeroo baay'ee raadiyoo, teelevizinii fi gaazexaa

²⁰⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-198

²⁰⁶ Professor Nicholas Bourne, Principle of Company Law, Swansea Institute of Higher Education fuula=184.

²⁰⁷ Akuma Oliitti fuula=184.

biroo bahaa jira.²⁰⁸ Beeksisni kunis yaa'iicha guyyaa 15(kudha shan) dursuun beeksifamu qabu.²⁰⁹

Seerri daldalaar haroofti immo sirna beeksisaa fi mala waamichaa baal'isuun keewwata 367 jalatti fooyessera. Jalqaba irratti , akkataa barreeffamaa hundeffamaa akkasumas gaazexaa beeksisa baasuuf beekamti qabu tokko bakka teessoo waldichaatti argamuun bahuu akka qabu tumeera. Yoo abbootiin aksiyoonaa hundi kannen galma'an ta'an yaamichi xalayaan ykn karaa e-mail ykn meeshalee elektironiksi kammiyyuu faayadamuun taasifamu qaba.²¹⁰ Dabalataniis ,seerri daldalaar harawaa guyyaan beeksisni bahu guyyaa yaa'iichi gaggeefamu irraa guyyaa 24 (digdami afur) dursuun beeksifamu akka qabu ka'eera.²¹¹ Kaayyoon beeksisa kanaas miseenootni waldichaa waa'ee yaa'ii gaggeeffamuu fi ajandaa marii dursanii akka baranii fi qophaa'an kan isaan taasisu waan ta'eef beeksisni sab-qunnamtii adda addaan darbuus kaayyoo kana kan galmaan gahu yoo ta'e dogoggooradha jechuun hin danda'amu. Waamichi yaa'ii haala armaan oliitti ibsameen gaggeeffamee kooramiin yoo guutuu baate waamichi yeroo lammaffaa haala wal-fakkaatuun gaggeeffamuu akka qabu seerri daldalaar haroofti keewwatni 368 fi 369 ni kaa'u.

Beeksisni waamicha yaa'ii ulaagaalee maal maal hammachuu qaba kan jedhu seerotni biyya garagaraa tumaniiru. Ulaagaaleen beeksisni waamicha yaa'ii hammachuu qabu guyyaa, yeroo, bakka yaa'iin itti gaggeeffamuu, ajandaa marii fi waa'ee mirga bakka bu'uummaan hirmaachuu of keessatti hammachuu akka qaban barreeffamootni ni kaa'u.²¹² Seerri daldalaar biyya keenyaa harooftis keewwatni 371 jalatti ulaagaalee beeksisni waamicha yaa'ii haammachuu qabu tarreessee jira. Haata'u malee, ulaagaaleen armaan oliitti ibsaman kun seera daldalaar bara 1960 bahe keessatti hammatamanii hin jiran.²¹³ Keessattuu seerri daldalaar bara 1960 bahe yaa'iin yoo xiqlaate guyyaa 15(kudha shan) dura waamamuu akka qabu keewwata 395 jalatti erga tumee booda ajandaan marii beeksisa waamicha yaa'ii keessatti akka hammatamu gochuu dhabuun isaa maaliif gaaffii jedhu kan kaasuu dha.²¹⁴

²⁰⁸ Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.391

²⁰⁹ Akuma Oliitti kwt.395

²¹⁰ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.367

²¹¹ Akuma Oliitti kwt.370

²¹² Professor Nicholas Bourne, Essential Company Law, Third Edition , published in Great Britain 2000 by Cavendish Publishing Limited, The Glass House, Wharton Street, London WC1X 9PX, United Kingdom fuula=78.

²¹³ Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.396

²¹⁴ Akuma Oliitti kwt.395 fi kwt.396

Beeksisni waamicha yaa'ii jalqabaa guyyaa 15 dura beeksisni waamicha yaa'ii lammaffaa guyyaa saddeet dura kan taasifamuuf sababoota garagaraa kan qabu ta'uus isaan keessa tokko abbootiin aksiyoonaa ajandaa marii irratti qophaa'anii yaa'icha irratti hirmaanna hoo'aa akka taasisaniifi dha.²¹⁵ Seerri daldala haroofti garuu hanqina guddaa kana fooyyessuun kwt.371 jalatti tumera. Beeksisni waamicha yaa'ii hammachuu kan qabu guyyaa, yeroo, bakka yaa'iin itti gaggeeffamu, ajandaa marii fi waa'ee mirga bakka bu'uummaan hirmaachuu of keessatti hammachuu akka qaban ifaan ka'eera.²¹⁶

Gaffilee Marii

1. Falmii himataa fi Boordii daayirektarootaa waldaa tokko giddu tureen himatamaan falmiin sirna ariitiin gaggeeffamu qaba jedhe gaafateera. Manni murtiis himataan sirna ariitiin akka gaggeeffamu hin gaafanne waan ta'eef jechuun gaaffii ka'e kuufaa godheera. Murtii kennname tumaa SDFHH keewwata 307 waliin akkamiin ilaaltu?
2. Dhimma tokko irratti mormii karaa himatamtootaan ka'e tokko himatoonni yaa'iin karaa daayirekatarootaan akka waamamu osoo hin gaafatiin kallattiin mana murtiitti himachuun isaani sirri miti jechuun falmataniiru. Dura daayirektaroota sana booda odiitaroota gaafachuu qabuu ture yoo milkaa'u baatan manni murtii akka waamuuf gaafachuu qabu ture. Duraa duuba kana osoo hin eegin himanna dhiyaate waan ta'eef akka kufaa ta'uun gaafataniiru. Manni murtis seera daldalaa bara 1960 bahe keewwatni 391(2) mirga abbootii aksiyoonaa xiqqaa eegsisuuf kan tumame waan ta'eef duraa duuba eeguun osoo hin barbaachisiin mana murtiitti himachuun danda'u jechuun mormii ka'e kufaa godheera. Dhama qabeessummaa murtii kanaa seera daldalaa harawaa kwt. 366 waliin akkamiin ilaaltu?
3. Hiikkoon dhaddachii ijibbaataa keewwata 391(2) irratti kenne seera daldalaa harawaa kwt.366'f hojiira oluu daanda'a? Hiikkoon kennamee akka sababni hin barbaachifneetti fudhatamuu danda'a? Yoo akkas fudhanna ta'e miidhaa gahuu/ baasii barbaachisu/ danda'u waliin marii'adhaa.
4. Manneen murtii naannoo keenyaa himanna yaa'iin nuuf haa waamamu jedhu sirna ariitiin keessummeessuu qabu? Rakkoo gamaa kanan jiru furuuf maaltu hojjatamuu qaba jettu?

²¹⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-200

²¹⁶ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.371

4.12.3. Sirna Gaggeessa Yaa’ii

Erga yaa’iin akkaataa seeraan waamame booda qabxiin itti aanuu yaa’iin akkamiitti gaggeeffama kan jedhu dha. Yaa’iin seera qabeessa ta’e akkaataa barreeffama hundeffamaa fi tumaalee seera daldalaan gaggeeffamu akka qabu keewwatootta seera daldalaa duranii 397-417 jalatti tumaaman. Haaluma walfakkaatun seera daldalaa harawaa kwt.372-391 jalatti tarreefamaniru. Deemsaleen seera daldala keessatti yaa’ii gaggeessuuf hordofamu qaban kan akka kooramii guutuu, mirga yaa’ii keessatti hirmaachuu fi sagalee kennuu, qaboo yaa’ii fi kkf dha. Ulaagaaleen yaa’ii guutuu qabu kannen yoo guutamu baatan yaa’iin gaggeeffame seeraa ala waan ta’uuf gaaffiin yaa’iin nuuf yaa haqamu jedhu kan hordofisu ta’a. Ijoowwan kana keessaa kanneen mana murtiitti falmisaasaa ta’an akka kanaa gadiitti xiinxalamaniru.

Kooramii fi sagalee caalmaa ilaalchisee yeroo yaa’iin gaggeeffamu sababoota garagara irraa kan ka’e abbootii aksiyoonaa hunda argachuun rakkisaa ta’a. Rakkoo kana furuuf yaad-rimeen kooramii seera daldala keessatti hammatameera. Kana malees, yeroo ajandaa yaa’ii sagaleef dhiyaatu abbootiin aksiyoonaa hundi irratti waliigalu dhiisuu malu yeroo kana yaad-rimeen sagalee caalmaa hojiirra oolaa. Seerri daldala harofti keewwata 374 jalatti yaa’iin kooramiin yoo guutee fi sagalee caalmaan murtaa’e malee seera qabeessa akka hin taane kaa’era. Kooramiin barbaadamuu guutuuf dhiisuun isaa kan hereggamu erga aksiyooniin barreeffama hundeffaman fi seeraan sagalee kenu hin dandeenye jedhaman erga hir’ifaman booda dha.²¹⁷ Barreeffamni hundeffama tumaa seera daldala waa’ee kooramii fi sagalee caalmaa haasa’u fooyyeessuu hin danda’uu.²¹⁸ Fakkeenyaaaf, seeraan aksiyoonotni sagalee kennuu hin dandenye aksiyoonoota waldichaan bitaman(kwt.375), bu’uura kwt.227tin kanneen mirga dursaa argamsisan, kanneen aksiyoonoota mallata’aanii fi garuu mirga sagalee kennuu dhorkama kwt.289(7), seeraan sagalee kenu hin dandeenye jedhamani hir’ifamaniru.

Mirga yaa’ii keessatti hirmaachuun wal-qabatee abbootiin aksiyoonaa ofii isaanitin ykn karaa bakka bu’aa isaanitin hirmaachuu akka danda’an seerri daldala harofti keewwatni 373 tumeera. Asirratti dhimmi ilaalamu qabu bakka bu’ummaa bu’uura seera daldala 373tiin kennamu fi bakka bu’ummaa bu’uura seera hariroo hawaasaan kennamu dha. Bakka bu’ummaan yaa’ii irratti hirmaachuuf barbaachisu bu’uura seera daldala harawaa keewwata 373 kennamu ta’ee akka bakka bu’ummaa seera hariroo hawaasaa qaama

²¹⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.374

²¹⁸ Akuma Oliitti kwt.374(3)

mootummaa aangoo qabu biratti galmaa'uu kan barbaadu miti jechun seerri daldalaa haroofti kwt. 377(2) jalatti ifaan tumera.²¹⁹ Kunis, abbootiin aksiyoonaa haala salphaan yaa'ii irratti hirmaachuu akka danda'an kan kaayyeeffatee dha. Bakka bu'uummaanakkanaa kan raawwatamu bakka teessoon muummee waldichaa jirutti abbootiin aksiyoonaa qaamaan dhiyaachuun kan nama ittin bakka buusanii dha. Abbaan aksiyoonaa tokko nama tokko caala bakka buusuu hin danda'u. Sirna kenninsa sagalee ilaachise aksiyonni tokko sagalee tokko qabaata. Sagaleen kennamun isaa haala maaliin mirkanaa'a kan jedhu irratti seerichi ifa miti. Kanaaf, qabatamaatti sagaleen harka rukkuchuu kennamaa jira.²²⁰

4.12.4. Murtii Yaa'ii Mormuu

Akkuma armaan oliitti ibsameen yaa'iin adeemsa seeraanii fi barreeffamaa hundeffamaa hordofuun waamamee fi gaggeeffame murtee seeraa qabeessa ta'e dabarsuu danda'a. Murteen darbees murtii waldichaa jedhamuun kan fudhatamu waan ta'uuf miseensoota waldichaa hundarratti kan yaa'icharrati hirmaatanis ta'an hin hirmaanneerratti raawwatinsa ni qabaata. Haata'u malee yaa'iin adeemsa seeraa osoo hin hordofin gaggeeffamee fi murtee dabarseen murteen isaa kan haqamu akka ta'e seerri daldalaa haroofti keewwata 391 jalatti kaa'era.

Kunis, qamni murtiin naaf haa haqamu jedhu murtiin yaa'iin kenname erga beeke ji'a sadii gidduutti ta'uu qaba. Gaaffiin murtiin naaf yaa haqamu haala kamiinuu murtichi erga galmeedaldalaa irratti galmaa'e guyyaa 60(jahatama) booda dhiyaachuun hin daanda'u.²²¹ Seera daldalaa bara 1960 bahe keessattii garuu yeroon gaaffiin murtin naaf haa haqamu jedhu erga murtiin galmeedaldalaa irratti galma'ee ji'a sadii keessaatti dhiyaachu akka qabu ka'a.²²² Kanafuu, yeroon gaaffiin itti dhiyaatu seera daldalaa harawaa keessatti gabaabatera.

Gaaffiin murtiin naaf yaa haqamu bakka mana murtii teessoon muummee waldichaa jiruutti dhiyaachuun qaba. Qaamni murtiin naaf yaa haqamu jedhuus wabii gahaqabsiisuu akka qabu seerri daldalaa haroofti kwt. 391(3 fi 5) ni kaa'a. Daangaanakkanaa kun miseensi waldaa sagaleen caalame adeemsa waldichaa guufachisuuf akka barbaade mana murtii akka hin dhaqne kan taasisu dha. Manni murtii yaada hooji gaggeessa ykn nama waldiicha bakka bu'ee erga dhagahee booda sababni gahaan yoo jiraate murtii yaa'iin kenname akka

²¹⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 217ffaa kwt.373 fi 377 waliiin dubbisuun

²²⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula- 208

²²¹ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe 391(1)

²²² Akuma Oliitti kwt 416(3)

dhorkamee turu ni ajaja. Manni murtis falmii gaggeessee erga ragaa dhagahee booda murtiin yaa'ii adeemsa seeraa fi barreffama hundeffamaa osoo hin eegin kan kennname ta'u yoo itti amane murtii kennname haquun murtii isaa ni kenna.²²³ Murtii mana murtiin kennname kun abootii aksyoona hunda irratti kan raawwatinsa qabudha.²²⁴

Murtii yaa'ii mana murtii idileen moormuun wal-qabatee ijoowwan manneen murtiin falmisiisoo ta'an keessaa dhimmootaakkamituu bu'uura keewwata seera daldalaa duranii 416 (seera daldalaa harawaa kwt.391) keessumaa'aa fi daangaa ji'a sadii keessatti ilaalamka jedhu dha.

Kana ilaachisee *manni murtii waliigala feedaraalaa dhaddachi ijibbaataa falmii iyyataa Kadir Haajii Huseen fi Waldaa Aksyoona Koolleejii Luusii fi waamamaan Juwaar Aliyyii* gidduu tureen murtii barsiisaa ta'e kenneera.²²⁵ Dhimmichi mana murtii sadarkaa duraa feedaraalatti kan jalqabe yoo ta'u waamamaan ammaa jalatti iyyataa kan ture abbaa aksyoona qarshii kuma dhibba tokkoo fi afurtamii saddeet /148,000/ ta'u isaa ibsuun murtii yaa'iin waldaa aksyoonaani abbaa aksyoona akka hin taane kennan naaf yaa haqamu jechuun himateera. Iyyattootni ammaas falmii mana murtii jalatti kaasaniin waamamaan ammaa qarshii jedhame kana galii hin goone, murtiin erga kennname waggaa tokko kan darbe waan ta'eef murtichi akka kufaa ta'u gaafataniiru. Manni murtii sadarkaa duraa feedaraalaa mormii sadarkaa duraa ka'e kufaa gochuun maallaqa jedhame waamamaan ammaa galii gochuuf ragaan waan dhiyaateef murtii yaa'iin kennname akka haqamu ajajeera. Manni murtii olaanaa feedaraalaas murtii mana murtii sadarkaa duraa cimseera.

Manni murtii waliigala feedaralaa dhaddachi ijibbaataa hiikkoo seera daldalaa duranii keewwata 416(2) kenneen falmiin waamamaa ammaa mirgi bu'uuraa abbaa aksyoona ta'u kootu sarbame kan jedhu fi mirgi abbaa aksyoonummaa akka kabajamuuf gaafate waan ta'eef gaaffileen bu'uuraa abbaa aksyoonummaa ilaalatan keewwata kana jalatti kan hin haammamatnedha waan ta'eef darbiinsa yeroon kan daanga'u miti jechuun murtii kennera.²²⁶ Yaada kanas barreessan tokko yoo ibsu gaaffileen seera daldalaa duranii keewwata 416(2) jalatti ilaalamani yaa'iin akkaataa seeraa, dambii ittin bulmaataa fi barreffama

²²³ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa kwt.393(4)

²²⁴ Akuma Oliitti kwt.391(6)

²²⁵ Manni Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddachi Ijibbaata, Lakk. G. 52269, jildii 12 fuula 499.

²²⁶ Manni Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddachi Ijibbaata, Lakk. G. 52269, jildii 12 fuula 499.

hundeffamaan naaf hin waamamnee fi hin gaggeeffamne kan jedhu malee mirga abbaa aksiyoonummaa ilaallatan akka hin taane kaa'eera.²²⁷

Gaaffilee Marii

1. Murtii manni murtii waliigala feedaraalaa dhaddachi ijibbaataa falmii iyataa Kadir Haajii Huseen fi Waldaa Aksiyoonaa Koolleejii Luusii fi waamamaan Juwaar Aliyyii gidduu tureen murtii barsisaa seera daldalaa duranii kwt.416(2) jalatti kenne seera daldalaa harawaa kwt.391 waliin akkamiiin ilaalta?
2. Dhimma tokko irratti falmii himataa fi hiimatamaa giddu tureen himanna himataan dhiyeesseen murtii yaa'ii waldichaa dambii ittiin bulmaataa fi barreffama hundeffamaan ala narratti dabarseen kaappitaalli waldichaa yeroo guddatu kaappitaalli koo akka hin guddanee fi akka xiqqaatu ta'eera. Kanaas, murtiin yaa'ii waldichaan darbe naaf yaa haqamu jechuun iyateera. Manni murtiichaas murtii kenneen himataan kun murtii naaf yaa haaqamu jechuun kan mana murtiitti iyate murtichi kennamee wagga tokkoon booda waan ta'eef bu'uura seera daldalaa duranii keewwata 416(2) darbiinsa yeroon kan daanga'udha jechuun kufaa taasisseera. Murtii kana seera daldalaa harawaa kwt.391 waliin akkamiiin ilaaltu? Sababni iyataan kaasee gaaffii mirga bu'uura abbaa aksiyoonummaa ilaallatu dha?
3. Dhimma mana murtii tokkon ilaalam murtii argateen yaa'in abbootii aksiyoonaa gaggeeffame daayirektaroonni waldichaa maallaqa silaa hojii waldichaaf bahuu qabuu keessaa maallaqni akka hin qisaasamne waan taasisaniif hanga maallaqa
sababa kanaan hafee keessaa %12 (dhibbeentaan kudha lama) akka daayirektarootaaf kaffalamu murtaa'eera. Dabalataan himatamatoota keessa namootni idaa kaffaluu dhaban akka ari'aman ta'aniiru. Sababa kanaaf himattootni akka murtiin yaa'ii haqamuuf gaafataniiru. Sababni isaan kaasan kunnin murtii yaa'in kenne kan haqsiisuu dha?
3. Sababoota yaa'in guyyaa sadii hincaalleef akka beellamamu taasisan maal fa'ii? Odeeffannoo? Galmi yaa'ii gahaa dhabuu?baal'inan irratti maari'adha

²²⁷ Fikedu phexirous, Ethiopian company law,(2nd ed)2008 p.215

Boqonnaa Shan

Waldaa Dhuunfaa Ittigaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Seensa

Biyyoota aduunya kana irratti argaman keessaa hojii daldalaaf waldaa dhunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e biyyi hin hundeessine jiran jechuun hin daanda'amu. Waldaan kun namummaa seeraan kennameef kan qabu fi itti gaafatamummaan miseensota kan murtaa'e tahun filatamaa akka ta'uu taasisera.Biyya keenyatis dhaabbilee daldala seera daldala duranii fi harawaa jallatti beekkamti argatan keessaa waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e isaa tokkodha.Kanafuu kutaa kana keessaattii; adeemsa hundeffamaa ,amaloota, adeemsa dabarsa aksiiyoona,haala hooggansa fi haala diiggaaminsa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e fi kkf seera daldala harawaa jallatti itti tumamee nii ilaala. Kanafuu leenjifamtonni xumuraa boqonnaa kana irratti;

- Malummaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e adda basuun nii hubatuu;
- Amalotaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e irratti hubannoo akka waliigalatti qaban nii gabbifatu;
- Ulagawwaan seera daldala harawaa keessaatti waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e hundeessuf ka'aman adda bafatuu
- Haala hundeffamaa, mirgaa fi dirqamaa miseensota , haala hooggansa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e fi haala diiggaaminsaa isaa irratti tumalee seera daldala harawaa jalatti hammatan adda bafachuun nii xinxaluu;

5.1.Amaloota Waliigalaa Waldaa Dhuunfaa Ittigaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Namootni sababa adda addaatiif waldaa aksiiyoona itti gaafatamummaan isaa murtaa'e hundeessuu yoo dadhaban ykn feedhii yoo dhaban,fakkeenyaa haa jennuu namootni hiriyummaan walitti dhiyaatan fi aksiiyoona qaama biroof dabarsuu hin barbaanne, miseensota muraasaa fi kappitaala xiqlaan waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'ee hundeessuu ni danda'u. Aksiiyoona fi boondii ummatatti gurguruuf waamicha osoo dhiyeessuun hin barbaachisin, namootni dhuunfaan wal-beekanii fi wal-amanani qofarraa qarshii sassaabuun waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e hundeessuu nii danda'ama. Kana irraa ka'uudhaan adda addummaa bu'uraa seerota waldaaalee kanneen

lameen bulchan gurguddoo lama baasuun ni danda'ama. Tokkoffaan, waldaa aksiiyoonaan itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessatti miseensonni ofiisaaniiti kan wal hin beeknee fi too'annoo seeraa fi sirna hooggansa jiru qofatti amanuun mallaqa walitti buusuun waldiicha hundeessuu. Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e keessatti miseensonni ofiisaaniiti kan wal beekanii fi wal-amaanan waan ta'eef too'annoo seeraa fi sirna hooggansaa cimaa osoo hin barbaachisin mallaqa walitti buusuun waldiicha hundeessuu nii danda'u. Lammaffaan, waldaa aksiiyoonaan itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessatti hanqinni kappitaalaa waan hin jireef gareen sadaffaaf amanamaadha; waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e keessatti hanqinni kappitaalaa waan jiruuf gareen sadaffa baay'ee hin amanani. Kanaafuu, seera daldala keenyas eegumsi garee sadaffaaf taasisu garaagarummaa qaba. Waldaa aksiiyoonaan itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessatti aksiyonnii uummataaf kan gurguramu waan ta'eef hanqinni kappitaalaa yeroo baay'ee hin jiraatu. Akkasumas waldaaleen aksiyoonaa miseensoota hedduu kan of keessatti hammatu waan ta'eef miseensootni gadii fageenyaan kan wal beekan miti. Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e waldaa aksiyoonaa waliin wal-bira qabun yoo ilaallu waldaa dhuunfaa keessatti miseensori kan wal-beekanii fi wal-amanani dha.

Walumaagalatti amaloota waldaaleen itti gaafatamummaan isaa murtaa'e bifaa gabaabaan akka itti aanutti tarreessuun nii danda'ama;

- ✚ Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e keessatti miseensonni wal beekanii akkasumas wal amanani dhaabbaticha seenu;
- ✚ Waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e miseensota muraasa wal beekanii fi wal amanan qofa irraa qaarshii sassaabaniin kappitaala argatu malee aksiiyoonaan fi boondii gurguruu hin danda'u.²²⁸
- ✚ Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessatti aksiyonni haala salphaan miseensa irraa gara nama biroo darbuun hin danda'amu.²²⁹;fi
- ✚ Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan murtaa'e keessatti yeroo baay'ee miseensotumatu hojiiwwan hooggansaa hojjeta.

²²⁸ Miil-jalee olii lakkofsa 1ffaa fuula-258

²²⁹ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt. 495-533fi Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kewt 429-444

5,2, Adeemsa Hundeeffama Waldaa Dhuunfaa Itti Gafatamumman Murta'ee

Waldaa dhuunfaa itti gaafatamumman isaa murta'ee hundeessuf hojiiwwan gurguddoo afur raawwachuu nu barbaachisa. Tokkoffan, yoo xiqqate namoota lamaa, yoo guddatee namoota shantamaa gurmeessuu. Lamaffaan, yoo xiqqaate kappitala qarshii kuma kudha shan sassaabuu. Sadaffan, barreeffama hundeeffama qopheessuu fi afraffan waldiichaa galmee daldalaa gubbatti galmeessisuudha.²³⁰ Tokkoon tokkoo hojiiwwan kaniinii itti aansinee baldhinnaan ilaaluuf yaalla.

1. Haal-duree lakkofsa miseensummaa: lakkofsa miseensummaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee ilaachisee qabxiwwan ilaallamuu qaban gurgudoo sadituu jira. Isaanis; barbaachisummaa lakoofsoota miseensootaa daangessuu fi akaakuu yookiin bifaa miseensootaa daangeessuu dhabuu fi dangeeffamni miseensootaa hundeeffama duraa fi boodaa haala kamiin ilaalamana kan jedhuudha. Laakkofsi miseensootaa waldaa dhuunfaa itti gafatamummaan isaa murta'ee biyyaa biyyatti garagarumaa kan qabu ta'uus sababbiin daangessuu lakkofsa miseensootaa haala qabatama seeraa irraa ka'uu fi eeggumsaa qaama saddaffaaf taasisuudhaaf.

Akka biyya keenyaatti lakkofsi miseensotaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamni isaa murta'ee lamaa hanga shantamaati.²³¹ Gama akaakuu yookiin bifaa miseensummaa yoo tarree biyyoonni hedduun daangaa kan kaa'an yoo ta'u biyyoon gariin barruu hundeeffamaatiin yookiin danbii itti bulmaataattiin daangeessuu akka danda'an seeraan aangeessuu. Tumaalee seeroota biyya keenya yommuu sakkataanu bifaa miseensummaa irratti daangaa homaatuu akka hin keenne fakkaatus qabatamaan garuu namoonni waldaa dhuunfaa ittii gaafatamumman isaa murta'ee hundeessan namoota firoomaan, hiriyyummaan fi wal amantaan walitti dhihaataniidha.

2. Kappitaala akka haal-duree hundeeffamatti: seerri daldalaa keenyaa kappitaalli hundeeffama waldaa tokko hundeessuuf haal-duree murteessaa ta'uus fi osoo waldeenni hin hundeeffamneen dura kaffalamee xumuramuu akka qabu ifatti ka'aa.²³² Bu'uura seera daldalaa biyyaa keenya bara 1960 bahe keewwata 80tiin kappitaala jechuun mallaqa abbaa yookiin dhaabbata isaatiin gahee mallaqa

²³⁰ Miil-jalee olii lakkofsa 14ffaa

²³¹ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.495(4) fi 499(1)

²³² Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.495(1)

dheedhiin yookiin akaakuun faayidaa argamsisuuf kennamu qabeenya bu'urati. Tumaa seera kana irraa ka'uun kappitaala waldaa jechuun qarshii miseensoota irraa sassabbamu jechuudha.

3.Barreffama Hundeeffamaa - barreffama hundeeffama waldaa aksiiyoonaan armaan oliti ilaaluun keenya ni yaadama waa ta'eef dhimmootni achitti ilaalle suniin waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaa isaa murtaa'eefis raawwatiinsa waan qabaniif lammaffa irra deebinee ilaalluun barbaachisaa miti.Qabiyyeen barreffama hundeeffamaa haala ifaa ta'een seera daldalaa harawaa kwt.500 irratti tarreefamaniru.

Gaaffilee Marii

- a) Lakkofsi miseensaa lamaa gadi yoo ta'e yookiin shantamaaa oli yoo ta'ee bu'aa maal hordoofsiisuu danda'aa?
- b) Waldaa dhuunfaa itti gaafatamumman isaa murta'ee jechun '*waldaan michummaa(shariika) fi waldaa aksiyoonaa walitti makuun kan argamuudha*' yaada jedhu kewwata seeraatin deggaruun irratti marii'adha.

5.3.Dabarsa Aksiyoonaa Waldaa Dhuunfaa Itti-gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Hariiroon miseensoota waldaa dhuunfaa keessa jiran akka waldaa aksiyoonaa mallaqa duwwaa irratti kan hundeeffame waan hin taaneef dhaabbata kana keessatti dabarsii aksiyoonaa akka waldaa aksiyoonaa salphaatti kan gaggeefamu osoo hin taane ulaagaa garagaraa keessa darbuu kan qabu dha. Kanaaf, yeroo aksiyonni dhaabbata dhuunfaa gurguramus ta'e haala biroon darbu ulaagaalee adda addaa guutuu qaba.Kanaaf, keewwatni 508(1) dabarsii aksiyoonaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e barreffaman akka tahuu fi galmeeksi aksiyoonaa keessatti galmaa'u kan qabu ta'u kaa'eera.²³³ Yoo galmeeksi aksiyoonaa keessaa galmaa'u baate bu'aa akka hin qabne keewwatni 508(1) kun dabalataan ibseera.

Aksiyoonaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamumman isaa murta'e nama miseensa dhaabbatichaa hin taaneef dabarsuuf ammoo ulaagaan cimaa kanarra darbu kaa'ameera. Kunis jalaqaba namoota miseensa tahaniif aksiyoonaa bitachuuf yoo feedhi qabatan nii afferamuu. Dabarsii aksiyoonaa miseensa jiddutti taasifamu hanga barrefama

²³³ Akuma Oliitti kwt, 503,507 fi 508 waliin dubbisuun

hundeffamaatiin hin dangeeffamin akka feedhi isaanitti waliif daddabarsuu daanda'uu. Miseensota keessaa aksiyoonaa bitachuuf feedhii kan qabu yoo hin jiratiin qofa miseensa alattii gurguramuu daanda'a.²³⁴ Hata'uu malee dabarsii aksiyoonaa nama miseensa dhaabbatichaa hin taaneef taasifamu miseensoota waldichaa keessaa ¾(sadii afraffaa) kan ta'an sagalee caalmaa akka aksiyoonichi darbu waliigaluu qabu.²³⁵ Dabalataan, Keewwatni 509(1) yoo haala addaan barreffama hundeffamaa keessatti tumamuu baate aksiyoonni miseensota waldaa itti gaafatamumman isaa murta'ee dhaalootatti kan darbu ta'uu kaa'eera. Hata'uu malee yeroo dhaalootni miseensa waldaa kana tahuu hin barbadne, waldiichi qaabeenya kufamaa qabuu irraa gatii aksiyoonaa kana kaaffaluun ofiif hanbifata.²³⁶ Rakkoolee kanaan walqabatanii ka'an keessaa tokko aksiyoonni tokko nama biraatti darbuun isaa haala maaliin mirkanaa' a kan jedhu dha.

Yeroo seerri daldalaan bara 1960 bahe hojii irraa turetti, dhimma mana murtii olaanaa godina Gujiitin ilaalamee murtii argate dhaddachi ijibbaata mana murtii feedaraalaatin hiikkoon seeraa itti kennname tokko keessatti manni murtii '*maqaan miseensootni haaraa gal mee yaa'ii abbootii aksiyoonaa keessatti waan galmaa'ee fi miseensootni dhaabbatichaas miseensummaa namoota aksiyoonicha darbeef waan hin mormineef aksiyoonni falmii kaasee kun darbuu isaa agarsiisa'*' jechuun murteessera. Dhaddachi ijibbaata mana murtii waliigala Oromiyaas murtii kana cimiseera. Dhaddachi ijibbaata mana murtii feedaraalaa ammoo '*miseensootni haaraan kun yaa'ii irratti argamuun mallatteessuun isaanii fi miseensootnis mormuu dhabuun isaanii duwwaa aksiyoonni darbeera hin jechisisuu dabarsi taasifame gal mee daldala keessatti galmaa'uun isaa mirkanaa'u qaba'*' jechuun murteesseera.²³⁷

Dabarsii aksiyoonaa gal mee daldalaan keessatti akka galmaa'u taasisuun dabarsi taasifame garee sadaffaaf akka beekamu kan taasisu waan ta'eef namootni haala aksiyoonichaa akka baran godha. Kanaaf, murtii dhaddacha ijibbaataa kana seera daldalaan harawaa kwt.508(1) waliin walbira qabne yoo ilaalus sirrii fakkataa. Sabaabni isaas dabaarsi aksiyoonaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamumman isaa murta'e hanga gal mee daldalaan irratti hin galmoofnetti bu'aa akka hin qabne tahuu ifaan seera daldalaan harawaa kwt.508(1) jalatti ibsameera.

²³⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 232ffaa kwt.508

²³⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 232ffaa kwt.509

²³⁶ Akuma Oliitti kwt.511(2)

²³⁷ Iyyataan Baankii Daldala Itoophiyaa fi Waamamaan Ashabbir Taadasa N=5, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G.57288, gaafa 19/07/2003.

Dabalataniis dhaddachi ijibbaata mana murtii waliigala feederala hiikkoo seeraa dirqisisaa lakk. gal mee 18419 irratti kenneen ‘*dhimma falmiin irratti ka’een walqabatee tumaan seeraa labsii haqamee keessaa jiru fi labsii harawaa hojii irraa jiru keessaa jiru walfakkataa waan ta’eef hiikkoon keewwata seeraa kana irratti labsii haqamee jalatti kennamee labsii hojiirra jirufis dirqisisisa tahun kan hojiirra oluu tahu*’²³⁸ hiikkoo itti kennera. Kanafuu murtiin dhaddachi ijibbaata mana murtii waliigala feedaraalaa dabarsaa aksiyoonan walqabate, miseensootni haaraan yaa’ii irratti argamuun mallatteessuun isaanii fi miseensootnis mormuu dhabuun isaanii duwwaa aksiyoonni darbeera hin jechisisuu, dabarsi taasifame gal mee daldala keessatti galmaa’uun isaa mirkanaa’u qaba jechuun seera daldala duranii jalatti murteessee ture seera daldala harawaa irrattis raawwatinsa ni qabata jechuudha.²³⁹

Ijoon biroo naannoo kanatti ilaalamu qabu aksiyoonni waldaa dhuunfaa fedhi miseensootaatin alaa sababa idaa abbaa aksiyoonaa tokkoorra jiruuf gurguramuu danda’aa? Kan jedhu dha. Akkuma armaan oliitti ibsameen waldaan aksiyoonaa dhuunfaa itti gaafatamummaa murta’e yeroo baay’ee namoota hariiroo dhuunfaa cimaa qaban giddutti kan hundeffamu waan ta’eef gareen sadaffaa haayyama miseensootan alaa akka dhaabbata isaanii keessa seenu hin fedhan.²⁴⁰ Haata’u malee, yoo sabaaba idaan aksiyoonni miseensa tokkoo qabame maal ta’a kan jedhu deebi kan barbaduudha. Dhimma kana irratti seerri daldala haroofti kwt.510 deebi kennera. Aksiyoonin miseensa tokko sabaaba raawwiif kan qabamuu yoo ta’ee namnii raawwii idaatif qabatee miseensa waldiicha tahuu kan daaanda’uu miseensoota waldichaa keessaa ¾(sadii afraffaa) kan ta’an sagalee caalmaa akka aksiyoonichi darbu yoo waliigalaniidha. Yoo miseensoni waliigalu didaan waldiichi qabeenya kufaama qabu irraa gatii aksiyoonaa kana kaaffalun kan waldiicha akka tahu taasisa.²⁴¹

Ijoo kanan walqabatee yeroo seerri daldala bara 1960 bahe hojii irraa ture, dhaddachi ijibbaataa mana murtii feedaraalaa murtii kallatti fuulduraa agarsiisuu murteesseera. Dhimma armaan oliitti ibsamee keessaa baankii daldala Itoophiyaa idaa himatamaa tokkooffaarraa

²³⁸ Dhimma falmii iyyatan Hamera Work Maariyam Betaakirstan Sabakaa Guba’ee tsifatbet fi deebi kennitonni diyaqoon Mihrat’ab Birhaan fa’(n-6) jiddu dhimma hojaata fi hojachisaa irrattii labsiin 42/85 haqamun labsiin 377/96 hojiira kan jiru ta’us tumaan seera ijoo falmii ta’ee osoo hin jijjiramiin labsii 377/96 keessatti waan argamuuf hiikoon tumaa kanaf labsii 42/85 jalatti kennnamee labsichii haqamus labsii harawaa irrattii dirqisisaadha jeechun hiika itti kennera.

²³⁹ Iyyataan Baankii Daldala Itoophiyaa fi Waamamaan Ashabbir Taadasa N=5, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G.57288, gaafa 19/07/2003.

²⁴⁰ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.509(1)

²⁴¹ Akuma Olliiti Kwt.509(1 fi 2) fi 510 waliin dubbisuun

qabuuf aksiyoonaa himatamaa tokkooffaa waldaa dhuunfaa keessaa qabu kabachisuun aksiyoonichi caalbaasiin guguramee akka kaffalamuuf gaafateera. Manni murtii olaanaa godina Gujii ‘*dhaabbatni dhuunfaa namoota hariiroo dhuunfaa qaban gidduutti kan hundeffamu ta’uu isaa, dhaabbatichis kan himatamaa tokkooffaa duwwaa akka hin taane ibsuun gaaffii aksiyoonni himatamaa tokkooffaa caalbaasiin gurguramu qaba jedhu kufaa gochuun miseensootni dhaabbaticha gahee himatamaa tokkooffaa ogeessaan shallagame baankiif kaffaluun dhaabbaticha akka ofii olchan*’ murteesseera. Dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala feedaraalaa ‘*seerri daldala bar 1960 bahe keewwata 522, 523, fi 524 jalatti yoo abbaan aksiyoonaa tokko idaa qabaatee fi sababa kanaan aksiyoonni isaa gurguramu gahe miseensootni waldiicha mirga dursaa kan argatan ta’uu isaanii malee sabaaba idaa miseensaatin aksiyoonni abbaa idaa gurguramu kan hin qabne ta’u hin kaa’u jechuun aksiyoonni himatamaa tokkooffaa caalbaasiin akka gurguramu*’ ajajeera.²⁴²

Dhimma kana irratti seerri daldala haroofti kwt.510 deebi kennera. Aksiyoonni miseensa tokko sabaaba raawwiif kan qabamuu yoo ta’ee namnii raawwii idaatif qabatee miseensa waldiicha tahuu kan daaanda’uu miseensoota waldichaa keessaa ¾(sadii afraffaa) kan ta’an sagalee caalmaan akka aksiyoonichi darbu yoo waliigalaniidha. Yoo miseensonni waliigalu didaan waldiichi qabeenya kufaama qabu irraa gatii aksiyoonaa kana kaffaalun kan waldiicha akka tahu taasisa.²⁴³

Gaaffii Marii

1. Dhimmaa armaan olitti *Iyyataan Baankii Daldala Itoophiyaa fi Waamamaan Ashabbir Taadasa N=5, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G.57288, gaafa 19/07/2003* murtii dirqisisaa wa’ee dabarsaa aksiyoonaa fi raawwiin qabamuu aksiyoonaa irratti seera daldala duranii jalatti kenne tuumawan seera daldala harawaa dhimma kanan walqabatan irratti raawwatiinsa qabachuu isaanii gadii fageenyan irratti marii’adha.

²⁴² Iyyataan Baankii Daldala Itoophiyaa fi Waamamaan Ashabbir Taadasa N=5, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G.57288, gaafa 19/07/2003.

²⁴³ Miil-jalee olii lakkofsa 240ffaa Kwt.509(1 fi 2) fi 510 waliin dubbisuun

5.4. Hojii Gaggeessitoota Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Hojii gaggeessitoota waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e akkuma waldaa aksiyonaa aangoon murteessoo ta'e yaa'ii abbootii aksiyonaaf kan dhiifame dha. Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee keessatti yoo abbootiin aksiyonaa waliigalan boordii daayirektarootaa baarreffamaan hundeffamaan miseensoota sadii hanga torba qabu hundeessuu danda'u.²⁴⁴ Kanaaf, boordii daayirekataroota qabachuun dirqamaa waan hin taneef aangoon bal'aan kan raawwatamu danda'u hojii gaggeessitoota dhaabbatichan ta'a. Hojii gaggeessitootni waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e tokko ykn sanaa ol ta'u akka danda'an keewwatni 513(1) ni kaa'a. Waldaan aksiyona dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e yaa'ii akka gaggeessuu kan dirqamu yoo miseensota diigdamaa ol qabaate duwwaa akka ta'e seera daldalaa duranii keewwata 525(3) irraa hubachuun ni danda'ama. Seera daldalaa harawaa keessatti garu yaa'iin kan hin gaggeeffamne yoo miseensonni kudhani gadii tahaniidha. Bakka yaa'iin jiruus yaa'ii haala idileen akka waldaa aksiyonaa waamuun dirqama waan hin taaneef hojiin bal'aan hojii gaggeessitoota dhaabbatichan kan raawwatamu dha.

Akka waliigalaatti yoo walidiichi boordii daayirekataroota hin qabane daangaa kaayyoo dhaabbatichi hundeffameef giddu galeessa gochuun hojiiwan kaayyoo walidiicha galma geessisuu danda'an hunda raawwachuuuf hojii gaggeessitootni aangoo kan qaban ta'u tumaa seera daldalaa keewwata 515 irraa hubachuun ni danda'ama. Eenyummaa hojii gaggeessitoota ilaachise seerichi abbootii aksiyonaa keessaa ykn nama miseensa walidiicha hin taane hojii gaggeessaa ta'uu akka danda'u ni kaa'a.²⁴⁵ Kunis, dhaabbatni itti gaafatamummaan isaa murtaa'e ogeessaan akka gaggeeffamuuf karraa kan saaqua dha. Hojii gaggesitootni waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e aangoo bal'aa kan qaban erga ta'e qabxii itti aanu kan ta'u qabu hojii gaggeessitootni kun eenuun haala maaliin muudamuu? Akkamiin hojiiraa gaggeeffamu? itti gaafatamummaan isaanii maal fakkaata? kan jedhu ijoowwan ilaalamu qabanii dha. Sababni isaas ijoowwan kun seera daldalaa keessatti akka tumaalee waldaa aksiyonaa haguggiin gahaa kan kennameef waan hin taanee

²⁴⁴ Akuma Oliitti bahe kwt.513

²⁴⁵ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.514

fi ijoowwan tokko tokkoos haala waliigalan kan kaawwaman waan ta'aniif qabatamaatti hojiirra yeroo olan rakkoo kan uumanii dha.

Keewwatni 514 hojii gaggeessitootni yaa'ii waliigalaa abbootii aksiyoonaan muudamu akka danda'an kaa'era. Yoo waldaan aksiyoonicha boordii daayirekataroota kan qabu ta'ee garuu isaan kan mudamuu ta'a.²⁴⁶ Hojii gaggeessitootni miseensa waldiichas ta'uu ykn ta'uu dhisuu nii daanda'uu. Akkaataan itti muudaman kunis akkaataa ittin hojiirraa gaggeeffamis kan agarsiisu dha. Kanaaf, hojii gaggeessan yaa'ii waliigalatiin mudaaman ya'ii waliigala kanan hojiirra ka'uu yoo daanda'an kan boordii daayirekatarootan mudaamanis bifuma walfakkatun boordiin hojii irraa gaggeefamuu daanda'uu.²⁴⁷ Seerri daldalaa bara 1960 bahe hojii gaggeessaan sababa gahaa malee hojiirraa gaggeeffame beenyaa gaafachuu akka danda'u kaa'era.²⁴⁸ Seerri daldalaa haroofti garuu hojii gaggeessaan yaa'ii waliigala idileetin sababa gahaa malee hojiirraa gaggeeffame beenyaa gaafachuu akka danda'u fi hin daandenye wantii ka'ee hin jiru. Hojii Gaggeessan sababa gaha hin taneen hojii irraa gaggeeffamee gara hojiitti deebi'uu akka hin daandenyes ka'era.²⁴⁹ Haata'u malee sababa gahaa jechuun maal jechuudha kan jedhu haala ifa ta'een hin teenye. Miseensootni waldaa itti gaafatamummaan isaa murta'e sababa gahaa yoo qabatan hojii gaggeessan aangoo irraa akka ka'uuf mana murtiitti iyyachuu akka daanda'anis ka'era. Manni murtiis sababnii gahan yoo jiratee hojii gaggeessa kana hojiirra kasuun kan bira yeroof akka mudamuu taasisuu daanda'a.²⁵⁰

Manneen murtiis sababoota ka'an baay'ee isaa hanqina ragaa ykn sababa gahaa miti jechuun yeroo baay'ee kan kufisan waan ta'eef istandardii isaa ka'uun ulfaataa akka ta'e ni kaa'u.²⁵¹ Haata'u malee, sababnii gahaan kun dirqama barreffama hundeffamaa, seera daldalaa fi dirqama baratamaan hojii gaggeessaan tokko qabaachuu danda'u of eegannoo barbaachisaa ta'e gochuu raawwachuu dhabuun irraa madduu daanda'u. Sababnii isas dirqama kana sadarkaa bardaamun bahuu dhabuun miidhaan dhabbaticharra kan gahee yoo ta'e hojii gaggeessitootni itti gaafatamummaa dhuunfaa fi waliin hanga buusii isaan taasisan duwwaa osoo hin taane sana darbaallee kan gaafataman waan ta'eef sababa cimaatin/for strong reason/ sababoota kanaan hojiirraa kaasuun waliin kan ilaalamu ta'a.²⁵² Hata'uu malee hojii

²⁴⁶ Akuma Oliitti kwt.514(2)

²⁴⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 245ffaa kwt.517

²⁴⁸ Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.52(3)

²⁴⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 245ffaa kwt. 517(2 fi 3)

²⁵⁰ Akuma Oliitti kwt.517(3)

²⁵¹ Fikedu phexirous, Ethiopian company law,(2nd ed)2008 p316

²⁵² Miil-jalee olii lakkofsa 245ffaa kwt.516(1 fi 2)

gaggeessitootni hojii isaanii amanamummaa fi kutannoон hoojacha turan itti gaafatamummaa akka hin qabne kwt.516(3) tumera.

Sababoota akkamiitu hojii gaggeessitoota hojiirraa kaasuuf sababa gahaadha kan jedhu qabxii marii keessatti kan ilaalamu ta'a. Ijoon biroon asitti ka'uu maluu yoo hojii gaggeessitootni sababa gahaa malee hojiirraa akka gaggeefaman ta'e manni murtii hojii gaggeessitoota kanaaf beenyaan akka kaffalamuuf ajaju qaba moo? Hojii gaggeessitootni hojiitti akka deebi'an murteessu qaba? kan jedhu dha.

Yeroo seerri daldalaa bara 1960 bahe hojii irraa turetti, ijoo kanarratti manni murtii waliigala feedaraalaa dhaddachi ijibbaata falmii iyyattooni *Xaanaa Injinariingii Itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee fi abbootii aksiyoonaa sadii fi waamamaan Miistar Alchaadii Deelgaawidiyoo giddu turee irratti hiikkoo dirqisisaa ta'e kenneera.*²⁵³ *Dhimma mana murtii waliigala feedaraalaa dhaddacha ijibbaataaf dhiyaate kanaaf ka'umsa kan ta'e murtii manni murtii feedaraala sadarkaa jalqabaan waamamaan ammaa ykn hojii gaggeessaan dhaabbatichaa sababa gahaa malee yaa'ii abbootii aksiyoonaan kan hojiirraa gaggeeffame waan ta'eef hojiitti haa deebi'u jechuun murtii kennname komachuuniidha. Iyyattootnis waamamaan hojiirraa akka gaggeeffamu kan ta'e yaa'ii waliigalaab abbootii aksiyoonaan waan ta'eef darbees otuma gaggeessaan taasisfame seeraan ala ta'e hojii gaggeessaaf beenyaan akka kaffalamuuf taasisfamu qaba malee hojiitti haa deebi'u jechuun murtiin kennname sirri miti jechuun komii ijibbaataa dhiyeessaniiru.* Dhaddachi ijibbaataa hiikkoo seera daldalaa duranii keewwata 527 (3) kenneen '*himni hojii gaggeessaan hojiirraa ka'e hatattamaanii fi hanga dhumaatti hojiirraa dhaabbata jedhu hima dirqisisaa osoo hin tame hayyamsisaa/permisive/ akka ta'e*' hiikkoo kenneera.

Bu'uuruma kanaan '*yoo hojii gaggeessaan waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e sababa gahaa malee hojiirraa gaggefame akka haala isaatti hojiitti deebi'u kan danda'u ta'u isaa ykn beenyaan kaffalameefi hojiirraa gaggeeffamu akka danda'u ibsuun, hojii gaggeessaan ammaa qaxaramaa duwwaa osoo hin taane dhaabbata kana keessa dhaalaan kan seene ta'uu fi iyyattoota waliin dantaa wal-fakkaataa kan qaban waan hin taaneef dantaawan garagaraa kana wal-dandeessisuuf hojii gaggeessan hojiitti deebi'u qabu' jechuun murtiin manneen murtii jalaan kennname dogoggora kan hin qabne ta'u ibseera.*

²⁵³Iyyattooni Xaanaa Injinariing Itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee fi abbootii aksiyoonaa sadii fi waamamaan miistar Alchaadii Deelgaawidiyoo, Manni Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddachi Ijibbaata, Lakk. G, jildii 13 fuula 420.

Kanaaf, hojii gaggeessaan sababa gahaa malee hojiiraa yoo gaggeeffame hojii gaggeessaan sun qaxaramaa bakkee moo? Abbaa aksiyonaa ta'uu isaa, abbootii aksiyonaa xiqqaa/minority share holder/ kan bakka bu'u ta'uuf dhiisuu isaa ilaalcha keessa galchuun hojiitti akka deebi'u taasisuu ykn beenyaa kaffaluun akka hojiirra gaggeeffamu kan taasifamu malee sababa al tokko hojiiraa gaggeeffameef hojiitti hin deebii'u yaadni jedhu fudhatama kan hin qabne ta'u isaati.

Qabxiin inni dhumaan kanaan wal-qabatee ka'uu malu itti gaafatamummaa hojii gaggeessitoota dha. Hojii gaggeessitootni barreeffama hundeffamaa ykn seera darbuun badiiwan raawwataniif akka haala isaatti dhuunfaan ykn waliin waldichaaf akkasumas garee sadaffaaf itti gaafatamu. Itti gaafatamummaan hojii gaggeessitoota akka haala isaatti seerota garagaraa irraa maddu danda'a. Isaan kunis hojii gaggeessitootni hojjattoota waldichaa waan ta'aniif bu'uura seera hojjataa fi hojjachisaan akkasumas bakka bu'oota waldichaa waan ta'aniif waldichaaf bu'uura seera bakka bu'uummaan itti gaafatamu.²⁵⁴ Yoo dhaabbatichi kasaaree qabeenyi dhaabbatichaa idaa dhaabbatichaa hunda haguuguu baate hojii gaggeessitootni yoo raawwatan dhuunfaa fi waliin liqeessitoota dhaabbatichaaf itti gaafatamu.²⁵⁵

Itti gaafatamummaan hojii gaggeessitoota dhaabbata itti gaafatamummaan isaa murtaa'e qabatamaatti maal fakkaata kan jedhu madaaluuf yeeroo seeri daldalaan bara 1960 bahe hojiira turetti dhimma qabatamaa manneen murtii feedaraalaan murtii argate ilaaluun gaarii ta'a. Dhimmichi mana murtii olaanaa feedaraalaatti murtee argatee mana murtii waliigala feederaala ol'iyannoonii fi dhaddacha ijibbaataan kan cimee dha. *Dhimmichi mana murtii olaanaa feedaraallatti yeroo jalqabamu deebii kennitootni ammaa himattoota kan turan yoo ta'u himanna dhiyeessaniin hojii gaggeessitootni dhaabbatichaa maallaqa miseensootarraa kan waliitti qaban yoo ta'u hojii qabatamaa keessaa osoo hin galiin kappitaala dhaabbatichaa keessaa dhibbeentaa 88.38% kan ta'u waan balleessaniif akkasumas dirqama herrega qabachuu bahuu gati dhabaniif dhaabbatichi kasaaree akka diiggaamu waan ta'eef miidhaa isaan irra gaheef beenyaa akka kaffalamuuf gaafataniiru. Hojii gaggeessitootni gama isaanit mormii kaasaniin hojii gaggeessaa gatii taaneef duwwaa itti gaafatamu hin qabnu, hangi itti gaafatamummaa keenyas hanga maallaqa nuti buusinee caaluu hin qabu jechuun mormaniiru.*

²⁵⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-322

²⁵⁵ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe 516(1 fi 2)

Manni murtichaas falmii gama himatamtoota jalaa ykn iyyattoota ammaatiin ka'e kufaa gochuun '*hojii gaggeessitootni dirqama seeraan, dambii ittin bulmaataan akkasumas baratamaan daldala irraa maddeen dirqama galmeewan herregaa qabachuu qabu ture kana bahuu dhabuu isaanitin dhaabbatichi akka kasaaru waan taasisaniif dhuunfaa fi waliin itti gaafatamu*' jechuun murteessera. Manni murtii waliigala feederalaa dhaddachii ijibbaatas murtii kana cimseera.²⁵⁶

Dhaddachi ijibbaataa sababoota dabalataa kaaseen '*dhaabbatichi oditii ta'ee kan hin beekne ta'u, baasiif galii isaa kan agarsiisu galmee herregaa kan hin qabne ta'uu isaa, lakkoofsa herrega addaa kan hin qabne ta'u isaa kaasuun sababootni kannen dhaabbatichi akka kasaaru kan taasise waan ta'eef hojii gaggeessitootni itti gaafatamaa kan qaban ta'uu*' mirkaneesseera. Kanaaf, murtii kanarraa kan hubatamu hojii gaggeessitootni dirqamoota ifaan seeraa fi dambii ittin bulmaatarra kaa'amaniin dabalataan dirqamatoota baratamaan hojii gaggeessaan tokko raawwachuu qabu raawwachuu dhabuun itti gaafatatummaa kan hordofsiisu dha. Galmee herregaa baasiif galii agarsiisuu qabachuu, akkasuma dhaabbaticha oditii akka ta'u gochuun dirqama hojii gaggeessitotarraa eegamu waan ta'eef dirqama kana bahuu dhabuu isaanitin miidhaan yoo gahe itti gaafatatummaa kan qaban ta'u kan agarsiisu dha.

Gaaffilee Marii

1. Dhimma armaan olii *Iyyattooni Xaanaa Injinariiing Itti gaafatatummaan isaa murtaa'ee fi abbootii aksiyonaa sadii fi waamamaan miistar Alchaadii Deelgaawidiyoo, Manni Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddachi Ijibbaataf dhiyaate murtii dhumaar gatee kana seera daldalaar harawaa kwt.517 walbira qabun xinxaluun irratti marii'adha.*
2. Seera daldalaar haroofti kwt. 517(2 fi 3) hojii gaggeessaan yaa'ii waliigala idileetin sababa gahaa malee hojii irraa gaggeeffame beenyaa gaafachuu akka danda'u fi hin daandenye wantii ka'ee hin jiru. Hojii Gaggeessan sababa gaha hin tanee hojii irraa gaggeeffamee gara hojiitti deebi'uu akka hin daandenyes ka'eera. Sababni gahan ykn gahaa hin tanee maali?
3. Dhimma armaan olii *Iyyattotni Asteer Arayaa fi waamamootni Addee Amsaal Balaay Faa, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk. G.*

²⁵⁶ Iyyattotni Asteer Arayaa fi waamamootni Addee Amsaal Balaay Faa, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk. G. 39608, gaafa 11/6/2002 kennname.

39608 dhiyaate murtii dhuma argatee kana seera daldala harawaa kwt.516 walbira qabun xinxaluun irratti marii'adha.

5.5. Yaa'ii Abbootii Aksiyonaa Waldaa Dhuunfaa

Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Baay'inni abbootii aksiyonaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessa jiran lamaa hanga shantamaa duwwaa waan ta'eef waldaa aksiyonaa waliin wal-bira qabuun yeroo ilaallu abbootiin aksiyonaa waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessa jiran sochii dhaabbatichaa haala salphaan too'achuu fi hoogganuu ni danda'u. Kanaaf, akkaataan yaa'iin waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e waamamuu, gaggeeffamu fi murtiin kennamu akka waldaa aksiyonaa gad-fageenyaan seera daldala keessatti kan tumame miti. Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e keessatti dhimmoota murteessoo ta'an irratti murtii kennuunii fi aangoon bal'aan akka qajeeltoota qaama kanaaf kan dhiifame dha.²⁵⁷

Haata'u malee, waldaa aksiyonaa itti gaafatamummaa isaa murtaa'e keessatti aangoon bal'aan kan yaa'iif ykn qaama biroof hin kennamne kan boordii daayirektarootaa akka ta'eetti fudhatama. Aangoowwan akka qajeeltootti yaa'ii abbootii aksiyonaa waldaa dhuunfaaf kennaman tokkooffaa, yaa'iichi aango akkamii ofii hambifatee aango akkamii qaamolee biroof bakka bu'uuman kenu akka qabu murteessu. Lammaffaa, aangoon ifaan barreffama hundeffaman ykn seeraan qaama biroof hin kennamne kan yaa'ii abbootii aksiyonaa dhaabbatichaa ta'a. Sadaffaa, aango qaamolee biroof kennamee fi hooggansa waldiicha ilaalatan keessaa akka barbaachisummaa isaa galuu danda'a.²⁵⁸ Haata'uti, qabatamaan aangoon kun gaggeessitoota dhaabbatichaan raawwatamu danda'u. Aangoon yeroo baay'ee yaa'iif qofa kennaman akkuma waldaa aksiyonaa aango waldichaarra jijirama bu'uuraa fiduu danda'anii dha. Isaanis, barreffama hundeffamaa fooyyeessuu, dhaabbaticha diiguu, dhaabbata biroo waliin makuu, hojii gaggeessitoota fi oditaroota muuduu, gabaasa dhaabbatichaa mirkaneessuun, kaappitaala waldichaa guddisuu fi kkf

²⁵⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 105ffaa fuula-306

²⁵⁸ Akuma Olii fuula-306

jedhan aangoo bu'uuraa dhaabbatichaa waan ta'aniif qaama biroof bakka bu'uummaan kennamu hin qaban.²⁵⁹

Seerri daldalaal Itoophiyaas akkataa yaa'iin waamamu, gaggeeffamu, murtiin kennamu akkasumas aangoo yaa'ii ilaachisee haala gad-fageenya qabuun kan tume miti. Kunis, yaa'ii waamuun dhaabbatni itti gaafatatummaan isaa murtaa'e hundaaf kan hojjatu osoo hin taane yoo miseensootni dhaabbatichaa 10(kudhan) ol ta'anii dha. Kanaaf, hiikkoo garagaraaf kan saaxilame dha.²⁶⁰ Keewwatni 525(1) yoo miseensootni walakka kappitaala walidiicha bakka bu'aan argaman yaa'ii waliigala idilee gaggeessuu akka daanda'an tumeera. Yaa'iin waliigala kan waamamu gaggeessitootaan, bakka isaan hin jirreetti, boordii daayirekatarootan, oditarootaan waamama, yoo oditaroonni jiraachuu baatan miseensootni aksiyonaa dhibbentaa kudhan ol qabaniin waamamu danda'a.²⁶¹ Asirratti ijoon hubatamu qabu waldaa aksiyonaa keessatti abbootiin aksiyonaa kallattin waamicha kan taasisan osoo hin taane karaa oditarootaan ykn karaa mana murtiin akka waamaman taasisu.²⁶² Seera daldalaal bara 1960 bahe kwt.532(2) jalatti garuu yaa'iin waliigala wamuuf baay'inni kappitaala miseensoni bakka bu'uu qaban %50 tahuu qaba.

Sagaleen hanga aksiyonaa namni tokkoo qabuun wal-qixa akka ta'e keewwatni 524 (2) tumeera. Keewwatni 525 murteenis kan darbuu yoo sagaleen hanga aksiyonaa jiru keessaa wallakaa oliin deeggarama akka ta'e tumeera. Haata'u, sagaleen kun yoo argamuu baate abbootin aksiyonaa irraa deebiin waamamanii sagalee akka kennan ta'ee murtiin sagalee caalmaan kennama. Tumaan seera daldalaal waa'ee waldaa dhuunfaa itti gaafatatummaan isaa murtaa'e ibsu akkaataan yaa'iin karaa mana murtiin waamamu danda'u waan jedhu hin qabu.²⁶³ Kanaaf, qabatamaatti gaaffii yaa'iin waldaa dhuunfaa itti gaafatatummaan isaa murtaa'e nuuf haa waamamu jedhu waliin wal-qabate rakkoleen ni mul'atu.

Dhimma qabatamaa yeroo seerri daldalaal bara 1960 bahe hojiirra ture , mana murtii olaanaa godina adda Adaamaatti ilaalam murtii argate keessatti miseensootni dhaabbata itti gaafatammuman isaa murtaa'ee tokko namoota sagal yaa'iin bu'uura dambii ittin bulmaataatin bara 2007 irraa kaasee kan hin gaggeeffamne waan ta'eef darbees murtii dhaddachi ijibbaataa mana murtii waliigala feederaalaa galmee lakk. 46628 ta'e irratti

²⁵⁹ Fikedu phexirous, Ethiopian company law,(2nd ed)2008 p.307

²⁶⁰ Seera daldala Itoophiyaal bara 2021 bahe kwt.523

²⁶¹ Akuma Oliitti kwt.521(4)

²⁶² Miil-jalee olii lakkofsa 260ffaa kwt. 521(5)

²⁶³ Akuma Oliitti kwt.521(4)

*kenneen kaappitaala dhaabbatichaa keessaa abbootiin aksiyoonaa dhibbeentaa 10(kudhan) ta'u qaban yaa'iin akka waamamu mana murtiitti yoo iyyatan manni murtii haal duree tokko malee iyyaticha fuudhee ilaalu kan qabu ta'u ibsuun yaa'iin waliigalaa akka waamamuu fi yaa'iicha kan gaggeessuu bakka bu'aan mana murtii tokko akka mooggafamuuf gaafataniiru. Manni murtiis yaa'iin akka gaggeeffamu ajajeera.*²⁶⁴ Iyyata kanarratti qaamni waamamaa ta'ee dhiyaate hin jiru. Haata'u, malee akkuma armaan oliitti ibsineetti akka haala isaatti hojii gaggeessitootni dhaabbatichaa fi oditarooni bakka hojii gaggeessitootni hin jirreetti yaa'ii waamuuf dirqama kan qaban ta'u ibsameera. Kanaaf, qaamoleen dirqama qaban kun akka himatamaa ykn waamamaa ta'uun dhiyaachu qabu.

Yaa'ii gaggeessuuf ulaagaalee barbaachisan keessaa kooramiin tokko dha. Mata dureen keewwata 525 waa'ee kooramii kan dubbatu haa fakkaatu malee qabiyee seerichaa waa'ee kooramii kan haasa'u miti. Kunis seerichi abbootiin aksiyoonaa haala biraan yoo waliigalan malee yaa'ii gaggeessuuf qaamaan argamuun dirqama waan hin taaneefidha. Asiratti waanti hubatamu qabu abbootiin aksiyoonaa yoo yaa'iin qaamaan argamuun akka gaggeeffamu waliigalan baay'ina abbootii aksiyoonaa kooramii guutuuf barbaachisu murteessu kan qaban ta'u isaati.

Karaa biraatin seerri daldalaar harawaa waldaan itti gaafatatummaan isaa murta'ee yaa'ii aariifaachiisa gaggeessuu akka daanda'u kwt.526 jalatti tumeera. Angoon yaa'iif kennname kunis aangoo lammummaa waldiicha jijiruu fi bareeffama hundeffamaa waldiicha jijiruti.²⁶⁵ Murteen lammummaa waldiicha jijiruu ykn kaappitaala waldiicha guddisuu miseensota hundaan yoo deeggarame malee kan hin raawwatamne ta'u seerichan tumameera. Dabalataan, murteewan barreffama hundeffamaa jijiruu yoo abbootii aksiyoonaa sagalee kaappitaala waliigala keessaa ¾(sadii afrappa) kan ta'u qabaniin yoo mirkanna'e malee kan hin raawwatamne ta'u tumeera.²⁶⁶ Barreffamni hundeffamaa yoo jijiramee galmeedaldala irratti galma'u akka qabus seerichi agaarsisera. Seerri daldalaar haroofti yaa'iin miseensota yoo barreffama hundeffamaatin dhoorkamen alattii karaalee teeknolojii gara garatiin gaggeeffamu akka daanda'u tumeera. Tooftan kun garuu toofta haala eenyumaa miseensota adda basuun itti daanda'amuu fi addan ciccitsaa tokko malee

²⁶⁴ Iyyattootni addee Yashii Alamaayyoo N-9 fi waamamaan hin jiru, Mana Murtii OlaanaaGodina Adda Adaamaa, Lakk. G, gaafa 20/05/2008 kennnameen

²⁶⁵ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.526

²⁶⁶ Akuma Oliitti kwt.526(2,3,4)

yaa'ii gaggeessuuf daandesisisuu tahuu qaba.²⁶⁷ Yaa'iin bifaa kanan gaggeeffamuun barreeffamni hundeffamaa fooyya'uu hin daanda'uu.

Gaaffii Marii

1. Seera daldalaa bara 1960 bahe jalatti dhimma mana murtii feederaalaa sadarkaa duraatti ilaalamame tokko keessatti dhaabbatni itti gaafatamummaan isaa murtaa'e tokko²⁶⁸, himataan dhabbatichi aksiyoonaa haaraa 20 gatii natti gurgureef ragaa abbaa aksiyoonummaa naaf haa kenu jechuun himateera. Dhaabbatichis yoo kennameef mormii kan hin qabne ta'u ibsaniiru. Haata'u malee, miseensi waldichaa giddu seenaa ta'uun dhiyaachuun dhaabbatichi aangoo kana gochuu hin qabu jechuun mormeera. Manni murtiis murtii kenneen aksiyoonoota haaraa maxxansuun kaappitaala guddisuun waan ta'eef aangoo kaappitaala dhaabbatichaa guddisuun kan yaa'iif kenname waan ta'eef hayyama yaa'ii waliigalaatiin ala aksiyooniin haaraa yoo gurgurameellee qaama aangoo hin qabneen kan raawwatame waan ta'eef bu'aa seeraa hin qabu jechuun kaappitaala guddisuun aangoo yaa'ii akka ta'e haala mirkaneessuun murtii kennera. Dhimma armaan olii mana murtii feedaraalaa sadarkaa jalqaban murtaa'ee kana tumaa seera daldalaa harawaa kwt.521, 523,524 fi 525 waliin walbira qabun xinxaluun irratti marii'adha.
2. Yoo miseensotni waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e yaa'ii qaamaan gaggeessuuf waliigalani baay'ina miseensota kooramii guutuuf barbaachisuu barreeffamaa hundeffamaa keessaatti kaa'u baatan maal ta'a?

5.6. Oditaroota Waldaa Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Tumaalee waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e bulchan keessaa dhimmoota xiyyeffanaa gahaa hin arganne keessaa tumaan waa'ee oditarootaa tumu tokko dha. Seerri daldalaa bara 1960 bahe keewwatni 538 jalatti dhaabbatni itti gaafatamummaan isaa murtaa'e oditara akka qabaatu kan dirqiisiisu yoo misseensoota 20(digdama) ol qabaate akka ta'e tumeera. Seerri daldalaa haroofti immo waldaan itti gaafatamummaan isaa murtaa'e ta'ee miseensota 10(kudhan) fi isaa ol qabu ykn kaappitaallii isaa qaarshii miliyoona kudhanii ol ta'ee oditaraa qabachuu akka qabu kwt.518 jalatti tumera.

²⁶⁷ Miil-jalee olii lakkofsa 265ffaa kwt.520

²⁶⁸ Himataan Qaala-aab Qixaawu fi Himatamaan Dhaabbata itti gaafatamummaan isaa murtaa'e SA, Mana Murtii Feederaalaa Sadarkaa Jalaqabaa, lakk.G. 202925, gaafa 04/02/2006 murtii argate.

Ijoon naannoo kanatti ka'u maluu dhaabbatni itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensoota kudhani gadi yoo qabaate oditara alaa akka qabaatu hin dirqamu? Kan jedhu dha. Gaaffii kanaaf deebii kutaa seera daldalaa kanarrraa argachuun ulfaata dha. Haata'u malee, seerota biroo waa'ee haaromsa haayyama daldalaa ibsan waliin yeroo ilaallu waldaan itti gaafatamummaan isaa murtaa'e oditii ta'u akka qabu waan nutti agarsiisu jira. Labsiin galmeessa daldalaa fi kennaa hayyaama lakk. 980/2008 jalatti hayyama daldalaa haroomsuuf qaamni barbaadu ulaagaalee guutuu qabu keessaa tokko gibira mootummaa adda addaa kan kaffalame ta'u isaati. Kunis, kan ta'u danda'u yoo dhaabbatichi oditii ta'e dha. Kanaaf, gama biraatin seerri daldalaa dhaabbatni itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensota 10(kudhan) gadi qabu odiitara alaa akka qaaxaru kan dirqiisiisu ta'u baatus keewwatni labsii galmeessa daldalaa fi kenna hayyamaa kun waggaati herregni dhaabbaticha hojjatamu kan qabu ta'u agarsiisa.

Ijoon inni biroo naannoo kanatti ilaalamu qabu oditarooni haala maaliin muudamu? Hojiirraa ka'uu?kan jedhudha. Seerri daldalaa bara 1960 bahe aangoo fi itti gaafatamummaan oditaroota, haala muudamaaa fi hojiirraa ka'u ilaachisee keewwatni 538(2 fi 3) jalatti bu'uura dambii ittin bulmaatan raawwatamu akka danda'u yoo ibsu, hojii fi aangoo oditarootaa ilaachisee keewwatni 538(4) gara tumaalee waldaa aksiyonaa keewwata 374 – 378 kan qajeelchu dha.²⁶⁹ Seerri daldalaa haroofis bifuma walfakkatuun oditaronni yaa'ii waliigalatiin kan filaaman tahuu kwt.518 jalatti erga ka'een booda dhimmonni hafan jechunis; aangoo fi itti gaafatamummaan oditaroota, haala muudama fi hojiirraa ka'u ilaachisee buu'ura keewwatoota oditaroota waldaa aksiyona hoogganiin kan hoogganamu tahu ifaan tumera.²⁷⁰

Kanaaf, dirqamni oditarootaa waldaa aksiyonaa kutaa armaan duraa jalatti teechifaman oditaroota waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'eef kan hojjatanii dha. Kanaaf, oditarri waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e gabaasa yaa'iif dhiyeessuu qaba, haqinaalee fi dogoggora xixiqqaan jiraatan boordii ykn hojii gaggeessitootaaf ibsuu qabu, yoo dogoggori cimaan jiraate yaa'ii waliigalaaf ibsuu qabu, yoo hojii gaggeessitootni yaa'ii waliigalaa waamuu dhaban oditarooni waamuu qabu jechuu dha.

²⁶⁹ Seera daldala Itoophiyaa bara 1960 bahe kwt.538

²⁷⁰ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.518 fi tumalee kwt. 343-354 jiran waliin dubbisuun kan argamuudha.

5.7. Diiggaamiinsa Fi Qulqulleessa Qabeenya Waldaan Dhuunfaa Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Seerri daldalaa Itoophiyaa sababoota waldaan dhuunfaa itti diiggaaman akka waldaa aksiyonaa haala qindaa'een hin keenye. Seerri daldalaa duranii keewwata 495(seera daldalaa harawaa kwt.473) jalatti sababoota waldaan aksiyonaa itti diiggaamu haala gadfageenyummaa qabuun kan tarreesse yoo ta'u sababoota waldaan dhuunfaa itti diiggaamu garuu haala qindaa'aa ta'een tumee hin jiru.Kanaaf, waldaalee dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e akka diiggaman taasisuuf sababoota akkamiiitu fudhatamummaa qabu? Sababootni waldaalee akka waliigalaa diigguuf kaawwaman raawwatinsa ni qabaatu? Sababootni waldaa aksiyonaa kaawwaman hoo? Kan jedhu yeroo seerri daldalaa duranii hojii iriaa ture ijoowwan falmisisoo turan.

Dabalatanis qulqulleessa qabeenya waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e wal-qabatee seerichi ulaagaalee qabeenyi waldaan dhuunfaa itti qulqulla'u ifatti waan hin keenyef qabatamaatti rakkoo ta'a jira. Sababoota diigga waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e yeroo ilaallu seerri daldalaa duranii keewwatni 542(1) qajeeltoo waliigalaa ni kaa'a. Kunis waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e sababoota waldaaleen daldalaa ittin diigamaniin kan diiggaamuu danda'u ta'u kaa'eera. Dabalataniis yoo gaaffiin dhiyaate fi sabaabni gahan jiratee mana murtiin diiggaamuu akka daanda'u ka'a.²⁷¹ Qajeeltoo waliigala kanaan dabalata sababootni diigga waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e haala faffaaca'een keewwattoota waldaa dhuunfaa bulchan jalatti taa'eera. Fakkeenyaaf, seera daldalaa duranii keewwatni 543 ammoo kaappitaala waldichaa keessaa ¾(sadi arfaffaan) yoo bade hojii gaggeessaan abbootii aksiyonaa waliin mari'achuun waldiichi akka diiggaamu ykn itti fufu murteessuu kan qabu ta'uu kaa'eera. Yoo kun ta'uu baate qaamoleen dhimmicharraa dantaa qaban mana murtiin waldiichi akka diiggaamu iyyachuu akka danda'an keewwatni kun dabalataan kaa'eera.²⁷²

Seerri daldalaa haroofti garuu rakkooowwan armaan olii kanaf furmataa ka'eera. Seerri daldalaa harawaa kwt.531 jalatti qajeeltoo waliigalaa ni kaa'a. Kunis waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e sababoota waldaaleen daldalaa ittin diiggaamaniin seera

²⁷¹ Miil-jalee olii lakkofsa 269ffaa kwt.542(1)

²⁷² Akuma Oliitti kwt.542(1 fi 2)

daldalaa kwt.181 kan diiggaamuu danda'u ta'u kaa'eera. Sababoota diiggaaminsaa waldalee akka waliigalaatti kwt.181 jallatti tarreeffaaman;

- ✚ Kaayyoon dhaabbatichi ykn waldiichi dhaabbateef yoo milka'ee ykn milka'uu hin daandenye ta'ee
- ✚ Turtiin yeroo dhaabbateef waan xumurameef yoo waliigalteen dheeratu batee
- ✚ Miseensonni akka diiggaamuu yoo waliigalan
- ✚ Manni murtii akka diiggaamuu yoo ajajee
- ✚ Yoo waldhiichi ykn dhaabbaticha irratti murtiin kisaraa itti kennamee
- ✚ Waldiddaa cimaa miseensota jidutti umaameen yoo itti fuufuu hin dandenye ta'ee miseensii rakkoo umee sheeri ofii gurguratee yoo bahe hin diiggaamuu kan jedhaniidha.

Kanafuu waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e sababoota armaan olii kun yoo argaman diiggaamuu danda'a. Dabalataniis yoo waldiichi qamaa hooggansaa hin qabne gaaffiin maallaqa gaafatoota(creditors) irraa dhiyaate mana murtiin diiggaamuu akka daanda'u ka'a.²⁷³ Karaa biraatin kaappitaala waldichaa keessaa ¾(sadi arfaffaan) yoo bade hojii gaggeessaan abbootii aksiyoonaa waliin mari'achuun waldiichi akka diiggaamu ykn itti fufuu murteessuu kan qabu ta'u kaa'eera. Yoo kun ta'u baate qaamoleen dhimmicharraa dantaa qaban mana murtiin waldiichi akka diiggaamu iyyachuu akka danda'an keewwatni kun dabalatan kaa'eera.²⁷⁴

Yaa'ii abbootii aksiyonaatinis raagg'ee murtii mana murtiin waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'een akka diiggaamu erga murtaa'ee booda adeemsa itti aanu kan ta'u qabeenya waldiicha adda baasuun guutummaan guututti gara maallaqatti jijiiru, idaa waldiicharra jiru kaffaluu, fi maallaqni kanarrraa hafe yoo jiraate abbootii aksiyonaaf qooduun hojii ijoo qulqulleessa keessatti raawwatamu dha. Kanaaf, kaayyoon ijoo qulqulleessa qabeenya waldaa, waldiichi idaa irra jiru liqeessitootaaf osoo hin kaffaliin akka hin hafne taasisuu dha.²⁷⁵

Haata'u malee, akkaataa qabeenyi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e qulqulla'u seerri daldalaa duranii waan addatti tume hin qabu. Kaanaf yeroo seerri daldalaa bara 1960 bahe hoojiirra tureetti qajeeltoo waliigalaa sabaaba diigga waldaalee daldalaa

²⁷³ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.532

²⁷⁴ Akuma Oliitti kwt.532

²⁷⁵ Miil-jalee olii lakkofsa 259ffaa fuula-344

biroof kaawwame waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaa isaa murtaa'ef olaa jedhu gara qulqulleessa qabeenya waldaa dhuunfaatti fiduu dandeenya kan jedhu rakkoo gudaa uumaa turera. Hata'u malee, seerri daldalaa haroofti rakkoo kanaf bifaa furmataa kennuu daanda'uun boocamera. Kewwatni 533 ijoo kana yoo ibsuu;

*Subject to the provisions of this Chapter, Article 473-491 of this Code shall apply, as appropriate, to the dissolution and winding-up of a private limited company*²⁷⁶ jechuun ifaan tumeera. Kanaafuu akkaataa qabeenyi waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e qulqulla'u irratti seerri daldalaa kwt.473-491 raawwatinsa qaban jechuun ka'eera. Seerri daldalaa harawaa kwt.473-491 akkaataan herregni waldaa aksiyonaa itti qulqulla'u kan tumuudha. Qajeeltoo waliigala qulqulleessa qabeenya waldaa aksiyoonaf kaawwame kunnin waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaa isaa murtaa'ef hojiirra olaa jechudha.²⁷⁷

Gaaffilee Marii

1. Dhaabbatni itti gaafatamummaan isaa murtaa'e miseensoota kudhani gadi yoo qabaate oditara alaa akka qabaatu hin dirqamuu yaada jedhu labsii 980/2008 waliin walbira qabun ilaalun irratti marii'adha.
2. Oditarooni waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e haala maaliin muudamu? Hojiirra ka'uu? Ittigafaatatumman isaanii hoo maal fakkataa?
3. Dhimma obbo Birbirsa Waadeessaa fi obbo Kotoolaa Jarsoo gidduu tureen waldaan dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'e hojii muka baqaqsuu irratti bobba'uuf kan karoorfatee hundeffame yoo ta'u meeshaan muka itti baqaqsan waldiicha jalaa sababa saamameef waldiichi erga hundeffame waggaafur kan lakkofsise yoo ta'ees hojii qabatama keessa galuu hin dandeenye. Dabalataan, miseensootni buusii dabalataa buusaa jedhamanii waan buusu dhabaniif waldhabdeen cimaa uumameera. Kanaaf, waldiichi akka diinggaamu jechuun himachuun himanna dhiyessan. Sababootni dhiyaatan kunneen sababoota waldaa diiggsisuu danda'anii dhaa?
4. Bu'uura qajeeltoo waliigala seera daldalaa harawaa keewwata 531 jala taa'een sababootni waldaalee daldalaa diigguf keewwata 473 jalatti kawwaman akkuma jiranitti waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ef hojiirra oluu?

²⁷⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 273ffaa kwt.533

²⁷⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt. 533 fi 473-491 waliin duubisuun

Boqonnaa Jaha

Waldaa Aksiyonaa Nam-Tokkee Itti gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Seensa

Dhaabbilee daldalaa seera daldalaa harawaa keessaatti yeroo duratiif harawaa hammataman keessaa tokko waldaa aksiyonaa nam-tokkee itti gaafatamummaan isaa murtaa'e(One man private limited company) dha. Waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM kun tumaalee seera daldalaa harawaa kwt.534-545 jiran jalatti kan ibsameedha.Sababni keewwatni ittin hoogganamuu xiqqachuu daanda'aniif dhimmonni waldaalee aksiyonaa keessaatti ka'an baay'een waldaa kana keessaatti waan hin kaneef. Kutaa kana keessaatti kan ilaaluu amaaloota waldiicha, faayida fi miidhaa inni qabu,haala ittii hoogganamuu fi haariroo qamoolee sadaffaa waliin qabu ilaala.

Kanaafuu, leenjii boqonnaa kanaa booda leenjiffamtootni,

- Maalummaa fi amalootaa waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM ni hubatu;
- Tumaalee hundeffama waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM ilaallatan seera daldalaa harawaa keessaatti hammataman xiinxaluun kallattii fuulduraa maal ta'uu akka qabu adda bafatuu;
- Barreffama hundeffama waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Aangoo fi itti gaafatamummaa hooggansaa waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM waliin wal-qabatee irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Adeemsa yaa'iin waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM waamamu, aangoo, ulaagaalee, adeemsa yaa'iin itti gaggeeffamu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.
- Waa'ee sababoota waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM itti diiggaamu kan akka baay'inni misseensootaa daangaa seeraan taa'e gad ta'uu, xumuramu yeroo jireenyaa dhaabbatichaa, xumuramuu hojii, fashalaa'uu kaayyoo fi baduu kaappitaala irratti hubannoo qaban ni gabbifatu.

6.1.Amaaloota Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee Itti gaafatamummaan

Isaa Murtaa'e

Waldaa aksiyoonaa nam-tokkee IGM ilaachisee seerri daldalaa harawaa kwt.534 jallatti hiikkaa isaa bifaa itti anuun ka'eera;

*A one member private limited company is a business organization incorporated by the unilateral declaration of a single person. The Company has its own legal personality separate and distinct from that of the member. the member shall not be personally liable for debts due by the company in so far as he has fully made his contribution.*²⁷⁸ jechuun ibseera.

Hiikkaa kana irraa akka hubatamutti ibsa namni tokko kennu bu'uura godhachuun waldaa qaama seerummaa nama dhuunfaa irraa adda ta'een hundeffamuu fi miseensi waldichaa buusii waldichaaf buusuu qabu guutummaan guutuutti hanga kaffaletti idaa waldichaatiif itti gaafatamummaa kan hin qabne ta'uu isaati. Amalli gudaan gamaa kanan waldaalee aksiyoonaa kan irraa adda isaa basuu barreefama hundefamaatin osoo hin tahin ibsaa namnii tokko kennun kan hunda'uu ta'uu isaati.

Akka waliigalatti seerri waldalee aksiyoonaa bulchuu kan barbachiseef; hooggansii waldaalee aksiyoonaa abbootii aksiyoonaa akka miidhaa irraan hin geenyे ittisuuf ,abbootiin aksiyoonaa gudaa qaban abbootii aksiyoonaa xiqqaa qaban irratti miidhaa akka hingeesifne ittisuuf fi abbootiin aksiyoonaa qamoota sadaffaa fi maallaqa liqeessitoota irratti miidhaa akka hin geessifne ittisuudha.²⁷⁹ Dhimmota kannen keessaa waldaa aksiyoonaa nam-tokkee IGM keessatti kan ka'uu mirgaa fi faayida qaama sadaffaa ykn maallaqa liqeessitoota eeguu kan jedhu qofa. Kunis sabaaba miseensi waldichaa nama tokko qofa taheefi. Waldaa aksiyoonaa nam-tokkee itti gaafatamummaan isaa murtaa'e kana yeroo jalqabatiif biyyi aduunya irratti heeyyamte *Lechenistayinii* biyya jedhamtu yoo ta'uu biyyootni biroos ishii hordofuun hojii irraa olchaniru.²⁸⁰ Biyya keenyatis waldaan aksiyoonaa kun seera daldalaa bara 1960 keessaa kan hin ture yoo tahuu seera daldalaa bara 2013 bahe keessaatti garuu hammatamera.²⁸¹

²⁷⁸ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.534

²⁷⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 16ffaa fuula-345

²⁸⁰ Vinay Haswan and Krali Rajoria, One Person Company,An Analytical Study, available at <https://www.google.com/search?q=Vinay+Haswan+and+Krali+Rajoria%2C+One+Person+Company%2CAn+Analytical+Study%2Cpdf&client>

²⁸¹ Miil-jalee olii lakkofsa 278ffaa kwt.534

Waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM kun amaloota waldaa aksiyonaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee kan fakkatuu kan qabudha. Kanaf fakkataa seerri daldala keewwatootni seeraa kana keessaatti waldaa aksiyonaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'eef tumaman akka barbachisumma isaanitti waldaa aksiyonaa nam-tokkef hojiirra kan olaan ta'uu kan ka'ee.²⁸²

Gaaffilee Marii

1. Hiikkoon seera daldala harawaa irratti waldaa dhuunfaa miseensa nam-tokkee IGM'f kennname hiikkoo waldalee aksiyonaa waliin nii deema?
2. Seerri daldala haroofti maalif namni tokko akka waldaa aksiyonaa IGM hundeessuu heeyyaamef?

6.2.Faayidawwaan Waldaa Aksiyonaa Nam-Tokkee Itti gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Waldaa dhuunfaa miseensa nam-tokkee IGM daldala dhuunfaan daldaluu ykn waldaa dhuunfaa IGM walbira qabamee yoo ilaalamu faayidawan armaan gadii qabachuu daanda'a;

1. Daldala dhuunfaan itti gaafatamummaa hin murtoofne kan qabu yoo ta'uu kan waldaa aksiyonaa nam-tokkee garuu itti gaafatamummaa murta'ee kan qabudha.
2. Waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM itti fuufinsa nii qaba. Kunis yeroo abbaan aksiyonaa du'ee waldiichi akka daldala dhuunfaa hin haqamuu ykn hin du'uu(hin diiggaamu)
3. Waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM keessaatti itti gafatamummaan waldiicha fi miseensa garagara. Qabeenyii waldichaa fi miseensa adda adda waan ta'eef idaan waldichaa idaa miseensicha miti.
4. Waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM sabaaba namummaa of daanda'ee qabuf, maqaa isaan himatus ta'ee himatamuu nii danda'a;
5. Namni tokko haala salphaan waldaa aksiyonaa hundessuun daldala keessaatti hirmachuu danda'uu isaa;

²⁸² Miil-jalee olii lakkofsa 278ffaa kwt.545

6. Waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM yeroo miseensi barbaduutti gara waldaa akaakuu biraatti jijjiramuu danda'uu isaa;
7. Waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM namootni dhuunfaan daldalaani akka sadarkaa aduunyati beekaman carraa kennuufi daanda'a;
8. Yeroo hedduu waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM nama tokkon kan hoogganamuu waan taheef murtiiwwan adda addaa yeroo gababaa keessaatti kan kennamuu danda'an tahuu;

Hata'uu malee akumma faayidas qabu waldaan akasiyoonaa nam-tokkee IGM isaa murtaa'e miidhaas qabachuu danda'a. Kunis yeroo baay'ee kan ka'uu kaffaltii gibiraa(taaksiin) walqabateeti. Waldaan aksiyonaa nam-tokkee ofii isaati namummaa waan qabuf bu'aa argatee irraa taaksii akka kaffaalu ta'a. Dabalataniis miseensi waldichaa bu'aa isaa gahee irraas taaksii akka kaffaalu seerri waan dirqisisuuf yeroo lama taaksii kaffaala jechudha.²⁸³ Dabaalatanis, miseensi waldaa aksiyonaa nama tokkee IGM hoogganaa waldichaa tahuu waan danda'uuf , waldiichatti faaayadamun waliigalteewan adda addaa waldichaa miidhaan keessaat seenu daanda'a. Waldichaan gibiraa kaffalamuu qabuu hanbisuuf qabeenya waldichaa toofta gara garaatin gara biraatti dabarsuu danda'a.²⁸⁴ Kana irraa ka'uun biyyootni tokko tokko waldaa aksiyoonaa nam-tokkee IGM taaksii akka hin kaffaalle taasisaaniru. Akka faakkenyati kan fuudhatamtu Ameerikadha. Ameerika keessatti waldaan aksiyonaa nam-tokkee ofii isaati taaksii kan hin kaffaallee yoo ta'uu akka waldaa taaksii of keessaat dabarsuu (pass through entity) tahun miseensi waldichaa taaksii hunda akka kaffaalu ta'a.²⁸⁵

6.3.Haala Hundeefammaa Waldaa Aksiyonaa Nam-Tokkee Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM ibsa namni tokko qamaa aangoo qabu biratti kennu bu'uura godhachuu waldaa qaama seerummaa nama dhuunfaa irraa adda ta'een hundeeffamuu fi miseensi waldichaa buusii waldichaaf buusuu qabu guutummaan guutuutti hanga kaffaletti idaa waldichaatiif itti gaafatamummaa hin qabnedha. Akka waldaalee aksiyonaa biroo barreffama hundeeffamaan kan hunda'uu osoo hin ta'iin ibsaa namni

²⁸³ Laabsii bulchinsaa taaksii federalaa 979/2009 kwt.19(1) fi 55(1)

²⁸⁴ Mani, R. (2011). One Person Company. Bizand legis. P .7 Para 4Retrieved on January 9, 2023 at 12:43 AM. <http://www.slideshare.net/BizandLegis/opc-one-person-company>

²⁸⁵ Robert C. Art, Conversion and Merger of Disparate Business Entities, 2001, 76 Wash L.Rev.349

tokko qaama aangoo qabu biratti kennun ta'a.²⁸⁶ Ibsii kennamu kun maal maal hammachuu akka qabu seerri daldala haroofti kwt.536 jalatti tarreessera. Akka faakkenyati; maqaa, teessoo fi lamummaa miseensa, kaayyoo waldiichi dhaabbateef, teessoo waldiicha, kaappitaala waldiicha, nama bakka isaa bu'uu fi bakka buu'umma kana fudhachuu isaa, teessoo waldaa fi kaayyoo waldiichi dhaabbateef fi kkf. Ibsi kunis qaama sanadoota mirkaneessuu biratti kennamee galmee daldala keessatti galmaa'uu qaba.²⁸⁷

Hundeffamni waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM kun hundeffama waldaa aksiyonaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee kwt.500 irraa kan adda isaa taasisuu ibsa nama bakka isaa bu'uu fi namni kunis bakka buu'umma kana fudhachuu isaa mirkanna'ee ibsamuu qabachuu isaati. Gaheen nama kanas yeroo miseensi waldichaa du'ee, mana murtiin dhorkamee ykn sababoota biraatin hojii isaa raawwachuu hin daandenye bakka isaa bu'uun hojii seeraan ta'ee akka hoojetuf kan aangeefamedha.²⁸⁸ Karaa biraatiin waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM , waldaa aksiyonaa nam-tokkee biraa hundeessu akka hin daandenye seerri daldala ifaan kwt.539 jalatti tumeera. Hata'uu malee daldalan tokko daldala dhunfaa isaa gara waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGMti jijiruu nii danda'a.²⁸⁹ Kaappitaala hundeffamaf barbaachisuun walqabatee waldaa aksiyonaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'een kan walfakkatuudha. Kewwatni 535 dhimma kanas yoo ibsu' *the capital of a one member private limited company shall not be less than 15,000 (fifteen thousand) Ethiopian Birr.*²⁹⁰ jechun ka'eera. Akka keewwata kana irraa hubaatamutti kaappitaalli barbaachisuu qaarshi 15,000 gadii kan hin tanee yoo ta'uu kaappitaalli kunis dursee kaffaalamiee xumuramuu akka qabu seerichi tumeera. Kaappitaallii kanas maallaqan ykn bifaa biraatin kaffaaluun nii daanda'ama.²⁹¹

Gaaffilee Marii

1. Waaldaaleen aksiyonaa fi waldaa aksiyona dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee waliin tahuun ykn gara garatti waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM hundeessu danda'uu?

²⁸⁶ Miil-jalee olii lakkofsa 278ffaa kwt. 534 fi 536 waliin dubbisuun

²⁸⁷ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.536

²⁸⁸ Akuma Oliitti kwt.537

²⁸⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 287ffaa kwt.538

²⁹⁰ Akuma Oliitti kwt.535

²⁹¹ Miil-jalee olii lakkofsa 287ffaa kwt,540

2. Waldaa aksiyoonaa nam-tokkee IGM biyya keenyaf barbaachisaadha jettu? Faayida fi miidhaa inni dinagdee biyya keenya keessaatti qabachuu danda'uu baal'inan kasuun irratti marii'adha.

6.4.Hooggansaa Waldaa Aksiyoonaa Nam-Tokkee Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e

Hooggansaan walqabatee waldaan aksiyoonaa nam-tokkee hojii gaggeessa, oditaraa fi gumii waliigala kan qabu tahu tumaa seeraa gara gara irraa hubaachun nii daanda'ama. Waldiichi gaggeessaa qabachuun dirqamaa yoo ta'uu gaggeessan kunis miseensa ykn nama bira tahuu daanda'a.²⁹² Aangoon hojii gaggeessas aangoo hojii gaggeessaa waldaa aksiyoonaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee(private limited company) waliin kan walfakkaatu akka ta'ee seerri daldalaa kwt 541(2) jalatti ifaa taasisera. Seerri daldalaa kwt.515 immo yoo waldaa aksiyoonaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee boordii daayirekataroota qabatuu batee hojii gaggeessan dhimmota kaayyoo waldiichi dhabbateef galman gahuuf gargaran hunda irratti aangoo akka qabu ka'eera.²⁹³ Bu'uura kanan hojii gaggeessan waldaa akasiyoonaa nam-tokkee IGM dhimmoota waldichaa ilaalatan hunda irratti aangoo qaba jechudha. Hojii gaggeessan bakka bu'aa waldichaa waan taheef waldiicha bakka bu'uun nii raawwata. Hojii gaggeessaan walitti dhuufnya waldiichi qamoota 3ffaa waliin gaggessuu hundaa bakka bu'uun ni hoojeta. Kunis; sanadoota daddarboo mallatessuu, hoojetoota qaxaruu fi hojii irraa gaggessuu, gabasa fi karoora qoophessuu fi kkf dha.²⁹⁴

Yaa'ii waliigalatiin walqabatee waldaan aksiyoonaa nam-tokke IGM yaa'ii idilee fi arifachisaa jedhamun wanti qoodamu hin jiru. Sabaabni isaa miseensi waldichaa nama tokko qofa waan ta'eef, tumaleen seeraa wa'ee koramii fi haala murtiin itti kennamuu haasa'an waldaa kana irratti raawwatinsa hin qabatan. Murtiwwan yaa'iin kennaman galma'uu kan qaban yoo ta'uu murtiin barreffama hundeffamaa irratti jijjiraama fiduu yoo jiratee immo galmee daldalaa irratti galma'uu qaba.²⁹⁵

²⁹² Miil-jalee olii lakkofsa 287ffaa kwt.541

²⁹³ Akuma Oliitti kwt.541

²⁹⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 287ffaa kwt.541 fi 513 walbira qabuun dubbisuun

²⁹⁵ Akuma Oliitti kwt.542

Gaaffilee Marii

1. Waldaan aksiyonaa nam-tokke IGM murtiin yaa'iin kenne yoo galma'uu baate miidhaa qamaa 3ffaa irraa gahuf eenyu itti gaafatamummaa qaba?
2. Oditaraa qabachuun waldaa aksiyonaa nam-tokke IGM kanaf hangam barbaachisaa jettanii itti amaantu?
3. Waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM boordii daarektarotaa qabachuu daanda'a?

6.5. Itti gaafatamummaa Waldaa Aksiyonaa Nam-Tokkee Itti

Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e Qamoolee 3ffaaf qabu

Waldaan aksiyonaa nam-tokke IGM yeroo hojii daldalaa isaa gaggeessuti waliigaltewan adda addaa qamoota gara garaa waliin seenu danda'a. Kaayyoo seera daldalaa keessaa tokko qamoolee waldaalee daldalaa waliin walitti dhufeeyna umaniif egumsaa taasisuu waan taheef waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM keewwata kana ilaalatu tumeera. Waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM hojii gaggeessaa qabachuun dirqamaa yoo ta'uhojii gaggeessan kunis miseensa ykn nama bira tahuu daanda'a.²⁹⁶ Namnii hojii gaggeessaa tahuun tajaajiluu kunis yeroo waldiicha hoogganaa jirutti badiiwaan kallaatinis ta'ee al-kallaatiin waldiicha irratti raawwatuuf hundaa waldiicha waliin itti gaafatamummaa waliinii kan qabu tahuu ifaan seera daldalaa harawaa kwt.543 irratti tumaamera.Badiiwaan itti gaafatamummaa hordofsisuu daanda'an kunninis;

1. Ta'ee jeedhe gochaa seeraan alaa faayida waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM miidhuu danda'u raawwachuu;
2. Qabeenya dhuunfaa isaa fi qabeenya waldichaa yoo walittii make;
3. Sadarkaa faaynasiin waldichaa irraa jiru ilaalcissee ta'ee jedhee odeeffannoo sobaa garee sadaffaaf yoo kenne;
4. Qabeenya waldichaa sababaa tokko malee faayida dhuunfaa isaaf yookiin faayida qaama sadaffaaf olchuu;
5. Bu'aa dhumaa waggaa irratti qodamuu yeroo fuudhatutti bu'aa fudhachuu qabun olitti fudhaachuu;

²⁹⁶ Seera daldala Itoophiyaa bara 2021 bahe kwt.541

6. Goochota kannen fakkataan biroo yoo raawwateedha.²⁹⁷

Kanaafuu keewwata 543 kana irraa akka hubaatamutti hojii gaggeessan kan itti gaafatamu; yoo gochaa waldichaa ykn gaffaatoota mallaqaa waldichaa(creditors) miidhuu raawwatee, qabeenya waldichaa qabeenya dhuunfaa waliin yoo walittii dabale, kaappitalaa waldiicha ilaalchisee qamoolee 3ffaaf oddeeffannoo sobaa yoo kenne, kaffaaltii madalawaan alattii qabeenya waldichaa qamoolee 3ffaaf yoo dabarsee, bu'aa seeraan kaffalamuu qabu olittii yoo kaffalee fi goochawan walfakkatan biroo yoo raawwateedha. Yeroo goochoota akkanaa miseensan raawwataman waldichaa waliin itti gaafatamummaa qeenxe fi waliini qabu.²⁹⁸

6.6. Diiggaaminsa Waldaa Aksiyonaa Nam-Tokkee IGM (Itti Gaafatamummaan Isaa Murtaa'e)

Diiggaaminsi waldaa aksiyonaa nam-tokke IGM haala diiggaaminsa waldaalee aksiyonaa biroo irraa adda. Kunis kan tahef baay'inni miseensa waldiichi qabu nama tokko qofaa waan taheef. Seerri daldalaa kwt.544 dhimma kanas haala arman gadiitin ibsera;

Article 544. Dissolution without Liquidation

1/ the dissolution of a one person private limited company that has settled all its debts and obligations shall result in the universal assignment of all the assets of the company to the member without liquidation of assets taking place.

2/ The member shall be personally liable for all the debts and obligations of the company if creditors appear after the dissolution has taken effect.

²⁹⁷ Article 543. Liability of the Member Notwithstanding the provision of Article 534 Sub-Article (3) of this Code pertaining to limited liability of the member, the member of a one person private limited company or any other person who has control over the company directly or indirectly shall be jointly and severally liable with the company where he is found to have committed one of the following:

- 1/ intentionally commits an unlawful act that jeopardizes the interests of the company or creditors of the company;
- 2/ intermingles the assets of the company with his property;
- 3/ fails to keep separate his own personality and that of the company;
- 4/deliberately releases regarding the financial status of the company information that can mislead the creditors of the company;
- 5/ make use of the assets of the company for himself or to benefit third parties without adequate payment being made the company;
- 6/ receives dividend in excess of the maximum that can be paid under the law or
- 7/ commits other similar acts.

²⁹⁸ Akuma Oliitti kwt. 543

Bu'uura kwt.544 kanaan yeroo waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM diiggaamuu qamnii qulqullessaa qabeenya raawwatuu osoo hin barbachisiin idaa irraa jiru hunda erga kaffalee booda qaabenyi hafee kan miseensa waldichaa akka tahu ibsa. Idaa osoo kaffalamiin hafuu yoo jiratee miseensi waldichaa waliin itti gaafatamummaa waliini fi queenxee qabu. Hata'uu malee miseensi yoo feedhii qabatee adeemsa diiggaan waldalee aksiyonaa bira keessatti ittii taasifamuu akka hordofuu taasisuu ni daanda'a.²⁹⁹

6.7.Muxannoo Biyyootni Biroo Waldaa Aksiyonaa Nam-Tokkee Itti gaafatamummaan Isaa Murtaa'e Irratti Qaban

Waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM kana yeroo jalqabatiif biyyii aduunya irratti heyyamtee *Lechenistayinii* biyya jedhamtu yoo ta'uu biyyootni biroos ishii hordofuu hojii irraa olchaaniru.³⁰⁰ Biyyoota yeroo ammaa waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM baaldhinan hojii irraa olchuun dinaagdee isaanii ittin gudisanii fi gudiisaa jiran keessaa gurguddoon; Indiyaa, Ameerika, Chaayina fi Singapoor maqaa dhahuun nii daanda'ama. Biyyoota kannen keessaatti halli hundeffama, hooggansaa fi itti gaafatamummaa waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM garagarummaa murasaan alattii kan biyya keenya waliin kan walfakkatuudha.³⁰¹

Biyyoota kannen keessaa seerri daldala keenya kan irraa fudhatamee fi tumaalee waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM biyya keenya waliin kan walfaakkatu muuxannoo biyya Indiyaa akka itti anuutti ilaaluuf yaala.

Biyya Indiyaa keessaatti waldaan aksiyonaa nam- tokkee IGM seeraa' Companies Act 2013' jedhamun tumamee hojii irraa akka oluu taasifamee jira.³⁰² Yeroo seerri kun tumammutti hundeffama waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM sababoota ka'aman keessaa inni gudaan '*yeroo giloobalayzeshinii kana keessaatti namni daldala keessattii dhuunfaan waldaa aksiyonaa dhabuun hirmachuu barbaduu akka hirmatuu taasisuun guudina*

²⁹⁹ Miil-jalee olii lakkofsa 297ffaa kwt.543(4)

³⁰⁰ Vinay Haswan and Krali Rajoria, One Person Company, An Analytical Study, available at <https://www.google.com/search?q=Vinay+Haswan+and+Krali+Rajoria%2C+One+Person+Company%2CAn+Analytical+Study%2Cpdf&client>

³⁰¹ Vinay Haswan and Krali Rajoria, One Person Company, An Analytical Study, available at <https://www.google.com/search?q=Vinay+Haswan+and+Krali+Rajoria%2C+One+Person+Company%2CAn+Analytical+Study%2Cpdf&client>

³⁰²The Companies Act, 2013 (18 of 2013). Universal Law Publishing Co. Pvt. Ltd. New Delhi (India). 6th Edition.

dinagdee biyyaa fi lammillee biyyaatif murtessaa waan ta'eef" jeechun seensi seera waldaa aksiyonaa bara 2013 bahe kun ka'eera.³⁰³

Haala hundeffama isaan walqabatee, waldaan aksiyonaa nam tokkee IGM kun barreefama hundeffamaan kan dhaabbatu yoo ta'uu adeemsa hundeffama waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murta'ee(PLC) hordofuu waliin haala walfakkatuun kan hundeffamu tahuu ifaan ka'aamera.³⁰⁴ Waldaan aksiyonaa nam tokkee IGM kun miseensa nama tokko qofaan kan hundeffamu yoo ta'uu nama bakka isaa bu'uu(nominee) tokko immo qabachuu qaba. Namnii waldiicha hundessuu kun lammii Indiyya biyya san keessaa jirachaa jiru qofa tahu qaba. Hangi qaarshii hundeessuuf barbachisuu ruubii Indiyya 100,000 qofa. Dabalataniis danbii ittin bulmataa(article of association) qabachuu qaba.³⁰⁵

Namootni waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM kana hundeessuu danda'an namoota umaamaa(natural person) qofa.Namnii tokko waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM tokko ol hundessuu hin danda'u. Namnii dhaabbata daldalaa kana hundeessees turtii wagga lamatiin dura gara dhaabbata daldalaa biraatti jijiruu hin danda'uu.Miseensii waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM nama tokko qofa yoo ta'uu waldiichi miseensichaan ykn boordii darektaroota 15 hin caalleen hoogganamuu danda'a. Hooggansi kunis yaa'iwwan gara gara gaggeesuu danda'u.³⁰⁶Hata'uu malee, ji'a jaha keessaatti yoo xiqqatee yaa'ii tokko gaggeessuu dirqaama qabu.³⁰⁷Yeroo ammatti waldaan aksiyonaa nam-tokkee IGM Indiyya keessaatti baal'inan hojii irraa oluun bu'aa gaarii fidaa jirachuun beekamera.³⁰⁸

Ameerikaa keessattis naannooleen hedduun namootni waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM hundeessuu akka danda'an seeraan tumaaniru. Naannooleen Amerikaa kunninis hundeffama waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM jajjabeessuuf kaffaaltin gibiraa kan shallagamuu akka waldaatti osoo ta'iin bu'aa miseensaf qoodamu qofa irraa tahuu tumuu

³⁰³ Akuma Oliitti

³⁰⁴ Miil-jalee olii lakkofsa 302ffaa

³⁰⁵The Institute Of Company Secretaries Of India, One Person Company (OPC) , CSI House, 22, Institutional Area, Lodi Road, New Delhi,2014, Website : www.icsci.edu

³⁰⁶ Akumma Oliitti- For the purposes of holding Board Meetings, in case of a one person Company which has only one director, it shall be sufficient compliance if all resolutions required to be passed by such a Company at a Board meeting, are entered in the minutes-book, signed and dated by the member and such date shall be deemed to be the date of the Board Meeting for all the purposes under this Act. For other One Person Companies, atleast one Board Meeting must be held in each half of the calendar year and the gap between the two meetings should not be less than 90 days.

³⁰⁷ Section 173(5)} At least one meeting of the Board of Directors to be conducted in each half of a calendar year

³⁰⁸ www.manupatra.com

carraa yeroo lama gibiraa kaffaaluu hanbiisaniruu.³⁰⁹ Chaayina keessaattis namni tokko waldaa aksiyonaa nam tokkee IGM hundeessuu kan daanda'uu tahuu fi maallaqni hundeessuuf barbachisuus yuwani Chaayina 100,000 akka ta'ee ifaan ka'ameera.³¹⁰

Gaaffilee Marii

1. Buusii waldaa aksiyonaa nam-tokkee IGM hundeessuuf gosaan taasifame yoo jiraate ibsa hundeeffamaa keessatti tilmaamni isaa ibsamuu qaba, dabalataan oditaarri akka tilmaamu godhamuu akka qabu seerri daldala keewwatni 540 ni ka'a. Sababnii isaa maali? Bu'aa fi miidhaan qabu hoo jira?
2. Waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'ee keessatti hojii-gaggeessaan itti waamamni isaa boordiidhaaf ykn gumii miseensoota waldichaatiif ta'uu danda'a. Haata'u malee, waldaa aksiyonaa miseensa nam-tokkee IGM keessatti miseensi waldichaa hojii-gaggeessaadha yoo jenne itti gaafatamummaan isaa eenyudhaaf ta'a?
3. Seerri daldala kwt.542 irratti miseensi waldichaa aangoo gumii miseensoota waldaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa'eetiin wal-fakkaatu ni qabaata jedha. Kana yoo jenne akkuma miseensota waldaa dhuunfaa aangoo karoora fi bajata wagga mirkaneessuu? Aangoo gabaasa herregaa dhagahuuf mirkaneessuu, hojii gaggeessa muuduu fi hojiiraa buusuu ni qabaata jechuu dhaa? Hojii gaggeessaan miseensichuma yoo ta'e hoo?
4. Muxannoo waldaa miseensa nam-tokkee IGM walqabatee biyya Indiyaa jiru fi keenya walbira qabun irratti marii'adha.

³⁰⁹ Mani, R. (2011). One Person Company. Bizand legis. P. 7 Para 4 Retrieved on January 9, 2015 at 12:43 AM. <http://www.slideshare.net/BizandLegis/opc-one-person-company>

³¹⁰ Bhosale, S. (2012). One Person Company: soon to be reality. LawZ. Volume: 11, No.04, Issue 128. Retrieved on January, 2023 http://www.academia.edu/1254510/One_Person_Company_soon_to_be_reality

Wabiwwan

Barruuwanii fi Kitaabolee

- ❖ Abera Jembere, An introduction to Legal History of Ethiopia, 1434-1974, (African Studies Center, Laiden 2000)
- ❖ Avtar Singh, Company Law (14th edn Eastern Book Company Lucknow 2004)
- ❖ Alamuu Taayee, Protecting Minority Shareholders In Ethiopian Share Company Law:
- ❖ Asaffaa Aregay Sefar, Corporate Governance Rule in Ethiopia and Germany: A comparative Analysis, Central European University,
- ❖ Arun Kumar sen and Jitendra Kumar mitra, Commercial Law, (including company law), the world press private Limited, Reprinted 1998.
- ❖ Britain 2000 by Cavendish Publishing Limited, The Glass House, Wharton Street, London WC1X9PX, United Kingdom
- ❖ Birhanee aseffaa seera daldalaaf heera mootummaa, moojulii federalaa.
- ❖ Composition And Remuneration Of Boards Of Directors In Share Companies
- ❖ Colinvaux Raul, The Law of Insurance, London, sweet and Maxwell, 5th ed., 1984
- ❖ Gebeyehu Simachew, A Critical Analysis of the Ethiopian Commercial Code in Light of OECD Principles of Corporate Governance
- ❖ በኅ.ቁጥራዊትርድ፡ የኢትዮጵያውያንያስ፡ maxxansa lammaffaa, bara 2008
- ❖ በኅ.ቁጥራዊትርድ፡ የኢትዮጵያውያንያስ፡ maxxansa afraffaa, bara 2014
- ❖ Hailu Zeleke, ***Insurance in Ethiopia***, Historical Development, present status and future challenges, Master printing press, 2007
- ❖ Harka Haroye, ***Competition policy and Law***, Mizan Law review, 2008
- ❖ Hussein Ahmed Tura, Overview of Corporate Governance in Ethiopia: The Role,
- ❖ Ivamy E.R.Hardy, ***General Principles of Insurance Law***, London, Butter worths, 6th ed., Jain D.P, ***Company law***, Koare publishers, PVT LTD, Revised ed., 2004.

- ❖ John Armour, Henry Hansmann, Reinier Kraakman, The Essential Elements Of Corporate Law: What Is Corporate Law
- ❖ Keeton Robert E. and Widiss ALan I, ***Insurance Law***, St. Paul, Minn, West publisheing Co.1988.
- ❖ Klaus J. Hopt, Comparative Corporate Governance: The State of the Art and International Regulation
- ❖ MC Kuchhal, ***Business Law***, Vikas Publishing House PVT LTD, 4th ed., 2005.
- ❖ Professor Nicholas Bourne, Essential Company Law, Third Edition
- ❖ Raoul Colinvaux, ***The Law of Insurance***, London,Sweet and Maxwell,5th ed.1984
- ❖ Singh Avtar, ***Law of Insurance***, East Book Company, Lucknow, India, 2004.
- ❖ Singh Avtar, ***Introduction to Negotiable Instruments***, East Book Company, Lucknow, India, 2002.
- ❖ Simon Goulding, Company Law , Second Edition , 1999 , Cavendish Publishing Limited
- ❖ Seyoum Yohannes, On Formation of a Share Company in Ethiopia, Ethiopian Journal of Law,vol22,
- ❖ Taddese Lencho, ***Ethiopian Bankruptcy Law***, A commentary (part I)
- ❖ The Glass House, Wharton Street, London WC1X 9PX, United Kingdom
- ❖ The Practice In Bahir Dar, School of Law, Bahir Dar University, June 2015,
- ❖ Vance William R., Hand Book on the Law of insurance, Sc.Paul.Minn, west publishing company, 3rd ed. 1951.
- ❖ WE Astle, ***Bill of Lading Law***, Fair play Publications, 1982.
- ❖ Wilson John F., ***Carriage of goods by sea***, Parson Longman, 4th ed., 2001.
- ❖ Win ship Peter, ***Background Documents of the Ethiopian Commercial code of 1966***, Addis Ababa University (Published) 1996. 986.

Dhimmoota

- ❖ Iyyataan Baankii Daldala Itoophiyaa fi Waamamaan Ashabbir Taadasa N=5, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G.57288, gaafa 19/07/2003.
- ❖ Iyyattanni Amaanu'eel Tsaggaa Waldaa Aksiyoonaa Suuqii Daldalaa fi deebiikennitootni
Baahiruu Abrahaam Namoota 12, Mana Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk.G. 23389, jildii 7 fuula 314.
- ❖ Iyyattootni daayirektaroota waldaa aksiyoonaa gimbi gabaya fi waamamtoonni abbootii aksiyoonaa Geexuu Akaaluu faa N=60, Mana murtii waliigala Feedaraalaa dhaddacha ijibbaataa, Lakk.G.130642, gaafa 08/02/2009.
- ❖ Iyyattooni Xaanaa Injinariing Itti gaafatatummaan isaa murtaa'ee fi abbootii aksiyoonaa sadii fi waamamaan miistar Alchaadii Deelgaawidiyoo, Manni Murtii Waliigala Feedaraalaa Dhaddachi Ijibbaata, Lakk. G, jildii 13 fuula 420.
- ❖ Iyyattotni Asteer Arayaa fi waamtootni Addee Amsaal Balaay Faa, Mana Murtii Waigala Feedaraalaa Dhaddacha Ijibbaataa, Lakk. G. 39608, gaafa 11/6/2002 kenname.

Seerota

- ▣ Heera mootummaaRippaabiliika Diimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa, labsii lak.1/1987
- ▣ Seera daldala Itoophiyaa, labsii lak 166/1952
- ▣ Seera daldala Itoophiyaa, labsii lak 1243/2021
- ▣ Seera hariiroo Hawasaa Itoophiyaa, haala addaan bahe, labsii lak 165/1952
- ▣ Seera adeemsa falmii hariiroo hawaasaa, tumaa lak 52/1958
- ▣ Seera yakcaa, labsii lak 410/1997
- ▣ Labsiin kenna hayyamaa fi galmeessa daldalaa lakk. 980/2008